# QAACCESSA MEESHAALEE AADAA: FAAYA DHIIROTAA OROMOO KAMISEE AANAA DAWA CAFFAA

BAREECHAA TASFAAYEE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

KOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG BARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNE

# QAACCESSA MEESHAALEE AADAA: FAAYA DHIIROTAA OROMOO KAMISEE AANAA DAWA CAFFAA

BAREECHAA TASFAAYEE

GORSAA: Dr. XILAAHUN TALIILAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN
GAMIISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI
FOOKLOORIIF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,
JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI
FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019
FINFINNEE

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruu guuttachuuf Bareechaa Tasfaayee mata duree: Qaaccessa Meeshaalee Aadaa: Faaya Dhiirota Oromoo Kamisee Aanaa Dawa Caffaa Ilaallatan: Haala Qabatama Godina Saba Oromoo Walloo Aanaa Dawaa caffaa irratti qophaa'e sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e kan guuteedha.

**Koree Qormaataa**

Gorsaa_________________________Mallattoo________ Guyyaa _________

Qoraa Keessaa _________________ Mallattoo________ Guyyaa_________

Qoraa Alaa______________________Mallattoo________ Guyyaa_________

_________________________________

Itti gaafatamaa muummee yookaan walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

**Ibsa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu, kanaan dura yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta'uusaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa________________________________

Mallattoo______________________________

Guyyaa_______________________________

***Axereera***

*Qorannoon kun Mata duree Qaaccessa Meeshaalee Aadaa: Faaya Dhiirotaa Oromoo Kamisee Aanaa Dawaa Caffaa dha.Gaaffileen bu'uraa qorannichaa, immoo Meeshaalee faaya dhiironni itti fayyadamaniifi waantota miidhagina isaanii waliin wal qabatan maal akka ta'e? Meeshaaleen aadaa faaya dhiirotaa qaama kamirratti akka godhatamu ? Kan jedhuufi waantota itti fufinsa meeshaalee faaya dhiirotaarratti danqaa ta'an maal maal fa'aa?. Kan of keessatti qabatee yoo ta'u. Kaayyoon qorannichaa immoo Meeshaalee Aadaa Faaya Dhiironni itti fayyadaman addaan baasuun qaaccessu, Qaama meeshaaleen kun itti faayamaniifi waantota itti fufinsa meeshaalee aadaa faaya dhiirotaatti danqaa ta'an aaddaan baasuun kaa'uudha.Qorannoo kana galmaan ga'uuf, maddi ragaa maanguddoota meeshaalee aadaa:faaya dhiirotaa irratti uffachuunis ta'ee gargaaramuurratti muuxannoo qaban mala iddatteesuu miti carraa ta'ee Akkayyoon filatamaniidha. Odeeffannoon qorannichaaf oolan immoo meeshaalee fuunaansa odeeffannoo keessaa Daawwannaa, Af-gaaffiifi Mariigareen walitti qabuun danda'ameera. Ragaaleen kallattii garaagaraa irraa meeshaalee meeshaalee funaansa odeeffannoo armaan oliitti heeramaniin walitti qabaman kunneen mala akkamtaa fayyadamuun boqonnaa afur jalatti qaacceffamaniiru. Ragaalee qaacceffaman kanarraa argannoowwan argaman meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa yeroofi bakki tajaajila isaa irraanfatamuufi meeshaalee ammaayaa gabaadhaa bitamu waliin walmakuun argameera. Akkasumas Meeshaaleen Aadaa Faaya Dhiirotaa bakkeewwaan lolaatti kan uummatichi itti gargaaramaa ture kanneen iddoo biraatti baratamaa hin taane kan argameedha.Yaboon qorannichaa immoo Meeshaalee Aadaa Faaya Dhiirotaa kan hawaasichaa ta'e yeroo yerootti qorachuufi kunuunsuun dhaloota kallattii qabsiisuun akka itti fayyadaman gochuun gahee waajjira Aadaafi Tuurizimii aanichaa qofa osoo hin taane dammaqina hawaasa hundaa gaafatata.*

**Galata**

Waan hundaa dura jalqabaa hanga xumuraatti gargaasa isaatiin bu'aa ba'ii hedduu keessa na dabarsee ifaajii koo galmaan na geessise waaqayyoo uumaa koo guddaan galateeffadha.

Itti aansuun gorsaakoo Dr.Xilaahuun Taliilaa nuffii tokko malee jalqabaa hanga milkaa’ina qorannoo kanaatti osoo hojiin natti baay’ateera jedhanii hin mufatiin; mata duree irraa eegalee hanga dhumaatti sakkatta’uun gorsa ogummaasaanii osoo hin qusatiin na gorsan yoomiyyuu kan dagatamuu miti waan ta’eef umurii dheeraan hawwaafi.

Akkasumas yeroofi humna isaanii osoo hin waakkatiin odeeffannoo naaf kennuufi haala naaf mijeessaa kan turan; Hojjattoota Biiroo Aadaafi Turizimii Aanaa Dawaa caffaafi Kanneen Godinaa keessaa dalagan odeeffannoo qorannoo kanaatiif na barbaachisu hundaa naaf kennaaniif na cinaa dhaabachuun na gargaaran galatoomaan jedha. Obboo Liiban Kumaasaa, Obboo Kumaa Araarsaa, Artistii Shittuu Birrii, Artistii Umar Tinaamuu caalatti warreen milkaa’ina qorannoo kanaatiif tumsa barbaachisaa waan godhaniif galata guddaa qabu.

Hojii qoraannoo kana irratti odeeffannoos ta’e yaadaafi maallaqaan akkasumas hojii barreessutiin nagargaaruun kan na bira dhaabbattee yeroo hunda najajjabeessaa turte haadha manaa koo aadde Meetii H/Mikaa’eeliif galanni koo guddaadha.Dhumarratti maatiikoo akkan sadarkaa kanarra ga’u na barsiisanii bu’ura naaf ta’an akka Abbaatti; Abbaakoo Obboo Daksiisaa Amalaa, Harmee koo Itaalammaa Jabanaafi Obbooloota koo hundaa yaadaafi qalbiidhaan na cinaa dhaabbachuun na jajjabeessaa turan hundaaf galanni koo guddaadha.

**Hiika Jechootaa**

Jechoonnifi gaaleewwan armaan gadiitti argaman kun qorannoo kana keessatti kan argaman waan ta'eef hubannaaf akka gufuu hin taanef adda bahanii hiikamaniiru.

| | |
|---|---|
| Burqumsa | Gosa nyaata aadaa ta'e, garbuurraa kan qophaa'uudha. |
| Dimmisoo | Nyaata aadaa kan saliixiirra qophaa'uudha. |
| Gaarayyuu | Hiriya dhiiraa/dubaraa |
| Qootii | Ulee qal'oo bareedduu |
| Qulfoo | Sirna raawwii cidhaa |
| Reebduu | Alangee |
| Lafjalee | Osoo cidhii hin ga'iin mana warra dhiiraafi dhalaatti kan sirbamu |
| Naashidaa | Faarsaa amantaa |
| Kormaan gafoo | Sirba gootummaa |
| Musba'aa | Callee |
| Jaanawee | Hoogganaa qulfoo |
| Orma | Oromoo |
| Nadhoo | Dubartoota hunda dabalata |
| Duniyaa | Horii (beelladoota), Qabeenya |
| Gallaba | Galgala |
| Taratii | Sirba iddoo lafjaleetti waliif baasan |
| Dargoo | Dhiira/Dargaggeessa/ |
| Mirmira | Ji'a |
| Dhibana | Rakkoo |

**Gabaajee**

| | |
|---|---|
| W/A/T/A/D/C | Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Dawaa Caaffaa |
| G/A/S/O/K | Godina Addaa Saba Oromoo Kamisee |
| YKN | Yookaan |

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereera ........ I
Galata ........ II
Hiika Jechootaa ........ III
Gabaajee ........ IV
Baafata ........ V
Baafata Suuraa ........ VIII
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1. Seenduuba Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa ........ 6
1.3. Gaaffilee Qorannichaa ........ 7
1.4. Kaayyoo qoranniichaa ........ 7
1.4.1. Kaayyoo Gooroo ........ 7
1.4.2. Kaayyoo Gooree ........ 7
1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 7
1.6. Daangaa Qorannichaa ........ 8
1.7. Hanqina Qorannichaa ........ 8
1.8. Argamafi Hidda Latinsa Hawaasa Naannoo Qorannichaa ........ 9
1.8.1. Aadaa Uummata Naannoo Qorannichaa ........ 11
1.8.2. Sirna Fuudhaafi Heeruma Uummata Naannoo Qorannichaa ........ 13
1.8.2.1. Adeemsa Kaadhimmatanii Fuudhuu ........ 13
1.8.2.2.1. Seera Qeensa Qoraa (Muraa) ........ 14
1.8.2.2.2. Sirna Qulfoo ........ 15
1.8.2.3. Nyaata Aadaa ........ 16
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........ 18
2.1. Yaad-Rimee Fookiloorii ........ 18
2.1.1. Gosoota Fookiloorii ........ 19
2.1.1.1. Afoola ........ 19
2.1.1.2. Barsiifata Hawaasaa ( Social Folk) ........ 20
2.1.1.3. Aartii Hawaasaa (Folk Art) ........ 21
2.1.1.4. Meeshaalee Aadaa (Material Culture) ........ 22

2.1.1.4.1. Meeshaalee Aadaa Kan muuziqaa ........ 24
2.1.1.4.2. Hojiiwwan Harkaa (Folk Craft) ........ 24
2.1.1.4.3. Oguma Aadaa (Folk Art) ........ 25
2.1.1.4.4. Ijaarsa Aadaa ........ 25
2.1.1.4.5. Uffannaa Aadaa (Folk Dress) ........ 26
2.1.1.4.5.1. Faayamaafi Halluu Uffata Aadaa ........ 26
2.1.1.4.6. Meeshaalee Ulfoo Kan Dhiirotaa ........ 27
2.1.1.4.7. Akaakuu Meeshaalee Faaya Aadaa Kan Dhiirotaa ........ 29
2.1.1.4.7.1. Meeshaalee Faaya Aadaa Kan Mataa ........ 29
2.1.1.4.7.2. Meeshaalee Aadaa Faaya Mormaatti Godhataman ........ 30
2.2. Yaaxxina Fookiloorii ........ 31
2.2.1. Yaaxxina Faayidaawaa (functional theory) ........ 31
2.3. Sakkatta’a Barruu Walfakkii ........ 32
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ........ 34
3.1.Mala Filannoo Iddattoo Qorannichaa ........ 35
3.2. TooftaaleeFunaansa Odeeffannoo ........ 35
3.2.1. Daawwannaa Dirree ........ 36
3.2.2. Afgaaffii ........ 36
3.2.3. Marii Garee ........ 37
3.2.4. Naamusa Dirree ........ 37
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAA ........ 38
4.1. Itti fayyadama Meeshaalee Faaya Aadaa Dhiirota ........ 38
4.1.1. Yoomessa itti fayyadamina Meeshaalee Faaya Aadaa Dhiirotaa ........ 39
4.1.1.1. Bakka Lafjaleetti ........ 39
4.1.1.2. Gaarayyuu Bira Yeroo Deeman ........ 40
4.1.1.2.1. Kennaa Gaarayyuu ........ 41
4.1.1.3. Yeroo Awwaaniyyoon Taphatamu ........ 41
4.1.1.4. Gaafa Guyyaa Gabaa Bahan ........ 42
4.2. Tolfannaa Rifeensaafi Dibata Isaa ........ 44
4.2.1. Haala Tolfannaa Rifeensaa Warra Dhiirotaa ........ 44
4.2.1.1.Gunfura ........ 44
4.2.1.2. Gonfee ........ 46

4.2.1.3. Gaammee ... 46
4.2.2 Dibatafi Urgaa Rifeensa Dhiirotaaf kan Oolan ... 47
4.2.2.1. Dhadhaa ... 47
4.2.2.2. Adasii/ Dhunguugii/ ... 48
4.2.2.3. Xoosanyii ... 48
4.2.2.4. Qaxanaayyuufi Alaashummee:- ... 48
4.3. Ogummaa Meeshaalee Faayaa ... 49
4.3.1 Warra Ogeessaa Faaya Aadaa Hojjetan ... 49
4.4 Gosoota Faayaafi Qaama Isaan Irratti Godhatan ... 50
4.4.1 Faaya Mataa Dhiironni Ittiin Faayaman ... 50
4.4.2 Faaya Mormaatti Dhiironni Naqatan ... 52
4.4.3 Meeshaalee Faaya Aadaa Dhiironni Mudhiitti Godhatan ... 55
4.4.3.1 Gojoba ... 56
4.4.3.1.1. Faaya Qaama Gojobaarratti Argaman ... 56
4.4.3.1.2 Faayidaa Gojobaa ... 57
4.5 Haala Miidhagina Sifa Uffannaafi Faayoomsuu Uffataa Dhiirotaa ... 59
4.5.1 Gosoota Uffata Aadaafi Kophee Aadaa ... 59
4.6. Rigaa Ilkaanii ... 64
4.7. Wantoota Itti Fufinsa Meeshaalee Aadaa Faaya Dhiirotaaf Gufuu Ta'an ... 65
BOQONNAA SHAN: YAADA CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ... 67
5.1 Cuunfaa ... 67
5.2 Argannoo ... 69
5.3 Yaboo ... 70
WABII ... 71
DABALEE 'A'
DABALEE B
DABALEE C
DABALEE D
DABALEE E

**Baafata Suuraa**

Suura 1: Kaartaa Naannoo Amaaraa keessatti kaartaa Godina Saba Oromoo............................ 11
Suura 2 Mana qulfookan qorataan waajjira AT aanaa D/caffaatti caamsaa 24/2011 kaase ........ 16
Suura 3 Meeshaa muuziqaa ulullee kan caamsaa 24/2011 Waajjira Aadaaf Turizimii Aanaa Dawaa caffaatti qorataan kaase.......................................................................................... 24
Suura 4: Yeroo Dargaggeessi Gunfura filatee jiru (kan qorataan Gabaa Kamiseetti caamsaa 24/2011( 4:11) kaase.) .......................................................................................................... 46
Suura 5: Mucaa Gaammee tolchatee jiru kan Qorataan caamsaa 22, 2011 kaase. ...................... 47
Suura 6 Faaqqeefi kuula isaa waliin kan Qorataan Waxabajjii 25, 2011 Kamiseetti kaase. ....... 51
Suura 7 Yeroo hintee hidhatee jiru kan caamsa 12, 2011 Kamisee iddoo Galma Abbaa Gadaatti Qoratan kaase.............................................................................................................. 52
Suura 8 Baarudii kan qorataan Caamsaa 12, 2011 qorataan kaase............................................ 53
Suura 9 Yeroo Dargaggeessi Garfooyyee godhate (kan qorataan Gabaa Kamiseetti caamsaa 24, 2011(4:11) kaase.)......................................................................................................... 54
Suura 10. kitaabboo kan qorataan Caamsa 9, 2011 (3.48) kaase................................................ 55
Suura 11 Gojoba kan qorataan caamsaa 12, 2011kaase ............................................................ 58
Suura 12 Hirma kan Qorataan caamsaa 12/2011 kaase............................................................. 58
Suura 13.Yeroo Dargaggoonni uffatafi meeshaalee aadaan faayamanii, kamisee naannoo Galma Abbaa Gadaatti Qorataan (caamsaa 8, 2011) suura kaase. ....................................................... 61
Suura 14. Kophee mukaraa bocame kan qorataan caamsaa 8, 2011 WATAD/Caffaatii kaase... 63
Suura 15. Kopheexumurroo kan qorataan caamsaa 8, 2011 WATAD/Caffaatii kaase. .............. 63
Suura 16. Rigaa Adee kan qorataan caamsaa 7, 2011 Gabaa Kamiseetii kaase.......................... 64

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduuba Qorannichaa

Sabni Oromoo jiruuf jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti duudhaaf eenyummaa isaa, dhalootaaf akka itti fufa godhatuuf, afoolaan dabarsa afoolumasaatiin barsiisa kanaaf afoolli dhuunfaa namoota muraasaa osoo hin taanee walii gala kan hawaasichaati. Yaaduma kana Ilaalchisee Asafaa (2006:12) yoo ibsu ‘Afoolli ammoo qabeenya walii galaati malee qabeenya dhuunfaa miti’ jedha

Yaadni barreessaa kanaa irraa akka hubachuun danda’amutti afoolli qabeenya namadhuunfaa osoo hin taane namni dhuunfaan akka qabeenya isaatti kan waliin kunnunfatuufi uummanni kan waliin qabu kan itti fayyaddamuu, Gargaaramuufi Barachuu kan danda’u qabeenya hawaasaati jechuu agarsiisa. Dabalataan kan mul’atu Uummatni qabatamaan jiraatu kun kan waliin argate taa’uusaa calaqqisiisa.

Uummanni Oromoo akkuma afoola saatiin eenyummaa isaa tiksaa ture, aadaa duudhaa, safuu isaas afooluma isaaniitiin tikfachaa turuun isaa beekamaadha.As keessatti dhugeeffannoo mataa isaafi falaasama isaa calaqqqisiisan baay’ee yoo ta’an isaan keessaa ammo aadaan bakka guddaa qaba.Yaaduma kana ilaalchisuun Leellisaan (2015; 233) aadaa yoo ibsu “Tokkummaan saba tokkoo kan jabaatuufi kan eegamu yoo waanti isa walitti qabu jiraate aadaa isaati”jedha.

Akkuma yaadni armaan olii ibsutti aadaan mallattoo eenyummaa madda qaroominaafi walitti dhufeenya tokkummaa saba tokkoo caalatti kan cimsuufi ibsu ta’ee hawaasni aadaan kan addaan hin baane ta’uu isaati. Aadaan sochii jiruufi jireenya uummatichaa keessatti calaqqisuufi leetoo keessa darbu kan walitti isa qabu aadaasaa ta’uutu hubatama. Itti dabaluun Fileen (2016:3) aadaa yoo ibsu “Namoonni jiruufi jireenya isaanii ittiin gaggeeffachuudhaaf mala ittin walii galan, tooftaa jireenya adda addaa itti fayyadaman uummachuun isaanii hin oolle” jedha.

Kana jechuun, malleen walii galtee (afaaniif mallattoolee) tooftaaleen waliin jireenyaafi meeshaaleen malleen kana itti fayyadaman kan hawaasa waliin jiraatan sanaa akka ta’ee hubachuun ni danda’ama jedhuudha.yaada kana irraa kan hubatamu bu’aalee beekumsa dhala namaa kanneen ta’an kunneen bu’aa addaa dhala namaa ta’uusaati. Kanaaf beekumsi bu’aa calaqqisiistuu aadaati jechuudha. Dabalataan aadaan eenyummaa saba tokkoo keessatti kan barbaadaniifi irraa kan dhalootaaf qarqaaban ta’uudha. Akkasumas aadaa waantota addaaddaa

kalaqu yookiin jiruufi jireenya dhala namaa irratti hundaa'uun waantokko kalaquufi omiishuu jechuudha.Yaada kana Baker,C (2004:42) Wabeeffachuun Fileen (2016:4) yoo ibsu "The domain of culture studies can be understood as aninter disciplinary or post- disciplinary field of inquiry that explores the production and inculcation of culture or maps of meaning. Cultural studies can be grasped as a discursive formation; that is a group of ideas, and images and practices, that provide ways of talking about, and conduct associated with, a particular, topic, social activity or institutionsite." Jedha.

Yaadni armaan olii kun akka ibsutti, aadaan waantota addaaddaa kanneen akka: yaada, fakkii, ijoo, sochii hawaasaa, waligaltee, mala jireenyaa, amantii, duudhaaleefi meeshaalee aadaa kan hammatu wiirtuu yookaan dhaabbata waliin jireenyaa akka ta'eedha. Itti dabalee Woodward, I (2007) aadaa yoo ibsu "Culture is the total way of life of a society, therefore, any human activity is culture. That is the way we walk, we talk and we dress are part of our culture" jedha.

Akka yaada waraabbii kanaatti gochoonni hawaasni tokko jireenya isaa gaggeessuuf raawwatu hundi aadaadha.Kana jechuun aadaa akkaataa uffannaa, adeemsa nyaataa, boo'ichaafi hiika hawaasichaa meeshaa aadaa isaaf kennu jechuudha. Isaan kunis haala itti raawwatamaniifi itti fayyadaman, adeemsaafi sochii mataa isaanii qabu. Meeshaaleen adeemsa aadaa hawaasaa jiruufi jireenya adda addaa keessatti itti fayyadamanis garaagartummaa qabachuun hin hafu.Kana jechuun immoo adeemsiifi sochiin hawaasa tokkoo akkasumas hiikni hawaasni meeshaalee aadaa isaaf kennu hiika hawaasa biroo irraa adda ta'uu ni danda'a.

Dabalaatan aadaan sochii jiruufi jireenya saba tokkoo kan ibsuufi meeshaalee sabni sun itti garagaramu irraa jalqabee akkataa sabni sun dalagatu (omiishatu) bilcheeffatu, nyaatu, uffatu, gammadu,gaddu,wal hubatu,waaqeffatu maraa ni ibsa.Gosoonni aadaa saba Oromoo keessa jiranis danuu yoo ta'an isaan keessaa haalli itti fayyadama meeshaalee aadaa isa ijoodha.Innis kan kalaqamuun itti fayyadamamu aadaasabaa bu'uraa godhaachuun,maalummaafi gahee meeshaalee aadaa qaban ibsuuf karaalee keessoofi irra keessa ilaaluu akka gaafatu haayyonni ni ibsu yaaduma kana kan deeggaru Eller,J.(2007:55) meeshaalee aadaa akka armaan gadii kanatti ibsa "Cultural materials are things objects, images, sounds, actions, gestures, utterances and almost any other medium that 'mean' something that have a meaning" jedha.

Akka yaada armaan oliitti kan hubatamu meeshaan aadaa waantota hin mul'anneefi kanneen mul'atan jiruufi jireenya hawaasa tokko keessatti kanneen hiikaafi bakka bu'insa mataa isaanii qaban, hawaasichi miira isaa,eenyummaa isaa, seenaa isaa,falaasama isaa,kan ittin ibsatu akka ta'eedha. Meeshaaleen hawaasa tokkoo muuxannoofi himtee ofiisaatii kan qabu,sammuu hawaasichaa keessaan mul'atan gaddaaf gammachuu,fedhiifi falaasama uummatichaa daran kan mul'isuufi hawaasichi hawaasa biraa irraa kan adda taasisu meeshaaleen aadaa isaa tokko.

Meeshaaleen aadaa eenyummaa saba tokkoo karaa kallattiin ibsuufi calaqqisiisuuf iddoo guddaa qaba. Meeshaaleen aadaa qaroomina yeroo ammaa gama saayinsiin mul'atuu akka galteetti kan gargaaruudha. Hawaasa keessatti hiikni meeshaalee aadaa kunneen xiin-sammuu kan adda baafamu waantoota isaan bakka buufatan sanarratti hundaa'uun hiika argata.Meeshaaleen kunis waantota harkaan hojjataman (folk craft), ogummaa aartii(folk art),Ijaarsa aadaa (folk,architechure),duudhaa hawaasa (folk custom ),meeshaalee mukarraa bocamaniif sibiilarraa bocaman  ta'anii,waan bakka bu'an sana waan agarsiisaniif hawaasichi yaada hojjatu wajiin wal qabsiisuun kan ijaarameedha. Sabni tokko maashaalee faaya aadaa ittin miidhage aadaafi eenyummaa isaa ittin ibsatuhiika kabaja mataa isaa akka qabaachaa tureefi qabachaa jiru caalatti kan agarsiisu ta'uusaati.

Seenaa meeshaaleen aadaa uummaaticha waliin qabuufi hariiroo uummanni meeshaalee aadaa isaa waliin qabu bu'ureeffachuun hidhatinsa hawaasni meeshaa aadaa isaatti hidhatee waliin socho'u caalatti hubachuun nidanda'ama.Kana jechuun meeshaaleen faaya aadaa kun eenyummaa uummatichaa ibsawaan ta'eef aadaan waan hin ibsine kan hin jirre akka hin jirretu hubatama.yaada kanaan walqabatee Harris (2007:100) yoo ibsu "culture taken unit's wide ethnographic sense is that complex whole which in codes knowledge, belief, art morals, law, custom and any other capabilities and habits acquired by man as amember of society"jedha.

Akka yaada waraabbii armaan oliitti aadaa yoo bal'ifnee hubanne waan wal xaxaa qaama hunda kan of keessatti qabatu beekumsa, amantaa, aartii, seera duudaa, safuu, dandeetti waliifi amaloota garagaraa hawaasa keessatti ilma namaatiin fudhatamanii argaman kan of keessaa qabuudha.Akkasumas sabni aadaa isaa keessatti dhimmoota ittiin ofibsu keessaa meeshaalee faayaa isa tokko. Meeshaan faayaakun miidhagina hawaasichi qabu,caalatti ittiin miidhagee mul'achuuf kan bocatee dhimma itti bahu yoo ta'u adeemsa boca kanaa keessa dandeettiifi ogummaa, beekumsafi qaroomina isaa irratti dhisee darba kun immoo bu'uura qorannoo

keessatti malummaa fi beekumsi sabichi keessa ture beekuu fi hubachuuf kan dandessisu keessa meeshaaleen aadaa iddoo olaanaa qaba.

Sabni Oromoo aadaa ittiin beekkamu keessaa meeshaaleen aadaa faaya dhiroota durii kaasee hanga ammatti itti gargaramaa turefi itti dhimma baha jiru yoo ta'u meeshaan faayaa dhiroota Oromoo hiika eenyummaafi mallattoo dhiirummaa kan mul'isu yoo ta'u sabni Oromoo meeshaalee aadaa kan dhugeeffaannoo isaa keessatti haala garaagaraafi yoomeessa adda adda keessatti dhimma itti ba'a.Yaaduma kana ilaalchisee Dirribii (2012:107) yoo ibsu 'Ulfaan meeshaa adda addaa waqeffataan yeroo waaqa kadhatuufi ayyaneffatu ittiin waaqa kadhatuufi ittiin jifaarratuudha'jedha.

Akka yaada armaan oliitti jiruufi jireenya uummata Oromoo keessatti akkaataa uummanni waaqasatti (uumaasaatti dhiyeeffatuufi kadhatu meeshaalee aadaa ta'an akkasumaas waanta ulfoo ta'an qabatee kan dhiyaatu ta'uusaati.Kunis uummanni keenya durii eegaalee meeshaalee aadaa keessatti ittiin faayamee eenyummaasaa,duudhaafi aadaa isaa ittiin calaqqisisaa tureera har'as calaqqisiisaa jira.Haa ta'u malee biyya keenya keessatti yeroo dheeraaf dalagaa kan ture sirnibittoota mootota darbanii; darbaa dabarsaa aadaa saba tokkoo qofa olkaasuun seenaa, aadaa, afaan, hambaafi duudhaa isaanii saba biraatti maxxansuun kan saanii lellisuun kan saba biro immoo akka inni salphatu yookiin kabaja dhabu godhuun hacuucaafi mancaasaa turan. Duula eenyummaa isaa ballessuuf dhiibbaa waggoota dheeraa osoo wal irraa hincitiin tureefi rakkoolee qaama siyaasa, amantiin, dinagdee ammayummaa wajjiin waliin wal qabateen aadaa Oromoo hedduun dagatamaafi quucaraa dhufeera.Irraffatamaa dhufa aadaa Oromoo irra ture kana hambisuuf qabsoo uummanni Oromoo halkaniif guyyaa osuma dhiibamuufi hidhamuu Oromoon Oromummaa isaatiif taasisaa turaniru.yaada kana ilalchisee Asafaa(2007:12) Haala armaan gadiitiin ibsa

> *Oromummaa enables Oromos to retrieve their cultural memories, asses the consequences of Ethiopian colonialism,give voice to their collective grivanssces, mobilize diverse cultural resources,inter link Oromo personal, inter personal and collective (national) relationships,and assists in the development of Oromocentric political strategies and tactics that mobilize the nation for collective action empowering the people for liberation.*

Yaadni barruu kanaa akka ibsutti Uummanni Oromoo aadaa barootaa dheeraafi itti fayyadamaa ture irratti yeroo dheeraaf aadaa saba habashaa,aadaa saba Oromoo mancaasuufi duula

eenyummaa isaa balleessu yeroo baay'ee isarratti hoofamaa ture, akkasuumas aadaa,seera afaaniifi amantii isaa mancaasuun jarraa tokko ol tattaffii yoo tasisaan iyyuu,jabina uummata keenyaatiin hanga tokko manca'ina irraa hafuu danda'eera.Kunis cimina ummanni Walloo dur dachee bal'aa qabatee ture yeroo gulaanaa kanaa aadaan isaa isa dambobaan kun kan biroon walmakee dachirra qubatee ture maqaa lafa qofaarratti hafefakkata.Lafa Walloo keessaa moggasa maqaa Afaan Oromoo qabatanii eenyummaa Oromootiin hafan. Akkafakkeenyatti Warra Baabboo hanga ammaatti sirriitti Afaan Oromoo dubbachaa kan jiran yoo ta'u WarraQalluu, Dasee, Kombolchaa, Marsaa, Harbuu, WarraIluu, Lagaaamboo, Waldiyaa, Walgeettii (walqaayitii), Boorana, Urgeessaa, Incinnii, ShawaaRoobii, Haxaa'ee, Warra Heebanoo fi k,k hedduun jiru. Isaan kun maqaa isaanii durii Oromoon itti uwwise qabatanii hanga ammatti ittiin owwaataa jiru.

Uummanni Oromoo Walloo dhiibbaafi cunqursaa gita bittoota mootota darbaniin kallattii adda addaan qolachaa daangaa isaa kabachisiifatee yoona ga'ee jira. Yaaduma kana ilaachisee Alamayyoon (2008:102) yoo ibsu. "Oromoo walloo lafa jiddu gala Itiyoopiyaa kaabaan, biyya Tigraayiifi Agawuun yeroo daangeffamu, gara Bahaan immoo Affaariin, Kibbaan Karrayyuufi Tuulamaan, gara lixaan immoo Oromoo Booranaan daangeffama " jedha.

Akka yaada barruu kanaatti Oromoon Walloo haala teessuma lafaatiin bal'aa ta'uusaa akkasumas qubsuma inni qabatee jiruufi daangaa isaa kan eeggatee dhaloota isaatti dabarsaa yoona ga'e gosa Oromoo keessaa tokko ta'uusaati.

Dabalataan Dirribiin (2009:422) Bara Gadaa mul'ataa (1587-1594) keessatti duula eenyummaa sabni Oromoo taasise lafa Walloo itti qabate yoo ibsu

> *Bara Gadaa mul'ataa Walloon hedduu hin duulle.yeroo lama qofa Gondaritti duulee deebi'ee qubate. Mul'ataa Maccaafi karaa irratti gaadee ajjeesuu jalqabe. Gara gidduufi saqa dhiphoo ta'aan giddutti eegee.Amaara ajjeese. Faacha(mirga murachuu) jalqabe. Bakka farda isaaf mijatu Goojjamiifi Goondar keessa gulufee qabatee, bashaa'ee achi taa'e . Amaarri dadhaabnaan araarfachuu jalqabe.Suuta suuta walitti makamuun calqaban.walitti makamuu kanatu akka Oromoom Gondarii fi Gojjam jiru Afaan Oromoo irraanfatee Afaan Amaaraa dubbatu taasise.*

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun akka danda'amutti Walloo Oromoo keessa saba badii gita habashootaa jalaa miliqan keessaa Walloo Oromoon Kamisee isa tokko.Sabni kun aadaa mataa isaa danda'e kan qabu yoo ta'u; kana keessaa meeshaaleen faaya dhiirotaa eenyummaa isaanii ittiin ibsachuufi uumamaan miidhagina isaanii eegachuuf haala,garagaraatiin dhimma itti

bahu.Dhiironni Oromoo Kamisee miidhagina qaama isaanii eeguuf,waantoota akka dibataa, ulee, addaa addaa, keessattuu kanneen akka faaya aadaa akkasumaas musba'aa(callee) gosa garaa garaa kan kawwaatanii miidhagina isaanii karaalee meeshaalee faaya aadaa kanaatti of miidhagsanii yoomessa addaaddaa keessatti mul'atu,kanas haala garaa garaan faayamanii sifa bareedina isaanii tiksu.

**1.2. Ka'umsa Qorannichaa**

Uummanni Oromoo aadaa mataa isaa qaba. Aadaa isaa kana keessaa tokko meeshaa aadaa faayaa dhiirotaati. Kun miidhagina, eenyumma, aadaafii dhugeeffannaa isaanii ittin calaqqisiisuuf meeshaan aadaa faayaa kun shoora olaanaa qaba. Meeshaaleen faaya aadaa dabalataan ergaafi hiika mataa isaanii qabaachuun kan mul'atan yoo ta'u sadarkaa umuriitiinis kan adda bahee mul'atuudha. Kanaaf meeshaaleen aadaa meeshaalee ulfoo ta'uurra darbee safuufi duudhaa hawaasichaa kan tiksuudha akkasumas beeksisuuf mallattoo ta'ee gargaara.Meeshaaleen aadaa meeshaalee faaya qofa osoo hin taane akkaataa saala agarsisaniinis beekamtii qabu.

Qorannoo kanaaf qorataan akka ka'umsaatti kan fuulleffatee ka'e keessaa Qorataan qorannoo isaa kallattii kanaan gaggeesse waa'ee meeshaalee faaya aadaa kanaa baruuf kan kakaaseefi fedhii olaanaa qabaachuusaati. Dabalatan Godinuma kana keessatti kan mul'achaa jiruufi toora miidiiyaalee hawaasaafi Televiijiinii irratti kanneen uffata naannoo kana yeroo uffatanii argaman ilaalaafi argaan ture kanaaf uffachuun sirrii yoo ta'eyyuu haalli itti gargaaraman yookan uffatan ilaalchisee darbee darbee dogoggoraa ta'uusaa waan qoratichi hubateef qorannoosaa kana gaggeessuuf kallattii kanaan hojjatameera

Akkasumas meeshaalee faaya aadaa dhiirotaa kunneen yeroo amma kana gosonni isaa kamkam akka ta'aan,malitti akka fakkeeffamaan hiika maalii akka qaban,maal akka bakka bu'u, sadarkaa kamitti akka gargaramaan,qaama irratti godhatamu(kaa'amu)fi itti fayyadaminasaa adda baasee ilaaluuf qoratichi beekuuf kan hojjate ta'uusaati.

Godina saba Oromoo Kamisee kanatti sababa babal'achuu meeshaa faaya amayyaatiin wal qabatee, aadaa kunnin dhabamaafi xiqachaa jirachuu meeshaa aadaa faaya dhiirotaatiin walqabateef akka ka'umsatti qoratichi qabatee qoratee jira.

### 1.3. Gaaffilee Qorannichaa

Gaaffilee qorataan kun deebii argachuu qabu jechuun murtesse kanneen armaan gadiiti. Isaanis: -

1. Meeshaalee faaya aadaa dhiironni itti fayyadamaniifi waantotni midhagina isaanii wajjin wal qabataan maal maal fa'i?
2. Meeshaaleen aadaa faaya dhiirotaa qaama namaa bakka kamirratti godhatamu?
3. Meeshaaleen aadaa faaya dhiirotaa maal maal irraa hojjatama?
4. Meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa sadarkaa umurii kamiin, yoomessafi faayidaa maaliif dhimma itti bahaama?
5. Haala itti fufinsa meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa Kan danqaaa ta'aan maal fa'a?

### 1.4. Kaayyoo qoranniichaa

#### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon Gooroo Qorannoo kanaa Meeshaalee Aadaa Faaya Dhiirota Oromoo Kamisee Aanaa Dawaa Caffaa Qaaccessuun ibsuudha.

#### 1.4.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon Gooree qorannoo kanaaf dhiyaate, Shan yoo ta'aan isaanis kan armaan gadiiti.

- Meeshaalee aadaa faaya dhiironni ittifayyadaman addaan baasuu qaaccessuu.
- Meeshaaleen aadaa faaya dhiirotaa qaama kami irratti akka godhatamu addaan baasuu.
- Meeshaaleen faaya dhiirotaa maalirraa akka hojjatamu adda baasuu.
- Meeshaalee aadaa faayaa sadarkaa umurii kamitti akka dhimma itti bahamu addaan baasuun qaaccessuu
- Meeshaalee aadaa faaya dhiirotaaf waantota ittifufinsa isaatiif danqaa ta'an adda baasuun kaa'uu.

### 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffame kun meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa irratti. Dhimmootni qorannoo kana keessatti ka'uuf yaadame kallatti dandaa'ame hundaan kan dhiyaateedha. Waantotni meeshaalee aadaa faaya dhiirotaan walqabatanii argaman hawaasichaaf galtee inni kennu agarsisuu danda'a jedhamee yaadama. Qorannoon kun gaafa guutuummaansaa dhiyaate Aanichaafi Godina saba Oromoof akka madda ragaatti kan gargaruudha. Itti dabaluunis hubannoo meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa irratti namoonni qaban caalmatti akka cimuufi itti faayyadamina isaa saffisisuun jireenya guyyaa keessatti akka itti fayyadaman taasisa.

Dhumarratti naamoonni itti fayyadamina meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa hin beekneefi warren jaalatanii akkaataa itti fayyadamina isaa adda baasanii hin beekne ittifayyadamuuf yaalan qaama irratti hidhatan, akkasumas kallatti itti hidhatan adda baasanii hin beekne baarsisuufis qorannichi gahee qaba. Dabalataan namoota karaa kanaan qorannoo gochuu barbaadaniif akka ka'umsaatti ni gargaara.

### 1.6. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo kanaa kan qorataan daangesse mataadureen yoo ta'u Qaaccessa Meeshaalee Aadaa: Faaya dhiirotaarratti kan xiyyeeffateedha. Gaaffilee qorannichaa jalatti kanneen tarreeffaman meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa waliin wal qabatan, yoo ta'u; dabalataan Meeshaaleen Aadaa Faaya Dhiirotaa maal maalirraa akka hojjatamu? Sadarkaa umurii itti fayyadama meeshaalee aadaa faaya dhiirotaafi itti fufinsa meeshaalee aadaa faaya dhiirotaatti gufuu ta'an adda baasuu kan jedhurratti daanga'ee jira. Dabalataan qorataan kun qorannoosaa kan daangesse keessaa inni biraan bakka qorannichi itti gaggeeffamuudha. Kunis Naannoo Amaaraa Godina Saba Oromoo Kamisee Aanaa Dawaacaffaatti kan dangeffameedha.

### 1.7. Hanqina Qorannichaa


Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu bu'aa ba'ii addaaddaa keessa darbuufi waantotni garaagaraa nama mudachuu akka danda'anis nishakkama. Qoratichi qorannoo kana yeroo gaggeessu waantotni akka hanqinaatti mudadatan keessaa tokko rakkooleen kitaaba wabii akka jiran qorannoon kallattii kanaan hojjatame bal'inaan dhabamuu akkasumas haala siyaasa biyyittii keessattuu godina qorannoon kun itti adeemsifamee jiru kun rakkina cimaa keessa waan turteef qoratichi odeeffannoo barbaadu sana argachuuf rakkina ta'uusaafi qaamni odeeffannoo kennus of shakkuu kan mul'ate ta'uusaati. Dabalataanis hanqinni baajataas kan qoraticha mudateedha, sababni isaas aanichi bal'aafi gandoota baay'ee waan ta'eef hojii waliin wal danqeera. Dhimmoota odeeffannoo argachuu keessatti Meeshaalee Aadaa Faaya Dhiirotaa kana ilaalchisee hubannoo gad fagoo argachuuf hubannoo isaanirratti qaban qoratichaaf kennuuf fedha dhabuun kan jirudha. Haata'u malee qoratichi hanqinoota armaan olii karooraafi obsaan keessa darbuun odeeffannoon funaanameera.

**1.8. Argamafi Hidda Latinsa Hawaasa Naannoo Qorannichaa**

Qorannoon kun kan inni adeemsifame Naannoo Amaaraa Godina Saba Oromoo Kamisee Aanaa Dawaa caffaati.Aanaan kun haala quubsuma isaatiin Aanichi Aanota Godina Saba Oromoo kamisee torban qabdu keessaa isa tokko yoo ta'u. Aanaan kun Uummattoota aanichi qabu keessaa dhibeentan 97.5% uummata Oromoo yoo ta'an Afaan hojii godinichaafi walii galteen olaanaan ittiin gaggeeffamu akkasumas Afaan daldalaafi mana barnootaa dabalataan dhimmoota hawaasaa hedduun ittin dhimma bahan Afaan isaanii Afaan Oromooti. Akkasumas uummatni Amaaraafi Argobaa kanneen biroo dhibeentaa 2.5% aanicha keessa kan jiraataniidha. Saboonni Oromoo hin taane kunis kan dhimma itti bahan Afaan Amaaraati. Aanaan Dawaa caffaa bulchiinsa magaalaatokkoofi gandoota baadiyyaa 26 kan qabu yoo ta'u. Aanaan kun kaabaan Aanaa Warra qaalluu, kibbaan Aanaa Arxummaa Fursii, Bahaan Aanaa Dawwee Harawaa, Dhihaan Aanaa makkooyiin daangeffamee argama. (Madda W/A/T/A/D/C) irraa kan argameedha.

Godinni Kamisee Naannoo Amaaraa keessatti Aanaaleewwan shaniifi bulchiinsa magaalaa lama of keessaa qabdi.Maqaaleen aanaa kanaas Aanaa Dawaa Caffaa Aanaa Jiillee Dhummuugaa, Aanaa Arxummaa Fursii, Aanaa Dawwee Haarawaa, Aanaa Baatee, bulchiinsa magaalaa kamiseefi bulchiinsa magaalaa Baatiiti. Moggasni maqaa aanaaleewwan kanaa callisee kan moggaafame osoo hin taane seenaa mataa isaanii danda'e kan ofkeessatti qabate ta'uusaati. Akka Seenaan ibsutti quubsumnifi maalummaan isaa haayyota garaa garaatiin akka ibsamuuf yaalameetti gosti Walloo yeroo ammaa Naannoo Amaaraa kana keessatti argamu gosaan bal'aa kan ta'eefi moggaasni Wallo jedhamee waamamu dur Waloo jedhamee akka waamamaa ture maanguddoonni warra qaalluu dhugaa ba'u. Oromoon Walloo qabiyyee gosoota torban Wallooti. Maqaa gosoota torbanii kanaan kan moggafamee waamamuudha.


Hidda dhaloota Oromoo Walloorratti ragaaleen adda addaa kan jiru yoo ta'u manguddoonni Walloo kun eebbaafi dhaadannoo isaaniirratti walloo mana torba akka ta'e mirkaneessu. Yaaduma kana ilaalchisee Alamayyoofi kaawwan (1998:270-271) wabeeffachuun yoo ibsu akka armaan gadii kanatti caatoon agarsiisa.




*Caatoo 1.Hidda Latinsa Oromoo Walloo*

Caatoon armaan olii kanarraa kan hubatamu hiddi uummataOromooWalloohidda latinsa isaa kan agarsiisu adeemsa caatoo kanaa kan horduufi kallattii ittiin egeree isaa dhaloota dhaalchisu dhuftee eenyummaa isaati. Uummanni Aanaa Dawaacaffaa akkuma Aanota Saba Oromoo Kamisee kamittuu Meeshaalee faaya aadaa isaatiinis kan beekamu yoo ta'u kun immoo madda eenyummaa isaa calaqqisiisu ta'ee kan namatti mul'atuudha.

AanaanDawaa caffaa Aanaa Godinni Kamisee Aanaalee torban godina saba Oromoo Wallootti argaman keessaa tokkodha.Fageenyii magaalaa Finfinneerraa qabdu gara bahaattiikm 325, yoo ta'u, magaalaa gudditti Godina Saba Oromoo Wallookan taate Aanaa Kamisee Of keessatti hammattee argamti.




Suura 1: Kaartaa Naannoo Amaaraa keessatti kaartaa Godina Addaa Saba Oromoo

Madda:www.ethiodemographyandhealth.org

### 1.8.1. Aadaa Uummata Naannoo Qorannichaa

Uummanni Oromoo Godina Kamisee akkuma Uummata Oromoo Oromiyaa keessatti argamanii uummata eenyummaafi aadaa isaa kunuunfatee dhalootaf kunuunsee tursiisaa ture. Uummanni Aanaa Dawaa Caffaas aadaa boonsaafi gammachiisa ta’e kana qabatee kan jiruudha. Aadaan uummata Oromoo kamisee biratti baay’ee beekamaafi jaallatama ta’ee kan hawaasichi hanga ammaatti dhimma itti bahaamaa jiru ta’uusaati. Aadaan godinni kun qabduu keessaa muraasa akka armaan gadiitti qoratichi dhiyeesseera.

**Seera Hamilee:** Uummanni Oromoo Walloo sirna jiruuf jireenya isaa keessatti aadaa fi seera aadaa hedduu tumee kan dhaloota isaa ittiin to'aatuufi ittiin barsiisuu seera aadaa hedduu kan qabuudha. Isaan keessaa tokko seera hamileeti. Seera hamilee jechuun akka Oromoo Wallootti dhiirri yookiin shaamarran tokko walitti dhufeenyi dargaggoofi shaammarran tokko waliin qaban jidduutti waliin gammadanii akka jiraataniifi seerri hamilee isa tokko. Seerri hamilee kun kan saalli lamaan kun fedhii saalqunnamtiitiin alatti walhammatanii hamileef qofa qomaa ol wal hammachuun kan waliin dabarsaaniidha. Yaaduma kana ilaalchisuun Ammee (2010:125) yoo ibsu "Dardarri tokko dubri takka wajjin taphachuun kan danda'u mudhii oliin isaan lamaanuu uffata baafatanii qoma isaanii lamaaniin walitti irkatanii/hammatanii/ciisuu qofaadha" jedha.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti seerri hamilee kan gochi biraa kan hin barbaachifne ta'uusaafi aadaan karaa hin cabneen kan raawwatuudha. Asirratti dhiirri seera kanaan ala darbee yoo jiraate akka seera abba ormaatti ni gaafatama mucattiin durbaas ni himatti

**Faraasuu/Fara'uu:** Akka aadaa Oromoo Wallootti faraasuu jechuun mala dargaggeessi tokko ittiin dubra tokko ittiin dubbisuu yookiin immoo mala ittiin Arrittii itti gaafatuudha. Faraasuun kaayyoo mataa isaa qaba. Innis Arrittii gafaatee fudhachuudha. Arriittii gafaachuun kun gosa sadiin gaafatama. Isaanis Arrittii hamilee, Arrittii haasawaafi Arrittii baalaati. Arrittiin hamilee urgeeffachuuf jecha kan gaafatamuudha.Namni arrittii hamilee gaafate urgaa arrittii qofa kan barbaadeedha. Arrittiin Hasawaa erga arrittii fudhateen booda waliin hasawuu barbaaduu agarsiisa kanas beellama qabdeefi guyyaa biraa kan waliin hasawuu fedhanitu gaafata. Arrittiin baalaa immoo nama ajjeesaa hin taane yoo ta'eedha kan gaafachuu danda'uudha. Inni amma sa'aatii sagalii qofaatti ta'a.  Kunis gallabni abbaa qaba jedhame beekama.

**Gaarayyuu:** Gaarayyuun aadaa Oromoo Walloo keessatti aadaa kabajamaafi ulfina qabeessa kan ta'eefi dhiirri tokko erga dargaggummaa guutee; isheenis erga dargagummaa guutteen booda kan raawwatamuudha. Kunis umurii kudhaa shanii oliitiin garaayyuun raawwatama. Gaarayyuun durbi hin heerumne tokkoofi dhiirri hin fuune tokko akka jaalalleetti kan waliin jiraataniidha. Gaarayyuu keessatti dargaggoonni kunneen lamaan amma mana dhaabbatanitti amanamummaan waliin jiraatu.

### 1.8.2. Sirna Fuudhaafi Heeruma Uummata Naannoo Qorannichaa

Godina Saba Oromoo kamisee Aanaa Dawaa Caffaa keessatti aadaa hedduu boonsaafi kan namatti tolu keessaa aadaan fuudhaafi heerumaa bal’inaan argamu. Gosti bultii ijaaruu aanaa qorannoon irratti dalagame qabu kun sirna fuudhafi heerumaa hawaasa kana keessaatti beekamaniifi naannoo kanatti bal’inaan adeemsifamuufi akkasumas adeemsa keessa darbu qaba. Gosawwan fuudhaafi heruuma uummata aanaa kana keessatti argaman keessaa:- kaadhimannaa, butii, dhaala, hawwaadiifi k.k.f kanneen ta’aniidha. Kanneen keessa sirna fuudhafi heerumaa kan uummanni aanaa kana yeroo hunda ittin beekamu yookan fayyadamu kaadhimmatanii fuudhu yoo ta’u, kaadhimannaan fedhii maatiin akkasumas fedhii mucaafi intalaa irratti kan hundaa’eedha. Sirna kana keessatti adeemsa walitti dhufeenyaa jaarsoliitiin suuta suutaa kan ijaaramuudha. Maatiin warra lamaanii osoo ijoollee isaanii gaa’ilaaf hin ga’in firooma dabaluu yoo barbaadan kan taasisan ta’uusi dandaa’a. Abdulsaalaam (2004:20) Kaadhimmatanii fuudhuun adeemsa mataa isaa kan qabu yoo ta’u akka adeemsi kun bifa raawwii sirna bultii ijaaruun kallattii addaaddaa kana keessa lufa.

#### 1.8.2.1. Adeemsa Kaadhimmatanii Fuudhuu

Adeemsi Kaadhimmatanii fuudhuu Sirna ittiin bultii ijaaran keessaa isa tokko. Akka aadaa Oromootti walloo kamiseetti  Aanaan  Dawaa Caffaa keessaa sirna kaadhimmatanii fuudhuun kabaja guddaa kan qabuufi sirna filatamaa ta’ee kan tajaajilaa jiruudha. Sirna fuudhaaf heeruma kana keessatti Mucaa fuudhaaf gahee tokkoo durbaa isaaf taatu iddoo gabaattii yookaan bakka qoraan cabsituu, bishaan waraabdu, horii tiksitu akkasumas, iddoo sirnoota addaaddaa keessattuu sirna moolidaafi sirna qulfoo, taphaachisaa, gaarayyuutti. Dabalataan bakka laf jaleetti ilaalachuun kan isaaf taatu yoo murteesse warraa isaatti ‘intalaa warra abbaluu natti fuudhaa’ jedhe gaafata. Sanaan booda warri gurbaas fedhii ilmaa isaan guutuufi jaarsumma ergaachuun yoo maatiin intalaa fedhii itti qabatan wali galu. Jalqabarraatti maatiin gama intaalaafi dhiiraa ergaa walii galanii boodaa yeroo sirnaa cidhaa itti gaggeeffamu murteefama. Akkuma guyyaan cidhaa dhiyaacha dhufeen dargagoota waahilaa gama warraa gurbaatin ta'aan hojii sirna cidhaa milkeessuf barbaachisan hunda hirmaatanii hojjetu.

Guyyaa bultiin ijaaramuuf karoorfamee kaasee qophiin ga'eelaa jalqabeeeegalee Gaachanatu baatama.Gaachana kana kan baatuu ammoo, mucaa fira isaa yookaan mucaa umriin isaa isa fuudhu waliin tokko ta'eedha. Namni umriin isa waliin walgitu tokko ta'u yoo hin jirree ammoo ijoollota umurii dargaguummaf dhihaatan keessa tokko filachuun moosisuun danda'a. Qootiifi

gaachana baachuun immoo hiika kabaja hiriyuummaa akkasumas aantee cimaafi gootummaa Saba Oromoo Walloo ibsuuf waan ta'eef namni Gaachana baatu nama hojirraatti laafee Alangeenreebuun akka hojiitti ciman taasisa. Yeroo sirna cidhaa kana keessa sirnoonni jiran kannen akka Sirna Kenna Kennuu, Sirna Qeensa Qooraafi Sirna Qulfoo yoo ta'an isaan kannen haala armaan gadittiin gaggeefamu.Yeroo sirnoonni kun haala kanaan adeemsifamu meeshaaleen aadaa faaya dhiirotaa akkaataa barbaachisaa ta'een yoomessa kana keessatti dhihaata. Dhiironni waanta aadaan kanaan faayamanii kallattiin gara warra intala misirroo kana bira deemuun kan raawwatuudha.

Adeemsa kaadhimmatanii fuudhuu keessatti sirnoonni garaagaraa Aanaa kana keessatti kan argaman yoo ta'u isaan keessaa:

**1.8.2.2.1. Seera Qeensa Qoraa (Muraa)**

Qeensa Qoraan aadaa Oromoo kamisee keessatti aadaa iddoo guddaa kan qabuufi sirnoota addaa adda keessa darbuun safuu hawaasichaa eegee amma yoonaatti kan itti fufeefi fuuldurattis kan jiraatu ta’uusaati. Seerri qeensa qoraa kun dursa. Firootni kadhimichaa yeroo isaan mana ishii kaadhiimamtee ga'aan sirni Qeensa muraa raawatama. Gara mana ishii kaadhimamtee dhaquudhaan gaggeeffama. Kunis kan isaan irra jiraatu ganama sa'aa tokkoo subiitti. Manni ishii kaadhimamtee fagoo yoo ta'e sirni qeensa qoraa dafe gara barii raawatama. Kan fudhuu sun alangaa quba keessa baafachuun, Eebboo harkaan qabachuun laphee isaati hirkachisuun mana ba'aa. Morma isaa olitti, obboleessa abba isaatiin Gaachanii ni qabatamaaf kanaan booda manaa bahuun warra intala fuudhuu dhaqa. Erga achi ga'anii Itilleen hafamee inni irra taa'a dubartoonni itti naanna'anii eebbisu. Akka milkiin qajeelu hawwuuf jecha.

Sirna Qeensa qoraa kana booda ni eebbisu. Erga eebbisaniin booda bakka inni taa'ee jiru sanatti Qeensa luka isaa Mirgaa irra kaasee isa Bitaas qoru. Akka tasaa ta’ee qeensi isaa duraan qoramaa yoo ta’e haati gurbaa aannaniin tuttuquun irra deebiin qorama kun immoo akka jifuutti ilaalama. Kanaan booda dubartoonni ni sirbu. Sirbi yeroo kana sirbamu 'naashidaa' yoo ta’u; dhiironni immoo Kormaan Gaafoo sirbun aadaa isaanii leellisu. Sirna kana keessatti misirrichi qoratee misirriitti waan haftuu miti; ishiinis akkuma misirrichaa gochaan sun raawwatamaaf ishiin misirrittin kun huccuu adii luka ishee aguugu uffattee; fuulli ishee akka hin mul’annetti maratti. Kanaan booda hiriyoonni isheefi firoonni aantee ta’an asitti itti marsanii faaruu amantaa faarfatu

‘Hohoo Salaam Allah’ jechuun misirrittii kanaaf cidha bareechuuf yeroo Qeensa qoraa kana dargaggoonni keessattuu gaarayyuun ishee afoolan asitti dhaamsa dhaamata.

*Yeroo qeensa qoraa ol jedhii nalaalii,*
*Ati qulfoo teessaa kiyya malli maali?*

Afwalaloo kannarraa kan hubatamu yeroo Qeensa Qoraa misirrittiin akka ol jettee nama hin ilaalle yoo ta’u dargoon gaarayyuu ishee ture amma egaan fuuteetta qulfoo sheenuuf jirta jechuusaatiin abdii murannaafi fala bira akka hin qabne, “ani eessakoon dhaqa” jechuukan agarsiisuudha jedha (Umar Tinaamuu Bitootessa 13/2011).

**1.8.2.2.2. Sirna Qulfoo**

Qulfoon Gadaa dagaagina dhaloota ilma namaa tokko irraa gama isa itti aanutti ykn ijoollummaa irraa gara dargaggummaatti darbuun, kutaa jireenya haaraa kanaaf gala isa barbaachisu itti guduunfatu, muxannoo bulmaataa ittiin gonfatu sadarkaa guddina ilma namaa ittiin jabeeffataniidha. Akkasumas gama misirriittitin yoo ilaallu immoo qulfoon sirna Aadaa jiruuf jireenya hawaasaa ittiin leenjitu akkaataa keessummaan ittiin simatamu kan itti barattu keessumummaan ishii saalfiifi kophummaan osoo itti hin dhaga'amin hawaasa misirrichatti firootaafi hiriyoota isaatiin wal bartu; qabeenya isaanii akka itti qabattu kan ittiin leenijitu sirna bulmaata aadaa Oromoo kamisee keessaa sirna qulfooti. Akkasumas qulfoon akkaataa jiruuf jireenya ofii keessatti baratan waan ta'eef misirrittiiin adeemsa ittiin bultii ishii bulchachuu dandeessuu qulfoo keessatti baratti. Innis akkasuma akka ishii itti bulchatu asitti leenjii jalqabaa fudhata. Kanas afoolan yoo ibsan:-

*Dachi qonna qotuun amaajjii keessaa*
*Niitii adabachuun qulfoo keessa.* (Umar Tinaamuu Bitootessa 13/2011).

Kana jechuun adeemsa bultii ofii gara fuulduratti jiru as keessatti yookan yeroo Qulfoo kana keessa jiran wal gorfachuun wal hubachiisuu akka danda'an kan akeeku ta'uusaa agarsiisa.

Qulfoonyeroo adeemsifamu duraan dursa miseensota iddoo lamatti hiruun namoota baay’ee misirrootti dhihaatan keessaafi ala jechuun garagar baasun ramadamu. Sanaan booda miseensi qulfoomarii gochuun Jaanawee filu. Filmaatichi kan raawwatu misirrittiin marata fuudhuun hiriyaa dhugaa misiirrichaatti kennuun nama qulfoo sana bulcha jedhamee yaadamu irratti marata sana mataatti godhuun namoota sadi keessaa isa yaadame sanatti marata maruun mallattoo muudu agarsiisa. Sanaan booda bulchaa ol-aanaa qulfoo ta’uun raggasifama. Hirmaattonni hundi harka dhahuun filmaata haqa qabeessa dimokiraatawaa adeemsifameef

deeggartummaa isaanii caalatti mirkaneesssu. Jaanaween filame waantota nyaataa hanga dhugaatiitti dhihaachuu qabu dhiheessisa. Hojiinis akka gaariin akka hojjatamuuf qajeelfamaafi ajaaja laata.

Hirmaattonni qulfoodhaa waliin sheenan jaanawee tokko jalatti bulu. Hundisaaniiyyuu moggaasa maqaa dhuunfaa isaaniin duraan qabaniin alatti maqaa qulfoo sana qofaaf fayyadu ni moggaafama.Erga maqaan moggaafameen booda gahee hojii hunda isaaniif kan kennamu ta’a. Miseensi qulfoo kun hojii isaaniif kenname kana bifa seera qabeessumman itti ramadamaniin hanga qulfoon sun raawwatuutti namuma ramadame sanatu hojjata jechuudha. As keessatti namni qulfoo seene kun mallattoo addaa ittiin beekamanis qabu hundisaani rifeensa nyaara isaanii ni gurrachessu. Akkasumas rifeensa mataa isaaniirra kan dhadhaan hin dhibne yoo ta’u aadaa isaanii ta’uusaati jedha (Kumaa Araarsaa,Bitootessa 13,2011).



Suura 2 Mana qulfookan qorataan waajjira AT aanaa D/caffaatti caamsaa 24/2011 kaase

**1.8.2.3. Nyaata Aadaa**

Aadaan nyaata aadaa uummata Oromoo biratti jaalatamaafi leellifamaa ta’ee; waggoota heedduudhaa hanga ammaatti hawaasisha waliin jiraata jiruufi jiraatu keessa aadaan nyaata isa angaafaafi kan morkii gita hin qabneedha. Aadaan nyaataa uummata Walloo Oromoo biratti hedduu leellifaman hedduu yoota’u isaan keessa:

**Burqumsaa:** Burqumsaan nyaata aadaa aanaa Dawaa caffaa yoota’u baay’ee beekamaafi yeroo heedduu kan dhimma itti bahamuudha. Burqumsaan kan qophaa’uu garbuurraa yoo ta’u garbuun ni fattagama achiin erga qolli irra baheen booda ni akaawama. Erga akaawwamee qolli irraa baheen booda dhadhaa baksamee taa’e waliin sirriitti wal nyaachisuun waliin makuun kan qophaa’uudha. Kunis kan nyaatamu yeroo ayyaanaa, cidhaa, keessumman namatti dhufeefi kkf kan namaaf dhihaatuudha. Burqumsaan qopha’e tokko qophaa’ee yeroo hedduu turuu ni danda’a.

**Dimmisoo:** Dimmisoon Nyaata Aadaa Oromoo Walloo keessatti baay’inaan qophaapheeffamuudha.Kunis kan qophaa’u daakuu irraati. Daakuun erga laaffisamee booda sataatee tolchu. Sataateen kun saliixii wajjin mooyyee qulqulluu ta’etti tumama. Erga tumamee booda dhadhaan itti dabalamuun maatiifi keessumma namatti dhufeef kennama. Dabalataniis yeroo cidhaa misirrichaaf ni nyaatichi jabina kenna waan ta’eefi. Nyaata kana yeroo baayyee kan nyaatu dhiira kaadhima ta’eedha (Kumaa Araarsaa, Bitootessa 13, 2011).

**Biri’ii:** Biri’iin nyaata aadaa aanaa kanaa keessaa tokko yoo ta’u innis gosa affeellaati. Kan irraa qophaa’us ataraafi Cammaggoo yookan mishingaadha. Erga affeellamee sirriitti bilchaatee booda dhadhaan itti naqamakanaan booda nidhugama, keessattuu yeroo soomanaa ittiin sooma hiiku. Kun immoo jabina qaamaatiif oola keessattu dhukkubbii dugdaaf tola.

**Marqaa:** Marqaan nyaata aadaa beekamaafi kabajamaadha. Akka aanaa Dawaa caffaatti dhimmoota hawaasaa keessatti nyaatni kabajaafi jaalalaaf dhihaatu keessaa tokko yoo ta’u. Innis garbuu irra kan hojjatamuudha.Garbuun fattagamee akaawame hororama. Erga hororameen booda gingilchuu. Erga gingilchaniin booda okkoteetti naquun affeelama. Kanaan booda kan affeelame kana daakuu itti naquun bilcheessu. Sana booda dhadhaan itti naquun nyaatama. Keessattuu nyaanni marqaa Oromoo Aanaa kana birattis ta’e aanoota godina kana keessatti marqaan kan dhihaatu Ganama. Ganama ganama abba warraatiif dhihaata. Akkasumas keeshumma namatti dhufeefis akka filannoo tokkootti dhihaata.Kanamalees marqaan kan dhihaatu sirnoota adda addaa keessattis kan dhihaatu yoo ta’u; yeroo ayyaanota akka Iidaa, Sooma hiikaafi kan kana fakkaataan irratti ni dhihaata.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti barreeffamoota garaagaraa kan yaada mata duree qorannoo kanaatiin wal qabataniitu dhihaata.Sakatta’a barruu kana keessattis akka walii galaatti Yaad-rimee fookiloorii, gosoota fookiloorii, maalummaa meeshaalee aadaa, gosoota meeshaalee aadaafi faaya dhiirotaa, akkaataa itti fayyadamina isaanii waliin walqabatan ilaaluuf kan yaalameedha.

## 2.1. Yaad-Rimee Fookiloorii

Yaad-rimeefookiloorii ilaalchisee beektonni dame qorannoo kanarraa jiran hunda kan walitti qabatuufi tokko taasisu hin mul’atu.Kanummarraa ka’uun beektonni fookilooriifi hiikaa waliigalaa kan hin arganneedha.Haata’u malee hiikaa fookiloorii kennuu caalaa waantota fookiloorii ofkeessatti hammatu tarreessuu irratti fuulleffatu.

Haayyoota hiikaa fookilooriif keennan keessaa hayyuun Waterman,(1949) jedhamuyoo ibsu “Foklore is the art form comprising various types of stories, proverbs, saying, spells, song,incantation,and other formulas.Which emplos spoken language as it is medium” jedha.

Akka yaada waraabbii armaan olii kanatti fookilooriin aartii ta’ee waantota akka oduu durii, mammaaksa, jechamoota,faaruuwwaan,waanta aadaafi kan kana fakkaatan kan of keessattihammatuufi afoolaan kan daddarbu ta’uu ibsa.

Fookilooriinmaqaa ogummaafi nama waa’ee ogummaa kanaa qo’atu of keessatti hammata namoonni jedhanis ni jiru.Itti dabaluun hiika fookilooriif kenname akka armaan gadiitti kan ibsan jiru Akkaataa ittiin hiika fookiloorii qaban irratti hunda’uun ibsaniiru isaan keessaa yoo ilaalle

> *Foklore is many thinks and it’s almost impossible define succinctly.It’s both what folklorist study and then name of the discipline they work within yes; folklore is folk songs and legends.It’s also quilts.Boyscout badgets high school marching hand initiations, jokes chain, letters, nick, holiday food…and mony other thinks you might or might not expecte.Foklore exist in cities, suburbs and rular villages in families, work groups and dormitories, (Martha C. 1963:2)*

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu fookilooriin waan hedduu kan of keessaatti hammatu waan ta’eef, hiika sirrii kennuufin ni ulfaata.Hiikni isaa nama waa’ee isaa qoratuufi maqaa ogummaatti beekama.Fookilooriin durduriifii afseenaa gartu namoota faarsu keessatti namoota,maatii,garee baadiyyaa,kan ilaallatu,qoosaa,nyaata aadaa,yeroo ayyaanaafi kkf kan of

keessatti qabatuuudha.Akkasumas,fookilooriin waa'ee uummataa kan uummanni ittiin baratuudha.

Walumaagalatti fookilooriin dhimmoota hawaasichaa keessatti mul'atan kallattiin tursiisuun danda'amuufi dhaloota dhalootatti lufsiisuuf gargaaru ta'uusaafi barsiifata uummatichaa keessatti waantotni akka hafteetti dhalootaaf kuufaman kankeessa kaa'amuufi ittiin barsiiifamu fookiloorii ta'uusaati.

Kanatti dabaluun Dundes (1965) akka ibsutti "folk can refers to any group of people what so every who share atleast one comman factor.The comman factors created asense of collective identity,so that any population with such an sense could be regarded as a folk" jedha.

Akka waraabbii kanarraa hubachuun danda'amutti 'folk' jechuun garee hawaasaa kamiyyuu ta'ee yoo xiqqaate waan tokko kan waliin qooddatan jechuudha.Waan isaan waliin qooddatan kun ammoo, miira eenyummaa keessatti uumuu akka danda'u agarsiisa.Fookilooriin beekumsa hawaasichaa calaqqisiisuurra taree kuusaa seenaas ta'ee nitajaajila.Beekumsi kunis kallattii garaagaraan kan argamu yoo ta'u idileefi al-idileen ni mul'ata.

### 2.1.1. Gosoota Fookiloorii

Fookilooriin akkaataa inni waantota of keessatti hammatuun hiika argataa ture.Fookilooriin firiiwwan hedduu ofkeessatti akka qabatu beektonni garaagaraa qorannoo isaaniitiin addeessaniiru.Isaan keessaa haayyuun beekamaan Richard Dorson (1972:3) firiiwwan fookiloorii bakka gurguddoo afuritti qooda.Isaanis:Afoola(oralliterature) Barsiifata hawaasaa(folk custom),Meeshaalee aadaa(material culture)fiAartii sochii hawaasaa(performing folkart) jedhuun qooda.Firiiwwan gurguddoon kun barumsaafi qorannoof akka tolutti jedhameeti qoqqoodame malee gooroowwan arfan jidduu walitti dhufeenyaafi walitti hidhinsa akka qaban kan nama hubachiisuu ta'uusaati.

#### 2.1.1.1. Afoola

Afoolli qabeenya hawaasaa yeroo dheeraaf fookiloorii keessatti qoratamaa tureedha.Dabalataan seenaa, eenyumma saba tokkoo dhalootarra gara dhalootaatti afaaniffan darbaa dabarsaa kan dhufee yoona ga'e yoo ta'u; hawaasichimmoo dhaloota isaa ittin barsiifachaa yoona gahee jira, gara fuulduraattis darbee kan jiraatuudha.Sababni isaa afaaniin waan darbuufi,kanas haayyonni garaagaraa ibsanii jiru.Yaada kana kan cimsu haayyuun Melakne (2006:13) yoo ibsu 'oral

litrature refers to verbal heritage if making transmitted from generation to generation to generation by word of mouth'jedha. Akka yaada barruu kanarraa hubatamuun danda'amutti ogafaan bifa himaamsaatiin dhalootarra gara dhalootaatttikan darbuu danda'u afaaniffaan ta'uusaati.

Akka haayyuunfookiloorii Okpehwo(1999) afoolayoo ibsu"afoolabifa(form) sadiin kaa'a. Isaanis Raagoo (Oral narrative), Af-walaloofi uunkaawwan gaggabaaboo (witticism)"jedha. Og-afaan mudannoowwaniifi kuufama muxannoowwanii kan ofkeessatti qabatuudha.

Afoolli kalaqa dhala namaa ta'ee abbaan qabeenyummaan isaa hawaasichuma afoolichi keessatti argamu sana kan bakka bu'uudha.Yaaduma kana kitaabni wiirtuu jiildii 5[ffaa] (1992:121) irratti afoola yoo ibsu "Afoolli sadarkaa jireenya uummata tokkoo kan mul'isu, fedhii, hawwii, gadda, gammachuufi bu'aa bayii ilma namaa ifa kan godhu, daawwitiifi jireenya kan ta'e damee fookiloorii kanneen gurguddoo ta'an keessaa isa tokkoodha" jedha.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti afoolli bu'ura waliin jireenya hawaasaa keessatti raawwwatu, hunda kallattii ittiin mul'isan yoo ta'u yeroo gaddaaaf gammachuutti kan ittiin dagataniifi ittiin bashaannanan keessatti kan ramadamu ta'uutu mul'ata.

**2.1.1.2. Barsiifata Hawaasaa ( Social Folk)**

Barsiifatni hawaasa garee hawaasa aadaa tokko qabu biratti waan irra deddeebi'ee raawwatamuufi hawaasichi ofitti fudhatee yeroo maraa dalaguudha.Haala duudhaan hawaasaa keessatti kabajamu ilaalchisee Rechard Switerlich (1997:168) duudhaa hawaasaa yeroo itti dhiyaataniin iddoowwan afuritti qoqqooduun kaa'e: waqtii eeggatanii kanneen raawwataman (calenderical custome), lufiinsa jireenyaa kanneen bu'ureeffatan (Rites of passage costume), dhimmoota hawaasni waliin kabajatu (Siginificant communal event custome)fi dhimmoota amantaan walqabatan (Folk belief custome) fa'i. Hayyuudhumti kun itti dabaluun akka heeretti, akaakuwwan fookiloorii duudhaa hawaasaa keessatti argamuu danda'an bakka afuritti qooduun kaa'e. Isaanis ayyaanafi kabajawwan (festivals and celebrations), bashannanaafi taphoota dorgommii (recriations and games), qoricha aadaa (folk medicine)fi amantaa (folk religion) fa'i.

Dabalataanis haayyonni Sims and Stephen (2005:111) yoo ibsun "According to vangennep these kinds of aritual returns have three stages: Sepration, transition, and corporation hens a person

who has gone through aritual returns to society with a new status.Rites of passage are practiced in all culture, to cultures" jedha.

Akka yaada haayyota kanaatti hawaasni kamiyyuu jiruuf jireenya isaa keessatti waanta dagatamuufi raawwatamu ta'ee adeemsa keessa darbu qabaachuusaati.Akkasumas duudhaa akka qabuufi akkaataa, haala itti fayyadamu irratti muxannoo akka qabu kan hubachiisu ta'uusaati.

### 2.1.1.3. Aartii Hawaasaa (Folk Art)

Aartiin duudhaa hawaasaa gosa fookiloorii keessaa tokko yoo ta'u; ogumni, daandeettiin achi keessatti dhuunfataman hundi sochii qaaman kan mul'atuudha. Gosti aartii kun kutaa qaama namaa harkaa, miilla, mataa, fuula, mudhii, mormafi kan kana fakkaatan keessaa gara caalu sochoosuun kan raawwatamuudha. Yaada kana fakkaatu Sims and Stephens (2005:128) yoo ibsu "Performance is an expressive activity that requires participations, heightens our enjoyment of experiences, and invites response. In order for aperformance to 'happen,' arecognized setting must exist (we have to know aperformance is taking place) and participants (performers and audience) must be present"jedha.

Akkuma yaada waraabbii kanarraa hubatamu, aartiin duudhaa hawaasaa raawwatamuuf, yoomessa (yeroofi bakka) qabatamaa, hirmaattota (dhiheessitootaafi jamaa) dirqamatti barbaachisa. Aartii sochii qaamaa dhalli namaa sammuu isaafi muuxannoo isaa itti fayyadamee meeshaalee aadaa addaaddaa bobbocatee, akkasumas mallattooleefi sochiiwwaan garaagaraa waliin walitti fidee dhalootaaf yoonaan gahe.Yaaduma kana ilaalchisuun haayyuu Fileen (2016:205) yoo ibsu"Uummanni tokko aartii duudhaa isaa karaalee addaaddaa akka dabarfatu oguma dhuunfaasaa qaba.Akkasumas ruqooleefi haxaalee, aadaafi seenaa isaa kallattii addaaddaafi sadarkaalee garaagaraatiin kan ittin dabarsuuufi ibsatuudha.Guddinni aartii hawaasaa kan madaalamu guddina hawaasa sana irratti hundaa'eeti" jedha.

Yaaduma kana olii Fayyisaan, (2016:17) aartii yoo ibsu akkas jedha " Aartiin duudhaa hawaasaa kan raawwatu, kan ijaan mul'atu ni hammata. Waanti ijaan mul'atuufi hin mul'anne kun haala taa'insa waan tokkoo keessatti raawwii isaaniinirratti hundoofnee kun kana jennee adda baasuu dandeenya" jedha.

Yaadni waraabbii armaan olii kan agarsiisu,aartiin kan mul'atuufi kan hin mul'anne kan of keessatti qabatu ta'ee seenaa hawaasichaa bifa qabataman gosa isaatti ramaduu kan nama dandeessisu ta'uusaatu hubatama.

### 2.1.1.4. Meeshaalee Aadaa (Material Culture)

Meeshaan Aadaa akaakuuwwan fookiloorii keessaa tokko ta'ee wantoota ijaan argaman, harkaan qaqqabaman, arrabaanis dhamdhamamaniifi qabatamaa ta'an ofkeessatti hammata.Meeshaaleen aadaa feedhii qabatamaa namoonni hawaasaa tokko keessa jiraatan gareedhaan yookiin immoo dhuunfaadhaan waantota naannoo aadaafi hawaasummaa, ilaalcha addunyaaf qaban hojjachuun miidhagina isaanii ittin ibsaniifi dandeettii uumuu isaanii kan ittiin calaqqisiisaniidhadha.Akkasumas oguma hawaasichi aadaa meeshaa tolchuufi fayyadamuu irratti qabu karaa al-idilee daawwachuun, yaadachuunfi hojjechuun dhalootaa lufurraa dhaloota dhufutti darba. Yaaduma kana Woodward (2007) yoo ibsu, 'The term 'material culture'emphasises how apparently inanimate things within the environment act on people, and are acted up on by people, for the purpose of carrying out social functions, regulating social relations and giving symbolic meaning to human activity Woodward (2007:3)" jedha.

Akka yaadni haftee kana jedhutti jechi meeshaa aadaa jedhu kan xiyyeeffatu, akkamitti akka meeshaaleen uummataan tolfamaniifi uummataaf tajaajila garaagaraa kennan, walitti dhufeenya hawaasaa kallattii qabsiisuufi sochii dhala namaa keessatti hiika akka kennan agarsiisa.Itti dabaluun Dirribiin (2011:113) akkas jechun kaa'a, "Natural wealth that are the things that God gave us for free to express.His kindness include land,water,sun,forest,soil,rocks,minerals, and so on and others under man made materials that are invented by human mind based on the nature giftedresources*"* jedha.

Yaadni armaan olii kunniin kan nama hubachiisu hawaasni tokko waantota aadaa jiruuf jireenya isaa keessatti itti fayyadamu dandeettiifi beekumsa isa bu'ura kennaa uumaan kennuuf bu'ureeffachuun kan hojjatamaniifi dhimma itti bahan ta'uusaa kan mul'isu ta'uusaati. Dabalataan meeshaaleen aadaa dandeettii ogummaahawaasichaa agarsiisuufi beekumsa ceesisuuf kan hawaasichaan hojjataman yoo ta'u beekumsiifi qaroominni sabichaa kan ifa ittiin bahuudha.Yaaduma kana kanatti dabaluun Hayiluun, (2016:23) Solomoon, (2007:250) wabeeffachuun yoo ibsu,

*Meeshaaleen aadaa akaakuuwwan fookiloorii keessaa tokko ta'ee, oguma hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti goonfateefi waliin gabbifateen kan hojjetamani. Kunis looriiwwan garaagaraa kan ofjalatti hammatu yoo ta'u, isaanis hojii harkaa (folk craft), oguma harkaa (folk art), maandisummaa aadaa (folk architecture), aadaa nyaataafi dhugaatii (folk food and drink), uffannaa aadaa (folk costume/folk dress) jedha.*

Akka haftee kanaatti akkaataa qoqqoodinsa kanaa irratti hundaa'uun beekumtaawwaan garaagaraa meeshaalee aadaa kanan wal qabatee kallattii hawaasichi tolchateefi qorannoo kana keessatti meeshaaleen aadaa gosa ittiin loorii ittiin dabarsu ilaaluuf kan gargaarameedha.Gosoonni looriin kunis caalatti hubatamuuf akka armaan gaditti ibsameera:

#### 2.1.1.4.1. Meeshaalee Aadaa Kan muuziqaa

Meeshaaleen muuziqaa jiruuf jireenya uummata tokkoo ibsuufis ta'ee hawaasa birootti beeksisuu keessatti yaadrimeewwaniifi aadaa hawaasichaa kallatti garaagaraatiin dhiheessuun dhalootaas dhaalchisuu dandeessisa.Yaaduma kan ilaalchisumuun Fileen,J (2016:210) irratti muuziqaa yoo ibsu "Muuziqaan sagaleelee meeshaalee aadaafi ammayyaa miiraafi aadaahawaasa tokkoo haala hawwataafi miidhagaa ta'een kanneen dhageessisaniidha" jedha.

Meeshaaleen aadaa muuziqaa haala walfakkaataan sirboota, faaruuwwan, yeedaloofi sochii qaamaa garaagaraatiin raawwatama.Raawwiin kunneen hundi meeshaalee aadaa adda addaattiin dabaalamee dhalootaaf darba.Akka fakkeenyaatti Oromoo walloo biratti hammisni ulullee malee hin miidhagu.Kanaaf meeshaalee muuziqaa kan aadaa guddina aartii hawaasichi qabu dhalootaaf dabarsuuf gargaara. Meeshaalee kanneen keessaa yoo ilaalame kanneen akka:

**Dibbee:** Dibbeen gosoota meeshaalee muuziqaa aadaa keessatti gahee olaanaa kan taphaatuufi bareedina muuziqaa sanaatiif miidhagina dabala.Meeshaan muuziqaa kunniin dhiironnifi dubartoonni kan rukutan yoo ta'u keessattu shubbistoonni huccuu faayaan miidhaguun rukuchuun yeedaloo sirba saanii miidhagsiisu.Dibbeen sirbaan alattis bakkeewwaan manneen amantiittis ni rukutama.

**Xurumbaa:** Xurmbaanis akkuma ulullee meeshaalee muuziqaa keessaa meeshaa muuziqaa afuuraati.Yaada kana ilaalchisee Abdiin (2015:39) yoo ibsuu; "xurunbaan sibiila yookaan shambaaqqoo irraa kan tolfamu ta'ee yeroo baay'ee warra dhiiraatiin afuuffama.Yeroo tokko tokkos keessattu yeroo ammaa kana naannoo magaalota tokko tokkootti yeroo namni waliin jireenya hawasummaa keessatti qooda qabu yeroo du'uu kan ittiin dhageessisaniidha" jedha.

**Ulullee:** Ululleen gosoota meeshaalee muuziqaa hafuuraa keessa tokko ta'ee uraa afur kan qabu yoo ta'u, sagaleen sirba sana akkaataa gurratti tolutti miidhagsee kan dhiheessuudha.Ululleen shabbaqqoo yookiin leemmanarraa kan bocamu yoota'u.Namoonni yeroo baay'ee ulullee kanaafuufan/taphatan/dhiirota. Dhiironni bakkeewwan lafjalee, yeroo gaarayyuu ofii waliin taphatan yeroo awwaanniyyoo baay'inaan akka fayyadamaniifi dargaggeessa Kamiseef hiriyaa dhugaa akkata'etti ilaalama.



Suura 3Meeshaa muuziqaa ulullee kan caamsaa 24/2011 Waajjira Aadaaf Turizimii Aanaa Dawaa caffaatti qorataan kaase

### 2.1.1.4.2. Hojiiwwan Harkaa (Folk Craft)

Hojiiwwan harkaa jechuun kan hawaasni meeshaalee garaagaraa naannoo isaatti argamu fayyadamuun, ofii isaatiin itti yaadee kalaquun haala ifaafi qabatamaa ta'eenbeekumsa ogummaa naannawa isaatti argamu fayyadamuun yeroo hedduu kan harkaan oomishaman of keessatti qabata. Hawaasni meeshaalee kanneen jiruufi jireenya guyyuu keessatti oomishaalee garaagaraa ittiin oomishuufi fedhiiwwan bu'uraa ittiin guuttachuuf kan itti fayyadamuudha. Kunis akkuma tajaajila garaagaraa qabu, moggaasa garaagaraas ni qabaata.Kanneen keessaa muraasni hojii mukaa, hojii waraqaa, rifeensa, gogaa, gaanfa, sibiila, dhagaa, supheefi kan kana fakkaatan irraa bocamuu danda'a. (Solomon 2007:251)

Walumaa galatti meeshaaleen aadaa leetoo hawaasichaa salphisuufi saffisiisuu kan danda'uu yoo ta'u,akkaataa jireenya isaa boodaafi kan uummata isaa hojii harkaatti gargaaramee dhaloota isaa dhalchisaa tureefi ammas itti jiru nama hubachisa.Ogummaawwan harka namaatiin bocamanii itti fayyadamaa jiran caalatti kan dabalatu yoo ta'u,mana isaaniitti ofiin hojjatatanii dhiima itti bahan of keessaatti qabata.Meeshaaleen kunneen yoo fudhanne kanneen akka Dhakaa midhaan itti bulleessan, Majii, Gaagura, Gundoo, Meeshaalee waraanaa, Eeboo, Shootala, Goojoba,

meeshaalee mana keessaa Jabanaa, Mooyyee midhaanii, Kan bunaa,Meeshaalee suphee; Eelee,Jabanaa, Hubboo,Xuwweefi kkf of keessatti hammata.

#### 2.1.1.4.3. Oguma Aadaa (Folk Art)

Hawaasni tokko ogumaa isaa fayyadamuun haala jiruuf jireenya isaa keessatti akkaataa itti gargaaramu hojjatatee ittin jiraatu kan mataa isaa qaba.Ogumni akkanaa kanneen beekumsa hawaasichaa kan calaqqisiisan yoo ta'an kanneen akka bocawwan (folk artfact), fakkii aadaa (folk painting), miidhaginaaf (folk decoration), meeshaalee muuziqaa (folk musical instrument) fi kkfdabalata. Haalauma kanaan akka fakkeenyaatti supheerraa okkotee dhahuun, fakkiiwwan garaagaraa (gootota) harkaan bocuun tolfaman, wantoota miidhaginaaf fayyadaman fakkeenyaaf guutuu manaa, keenyaa manaafi kkf. meeshaalee muuziqaa aadaa kanneen akka ximboo, dibbee, ulullee akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama Solomon (2007:255-266).

#### 2.1.1.4.4. Ijaarsa Aadaa

Jiruufi jireenya Oromoo keessatti, mana haaturuuti godoon tokko akkaataafi yoom akka ijaaramu hoodaafi qooda mataa isaa qaba.Akkasumas mana ijaaramu sana keessatti waanti bareedina manichaaf ta'us asumaan waliin yaadamaa deema. Itti dabaluun Feqaden (2003:20) Damee fookiloorii kanaaf hiika akka kennutti 'meeshaaleen aadaa kun ogummaa harka uummatan, fakkiiwwan bifa aadaatiin uummatan, ogummaa ijaarsa gamoofi k.k.f gama aadaatiin uummatan hojjataman, uffata aadaa, qophii dhugaatiitiifi nyaataa aadaa hammata' jedha.

Meeshaaleen ijaarsa manaa akkaataa aadaafi duudhaa hawaasichaatiin kan tolfamu yoo ta'u safuu hawaasichaa ibsuun bu'uurreeffama.Kunis utubaa dhaabuu eegalee hanga fayyadamina meeshaa faayaatti kan jiru hundi meeshaalee manaa keessatti gulummeeffama.Kunis aadaa hawaasichaan kan walqabatu ta'uusaati.Yaada kana kan cimsu,

> *The different qualities of the materials employed in the construction of the house, the difference in textures, decorations and furniture, the differential location of the masters and servants rooms, all helped tomake people internalize through daily practice the social order of world. In addition, some ceremonies made social order even more clear and redundant for those who inhabited the house. The baby was then carried around the house, from where he or she was born,to the rest of the rooms in what can be considered a prototypical "social guidance drama" (Donley-Reid 1982:70 Valsiner 2007: 233).*

Haftee armaan olii kanarraa kan hubatamu hawaasni tokko mana ijaarratee waan ittiin miidhagsu hojjatee iddoo jireenyaaf ta'u kan fayyadamu akkaataa aadaa isaanii ittiin mul'isan

maxxanfachuuni.Mana jireenyaa ofii ijaarratee keessa jiraatu dibata hiika qabu kan dibuufi milkii akkaataa manichaaf ta'utti halluu filachuun dibuusaati.Kunis kan kanaan dura itti gargaaramaa tureefi gara fuulduraatti kan hawaasicha waliin itti fufuudha.

Akka Oromoo wallootti manni kan ijaaramu keessa jiraachuu irra darbee dhimmoota garaagaraatiif ijaarama.Isaan keessaa tokko yeroo cidhaa yoo ta'u dargaggeessi tokko gaafa fuudhee jedhu mana qulfoo ijaaree hiriyoota waliin ji'a tokkoo oliif keessa jiraata.Kunis akka mana bulchachuu keessatti shaakaluufi jireenya qananii ishee waliin akka dabarsu yaadameeti.

**2.1.1.4.5. Uffannaa Aadaa (Folk Dress)**

Uummanni wantoota naannoo isaatti argamu gargaaramuun oguma harkaa mataasaa fayyadamuun uffannaa adda addaa hojjetuufi dhalootaa lufurraa dhaloota dhufutti darbaa dhufe ofjalatti hammata.Uffannaa aadaa guyyuu itti gargaaramnu (folk dress)fi kanneen guyyoota amantaa, ayyaanaafi kkf qofa uffataman (folk costume) dha.Uffannaan aadaa garaagaraa hawaasa tokko keessatti tajaajilu, amantaa, falaasama, sanyii, sabummaafi kkf.agarsiisurratti iddoo olaanaa waan qabuuf, akka fakkoommii (as symbolic language)fi akka eenyummaa garee hawaasaa (badge of folk group identity) tajaajilu. Yaaduma kana ilaalchisuun Yenee'alam (2001:88) akka armaan gadiitti ibsiti 'Meeshaaleen aadaa saayinsii dhimmoolee hawaasummaa, siyaasaafi dinaagdee ummata tokkoo karaa meeshaalee ogummaa ummatichaan omishamanii kan qoratuudha' jetti. Yaaduma kana deeggaruun Darajjeenis (2016:24) yoo meeshaalee aadaa ibsu 'Meeshaaleen faaya aadaa maalummaa saba tokkoo meeshaalee aadaa isaan itti fayyadamaniifi uffata isaan uffataniin akka mallattoo eenyummaa isaaniitti gargaaramanirraa baruun danda'ama' jedha. Namoonni akkuma sadarkaa jireenya isaanii qaama isaanii qorra, aduufi bubbeerraa ittisuufwantoota dhiyoo isaanitti argamaniirraa'uffata' hojjataa turaniiruammaas hajjitannii ittifayyadamaa jiru'

Walumaa galatti uffanni aadaa eenyumma saba tokkoo sirriitti calaqqisiisuufi maalummaa saba sanaa addabaasuun akkasumas dandeetti inni uffata aadaa isaan of beeksisu ogumman tokko uffata isaati.

**2.1.1.4.5.1. Faayamaafi Halluu Uffata Aadaa**

Sabni Oromoo osoo teeknooloojiin ammayyaa hin dhufiin duraa kaasee ogummaan yeroo, dheeraadhaaf isa wajjin ture keessaa tokko faayamaafi halluu inni filatee uffatuudha. Uummanni Oromoo miidhagina isaa tiksuuf meeshaaleen faaya isaan itti gargaaraman cinnatti uffata aadaa

halluu isaan itti fayyadaman hiika mataa isaa kan qabuudha. Akka seera abbaa Oromootti abbaan gadaa halluu alaabaa sadii qabu qaba kunis hiika mataa isaa kan qabuu ta'uusaati. Yaaduma kana ilaalchisuun Darajjeen (2008) Biraanuu Wabeeffachuun yoo ibsu:

> *Uffanni namoonni baay'een uffatanis halluu dhuma kanaan faayyamee uffatu.Ayyaantuun dhiiraafi dubartii yoo irreeffatan, yoo dhibaayyuu dhibaafatanii Waaqa kadhatan kuulli uffata isaaniifi kuulli uffata warra waaqeffataafi mallattoon fajjii tokkodha.Innis, gurraachi olaanee, diimaan itti aanee walakkaasaa irratti kan hojjetamu, adiin immoo akka halluu 3ffaatti kan gadi aanudha. Hiikkaan isaas, Gurraachi olaanu bifa Waaqaa kan hundaa olii ta'uusaa agarsiisa. Diimaan bilchinaafi gootummaa kan agarsiisu yoo ta'u, Adiin ga'umsa yookaan fixannoo agarsiisa.*

Akka yaada kanaatti uffanni aadaa oromoo keessatti uffatamu aadaafi hiika mataa isaanii kan hawaasicha ibsuu kan qabaatan ta'uusaatu hubatama. Kanaaf halluuwwan huccuu aadaa Oromoo keessatti argaman akkaataa hiika isaan itti kennan irratti hundaa'uun hiika argata malee callifamee akka hin moggaafne nama hubachiisa.

Uffanni aadaa Oromoo akkuma sabichi hedduu ta'e haalli uffatichi halluudhaan itti kuulanii itti miidhagsanii ittiin miidhaganis akkuma bakka bakkasaatti garaagarummaa qabaachuu danda'a malee halluuwwan argaman walitti dhiheenya yoo qabataniyyuu haalli hallichi itti tartiiba isaatiin taa'uufi halluun baay'inaan huccuu sanarratti kuulamuun addumaa haa qabaatu male aadaa Oromoo ibsuu isaaniitiin addummaa hagas maraa miti.Oromoon halluu uffata isaa ittiin kuullatee ittiin faayamu irra caalaa isaa halluudhuma naannoo isaatti argamu yookiin halluu uumamaa waliin wal bira qabuun hiika itti laata.

Akka walii galaatti meeshaaleen aadaa kunneen eenyummaafi aadaa isaanii kan calaqqisiisuu danda'an kun kan akka uffata isaaniin ifa bahu danda'uufi akka mallattoo eenyummaattin kan ilaalamu yoo ta'u turtii kalaqa hawaasichaa caalatti kan agarsiisu ta'uusaati. Dabalatan haala qabatama keessatti yeroo agarru xiyyeeffannoo guddaa agarsiisuu kan danda'u uffata isaan uffatan, kophee isaan godhatan, faaya miidhaginaa isaan qaama isaanirratti godhatanfi kan kana fakkaatan ta'uu isaati.

#### 2.1.1.4.6. Meeshaalee Ulfoo Kan Dhiirotaa

Hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti ogummaa harkaafi bobboca addaaddaa inni itti gargaaramuun eenyummasaa kanneen biraarraa addaan baasuu nama dandeessisa. Meeshaaleen aadaa hawaasa tokkoos akkaataafi sadarkaa akkasumas saala irratti hundaa'u, akkasumas

akaakuu isaas beekuun barbaachissa ta’ee mul’ata. Dabalataanmeeshaaleen aadaa kan sabni tokko jireenya isaa keessatti haala hiikafi faayida mataa isaa qabatun kan ijaaraman yoo ta’u, isaanis kanneen akka meeshaalee faaya manaa, meeshaalee waraanaa, meeshaalee muuziqaa agarsiisan, uffata aadaafi Meeshaalee amantii yookaan ulfoo kan ofkeessatti hammate ta’uu danda’a.Meeshaaleen Ulfoo kan dhiirotaa kan jedhamanis

**Kallacha**:Kallachi meeshaa ulfoo Oromoon yeroo sirna gaa’elaa keessatti itti fayyadamuudha.Kallachi meeshaalee ayyaantuu Oromooti jedhama. Dirribii (2007:109) “Kallachi ulfaa guddaa Waaqeffataan Waaqaa gaditti sodaatamuufi safeeffatuudha.kallachi sibiila qorsa (comet) ykn bakakkaa waliin samiirraa bu’eedha.Waaqeffataan dur bakka bakakkaan itti bu’e aannan sa’a gurraachaa itti dhibaafatee kallachaafi bokkuu argata” jedha.Bakakkaan yoo horiirrattis ta’e namarratti bu’u hin gaddan waaqatu itti araarame jedhu “isaa baga!” jedhu malee ‘ayii !’ hin jedhan wanti harka waaqaa irraa dhufu hunduu gaariidha jedhamee amanama waan ta’eefi.

**Bokkuu:** Bokkuun akkuma kallachaa meeshaalee ayyaanaa keessaa isa tokkoodha. Akka Nageessoo(1984:153) ibsutti ‘Bokkuu was only a symbol of peace, order, health and prosperity in society’ jedha.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti bokkuun mallattoo nageenyaa, fayyaa, hoggansaafi itti fufiinsa jireenyaa hawaasichaa ibsa. bKanaaf bokkuun sirna bulchiinsa uummatichaa biratti safuufi mallattoo hoggansaa kan agarsiisuudha.Kanuma ilaalchisee Dirribii (2007:110) Akkas jedha ‘Bokkuun inni jalqabaa akkuma kallachaa waaqaa bu’e’ jedha. Bokkuun mallattoo aangooti, kabaja guddaa haaqabaatu malee akka kallachaa hin sodaatamu.Abbaan Gadaa bokkuu qabatee seera tumee labsa.Yeroo ammaa garuu namni bokkuu ni magarfata muka gaarii ilaalee bocee miidhagsee tolfata. Bokkuu naannoo ofii bahee laga hin ce’u.Akka tasaa yoo ce’es falaafi faloo mataa isaa qaba. Bokkuun dhimmoota waldhibdee hawaasaa hiikuu keessattis ni barbaachisa abbaan bokkuu tokko lola walakkaa yoo seene lolichi akka dhaabatu godha araara buusuu danda’a.

**Alangaa(reebduu):** Alangaangogaa Roobii irraa hojjetama.Alangaan roobii baayyee miidhagaafi jabaataadha. Dafees hin dulloomu hincitus. Alangaan meeshaa kabajaa dhiirri qabatuudha.Alangeendhiimoota aadaa garaagaraa keessatti akka araaratti gargaara kanuma ilaalchisuun Muhaammad (2015:50) irratti “meeshaalee aadaa sirna araaraa keessatti

barbaachisan jedhee eere keessaa tokko alangaadha.  Dabalaataani alangaan yeroo cidhaatti misirrichi harkaa isaa mirgaatti qabachuun mallattoo misirrummaa isaa ittiin mul'isuuf isa gargaara " jedha.

**Eegee (Ciraa)**Ciraan meeshaa faacha fardaafi qabannaa isaa sibiilayookin mukarraa dhahameekan qabatamuudha. Meeshaan kun jaarsoliin kan qabatamuu yoo ta'u dullummaa faana walqabsiisu.Ammas yeroo araaraa jaarsi qabachuun dubbii mura jedha (Huseen saayiid Bitootessa 12, 2011) mana isaa deemuun qoratichi kan irraa odeeffate.

### 2.1.1.4.7.  Akaakuu Meeshaalee Faaya Aadaa Kan Dhiirotaa

Akaakuun meeshaalee faaya kan dhiirotaa aadaa isaanii mul'isuu bira darbanii eeyyummaa isaanii karaa ittin barsiisaniifi hawaasa biroorraa karaa ittiin addatti beekamaniidha. Meeshaaleen faaya dhiirotaa kun dhiironni meeshaalee kanaan kan dhiirummaa isaanii jabeeffataniifi ittin of ilaalaniidha. Gosoonni meeshaalee faaya aadaa kun kan dhiironni itti dhimma bahan qaama isaanirratti faayyachuun bakkee addaaddatti keewwachuun yookin uffachuun yoo ta'u isaan keessaa

#### 2.1.1.4.7.1. Meeshaalee Faaya Aadaa Kan Mataa

Meeshaaleen faaya mataa kan dhiirotaa bakka bakkatti garaagarummaa haa qabaatu malee dhiironni Oromoo akkaataa eenyumma isaanii calaqqisiisuu danda'utti itti dhimma bahu. Meeshaaleen aadaa kun eenyummaa isaanii ibsurra darbee bakkaafi iddoo jireenya sabichaa ibsuu danda'uusaati. Akkasumas meeshaaleen faaya aadaa kun yeroo hojjataman hiikaafi waanta isaan itti fakkeeffamaniin hojjatamu. Dhiironni kunneenis meeshaalee aadaa kana keessan hiika argachaa deemu kana jechuun dhiironni meeshaalee aadaa kana hin gargaaramne kan nama hin mararre warren saala faallaa biratti hin jaalatamne ta'ee fudhatama. Dhiirummaan isaaniis karaa kanaan safaramuu danda'a. Yaaduma kan ilaalchisuun toora maarsariitii Obn irraa argame (25,12,2010) akka ibsutti "Oromoon bareedina uumaan isa badhaafteen cinaatti akkuma uummmata addunyaa kanaatti malootaafi akkaataa of miidhagsuu hedduu qaba. Sifa bareedinaa tolfachuu keessaa bareedinni dabbasaafi faayni dabbasaa isa tokko" jedha.

Rifeensa Mataa aadaa, duudhaafi eenyummma saba tokkoo miidhaginaan cinaatti kan ibsuu danda'uudha. Rifeensa dhiirota Oromoo kun akka inni guddatuufi dagaagu dhadhaan kan dibatamuu darbee darbees mooras kan dibataniidha. Qulqullina isaaf immoo dhoqonuu,

daannisaa, laanqisaan ittiin dhiqachuuf, filachuuf immoo Sukaayeefi filaa mukarra soquun tolchuun kan gargaaramaaniidha.

Oromoo Walloo biratti dhiirri hin fuune tokkoofi kan fuudhe akkaataan filannaa rifeensafi faayni mataatti godhataan garaagarummaa qabaachuu danda'a. Kunis akkaataa hawaasicha biratti hiika qabaatuun raawwatama. Dabalataan kutannaan rifeensaas akkasuma addummaa qaba. Suuqqanni inni mataatti suuqqatee deemu dargaggummaa bira darbee ittiin miidhaguufis ni oola. Dabalataan gootumma akka ta'ettis ni ilaalama. Suuqqata sana fiinxee isheetti kiirrii diimaan rarraatu sun kanuma mirkaneessa. Dhiirri rifeensa isaa akkasiin sirriitti bareechatu kun nadhoo ofitti harkisuu hin gashu ni hawwata (Shittuu Birrii, Bitootessa16, 2011) jedha.

**2.1.1.4.7.2. Meeshaalee Aadaa Faaya Mormaatti Godhataman**

Faaya mormaa dhiironni morma isaaniitti godhatan bareedanii qalbii nama booji'an akaakuu garaagaraatu jira. Meeshaaleen faayaa mormaa kun Oromoo biratti kallattii addaaddaatiin kan ilaalamu yoo ta'u hiikniifi itti fayyadamni isaas akkasuma garaagara. Haalli itti fayyadamina isaas mormatti maxxansuun yookan rarraasuun ta'uu danda'a. Kunis sadarkaalee umuriitiifi yoomessa isaatiinis wal hiruu mala yaaduma kana ilaalchisee Paulitschke (1888:52) yoo ibsu "When worn in various combinations, creates a complete aesthetic expression to the familiar onlooker.While chain head bands and necklaces have largely been replaced by colorful seed bead patterns in the last twenty years" jecha.

Akka yaada waraabbii kanaatti yeroo durii keessa faayni aadaa miidhagina ibsuuf itti fayyadaman kan garee hawaasa tokko ibsuudha. Innis faaya mormaafi rifeensa mataa miidhagsuuf itti fayyadamamu halluu miidhagina qabun kan jaarraa 20ffaa caalaa miidhaginni isaa kan fooyya'e kan ture ta'uusaa agarsiisa.

## 2.2. Yaaxxina Fookiloorii

Bu'aa kallattii beekumsa tokkoo agamsiisuuf qabu inni haayyotatti agarsiisu, akkasumas karaa qorannoof tolutti mijeessee kuufama yaadaa argachuuf yaaxxinootni beektotaan hiddaman karaa hojii tokkoof xurree saaqee namatti agarsiisa, isarra dhaabbataniis dayeessa biroos hundeessu dandeessisa. Kanaaf jennaan qorataan tokko hojiisaa karaa qabsiisuuf yaaxxinoota jiran irratti hundaa'uufi yaaxxinaan deeggaruun barbaachisaa ta'uusaati. Yaaduma kana ilaalchisuun Dorson, (1972) yaaxxinoota fookiloorii jiran haala yeroo amma keessa fudhatama qaban irratti handaa'uun bakka garaa garaatti qoode jira. Kanumarraa ka'uun qoratichi qorannoosaa kanaaf yaaxxinoota 'Dorson' keessaa Kan dhimma itti ba'u qorannoosaa milkeessuuf kan gargaarameedha. Yaaxxinoonni Dorson  kanneen keessaa kan filatame

### 2.2.1. Yaaxxina Faayidaawaa (functional theory)

Yaaxxinni faayidaa Uummata yookiin gartuu folk (folk group) keessatti looriiwwan adda addaa argaman Uummatichaa yookiin garee fookilooriif faayidaa inni kennu, hawaasa sana keessatti hiikaa inni qabu, akkasumas kallaatti ittiin bu'a qabeessummaa isaa ittiin hubataniifis yaaxxinni kun faayidaa qaba. Yaaxxinni kun gama waanta aadaa (material culture) akkasumas fookilariin saba tokkoo akka gadfageenyaan haala saayinsaawaa ta'een ibsuuf kan tajaajiluudha yaada jedhu ofkeessaa qaba. Yaaxxina kana ilaalchisuun Sims fi Stephens (2005:174) yemmu ibsan "Folklore communication: it is an ongoing process of expressing information and beliefs within folkgroup when we tolk about interpreting folklore, many times people ask, "What does this folklore communicate to the members of the group who are sharing it?" one of the ways folklorists consider meaning is to examine the way folklore fuctions in the community" jedha.

Akka yaada kanarraa hubatamuun danda'amutti fookilooriin odeeffannoo waa'ee waan gareen hawaasa tokkoo itti jiru itti amanu ni ibsa. Waa'ee hiika fookiloorii yoo dubbannu yeroo baay'ee uummanni kan gaafatu, fookilooriin kun garee hawaasaa, beekumsa waliin qooddatee maal dubbata? Karaalee haayyonni fookiloorii hiika ittin xiinxalan keessaa tokko haala itti hawaasa keessatti tajaajiluudha. Dabalataan akkaataa namoonni fookilooriitti gargaaraman hundi haala barbaachisummaa isaa hubatanii yookiin faayidaa isaa irratti hundaa'anii akka itti fayyadamaniif kan carraa kennuudha.Waan kana ta'eefis akka yaaxxina kanaatti afoolli tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame hiika qabaachuu hin danda'u kanaaf aadaa hawaasichaaf kennuun gaggeeffamuuf hiika argachuu qaba.

## 2.3. Sakkatta’a Barruu Walfakkii

Qaaccessa meeshaalee aadaa: faaya dhiirota Oromoo kamisee aanaa dawaa caffaa. Kallattiin yoo jiraachuu baateyyuu meeshaalee faaya irratti qorannoon gaggeeffaman ni jiru. Qorannoon kallattii kanaan qorataan sakatta’ee argate akkaataa armaan gadiitiin qorannoo qoratichaa waliin hariiroo qabaniifi garaagarummaa qaban wal bira qabuun ilaaleera.

Abdii Ismaa’il (2007) Qorannoo mata duree “Xiinxala Meeshaalee Aadaa Oromoo Arsii; Godambaa Siidaa Wareegamtoota Aanoolee Keessatti Argaman” jedhu keessatti waraqaa eebbaa digirii lammaaffaa guuttachuuf taasise yoo ta’u sadarkaan qoqqooduun Meeshaalee godambaa kana keessatti argaman afoola ittiin wal qabatan waliin xiinxaluuf qorannoo qoratameedha.Akkasumas fakkoommi meeshaaleen kun afoola keessatti qabatanii dhihaatan qorannoo kanaan dhihaateera.Akka waliigalaatti qorannoo kana keessatti meeshaaleen aadaa godambaa kana kana keessatti argama fayiidaasaaniitin kan hin ibsamne yoo ta’u.Akka argannoo qoratichaatti meeshaaleen aadaa kun dhaloota haaraatiin irranfatamaa jiraachuusaa kan argate qorannoo kanaan kaa’ameera.Tokkummaan qorannoo kanaa inni guddaan gosoota fookiloorii keessa gosa meeshaalee aadaa (material culture) filachuusaatiin tokkummaa qabaata.

Biraanuu Dirribaa (2007) Mata duree “Qaaccessa Hiika Mallattoolee Ayyaana Irreechaa Dirree Calalaqii Aanaa Midaa Qanyii” jedhu irratti qorannoosaa digirii lammaffaa kan guuttate yoo ta’u qorannoo kana keessatti boqonnaa jalqabaa keessatti waantotni dhihaatan eenyummaafi beekamtii aadaa Oromoon ittiin beekamuufi dhaloota isaa yeroo dheeraaf ittin barsiisaa ture kanof keessatti qabatuudha.Qorannoo kana keessatti meeshaaleen aadaa kan akka caaccuu,bokkuu, kallacha,siinqee,alangaa abbootii gadaafi uffannaa aadaa ilaalchisee kan dhihaataniidha.Tokkummaan qorannoo kana waliin jirus meeshaalee aadaa kana dabalata.Garaagarummaan qorannoo kana lamaanii meeshaalee faaya aadaa kan dhiirotaa yoo ilaallatu kun immoo adda hin qoodne,akkasumas bakkee qorannootiinis garaagarummaaqabaatu.

Caalaa Diroo (2006) Qorannoo mata duree “Xiinxala Qabiyyee Fakkoommii Meeshaalee Ayyaana Warra Oofaa Aanaa Meettaa Roobii.” jedhurratti gaggeesse, keessatti fakkoommii meeshaalee ayyaanaa warra Oofaa Aanaa Meettaa Roobii xiinxaleera.Tokkumma qorannoo kana wajjiin jiru keessa tokko meeshaa ayyaanna kan ittifayyadaman kaneen akka Bokkuu,Kallachaa,callee, caccuufi siinqee kan kaasee yoo ta’ufi damee fookloorii irratti kan xiyyeeffatee afaan walfakkaatuun kan hojjetamaniidha.Qorannoo keessattis, meeshaaleen

ayyaanaa hiika adda addaa akka qaban haa ilaalu malee gama meeshaalee faayaa aadaa dhiirotaa waan ibse hinqabu.Dabalataniis itti faayaama isaas waanti agarsiise hin mul’atu.

Guddataa Abeetuu (2016) mata duree qorannoo “Xiinxala Haasbarruu Meeshaalee Ayyaana Warra Giiftii Elemoo” jedhu digirii lammaaffaa guuttachuuf qorannoo kan gaggeesse yoo ta’u qoratichi dhimmoota aadaan walqabatan heedduu qorannoo isaa keessatti kan dhiheesse yoo ta’u meeshaalee aadaa ayyaanaaf oolan kaasee jira.Akkasumsa gosoota fookiloorii qoratichi filateen wal fakkeenya kan qabu yoo ta’u garaagarummaan isaaniimmoo faaya aadaa ilaalchisee kan hin kaasne yoo ta’u saalaanis garaagarummaa kan qabaniidha.

Jiinanus Galataa qorannoo isaa (2010) mata duree “Qabiyyee Meeshaalee Ulfoo Amantii Oromoo Aanaa Tokkee Kuttaayee” irratti xiyyeeffateedha.Qorannoon kun ulaagaa digirii jalqabaa guutachuuf kan gaggeeffame yoo ta’u, meeshaalee Oromoon amantaa isaa keessatti falaasama isaa wantoota isaan calaqqisiisan keessaa meeshaalee ulfoof bakka guddaa qabaachuu isaafi kan Waaqa kadhachuu oolu ta’uu isaa ibsa. Dabalataan ammoo, mataduree xiqqaa “Meeshaalee amantii”kan jedhu jalatti callee, caaccuu, siiqqee, kallachaafi bokkuun meeshaalee miidhaginaatiin tajaajiluun alatti meeshaa hoodaati jechuun ibseera.Meeshaalee miidhaginaa ilaalchisee ibsaa kan kennuu waan ta’eef qabxiileen kanneen qorannoo kana waliin akka walfakkeenya horatu isa taasisa.Garuu, qorannoon kun kallatti Qaaccessa meeshaalee aadaa faaya dhiirota Oromoo kamisee waan ilaaluuf garaagarummaa qaba.

Darajjee Darrasaa (2008) Qorataan kun adeemsa ulaagaa digirii lammaffaa guuttachuuf qorannoo mata duree “Qaaccessa Ittifayyadama Meeshaalee Aadaa: Faaya Dubartootaa Ilaallatan: Haala Qabatama Godina Addaa Saba Oromoo Walloo Aanaa Kamisee” irratti qorannoo gaggeesse keessatti itti fayyadama meeshaalee faaya dubartoota kan ilaalee yoo ta’u; tokkummaa qoraannoon kun qorannoo kana waliin qabu yoo ilaallee meeshaalee faayaa irratti kan xiyyeeffatuufi Godina Addaa Saba Oromoo Kamisee irratti kan xiyyeeffataniidha. Garaagarummaa qorannoo kana inni tokko Faaya Dhiirotaa irratti kan fuulleeffatu yoo ta’u kan qoratichaa immoo kan Faaya Dubartootaa irratti xiyyeeffata.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessatti tooftaalee qorannichaafi wantoonni mala qorannichaa waliin walqabatan kanneen akka, iddattoo, naamusa ogummaa, mala odeeffannoon ittiin funaanaman, adeemsa funaansa ragaawwanii, xiinxala ragaawwaniifi kan kana fakkaatan kan dhimma itti ibsamaniidha. Malleen armaan olitti heeraman kana irra caalaatti bal’inaan itti hojjatamaiiru. Qorataan qorannaa gaggeessee milkeessuuuf malli qorannoo inni itti gargaaramuufi dhimma milkaa’ina isaatiif isa murteessa waan ta’eef qoratichi kan filate yoo ta’u qorannoo geggeeffamu tokko keessatti kallattiin raawwii qorannichaa maal akka ta’e ibsamuu kan barbaachisuudha. Dhimmoonni qorannicha keessatti akka bu’uraatti ka’uuf yaadaman, maal irratti akka xiyyeeffatamuu qaban qoratichi addaan baasee beekuuf qorannicha haala barbaaddameen raawwachuuf gargaara. Yaaduma saxaxa qorannoo kana ilaalchisee Victor (2009:203) akkas jechuun ibsa “The research design is plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from where they are and where they are going” jedha.

Adeemsi qorannoo kana qorataan beekuu qaba jedhamee yaadamu, eessaa akka ga’e, eessa akka jiru, garamitti akka qoratichi deemuu qabu kan itti agarsiisu dha. Haaluma kanaan qophiin qorannoo kun mala qorataan qorannicha ittiin gaggeesse kun akkaataa filannoo iddattoowwaniifi tooftaalee odeeffannoon ittiin funaannaman maal-maal akka ta’e, adda baasuuf gargaara waan ta’eefi.

Malleen Qorannoon kun ittiin dhima bahe keessaa akkaataa ragaan ittiin funaaname ilaalchisuun Dastaan (2007:30). Yoo ibsu Gosti qorannoo akkanaa odeeffannoo daawwannaa, afgaaffiifi marii gareetiin kallattii dhumaan hawaasicha keessa galuun funaanamu gadi fageenyaan ibsa. Odeeffannoon kallattiidhaan hawaasicha keessa galuun waan funaanamuuf odeeffannoon argame gadi fageenyaan xiinxalanii ibsuudhaan waan duraan hinbeekamnes ifa baasee kan namatti mul’isudha. Qoratichis malleen qorannoo adda addaa akka jiran keessa malli qorannoo Akkamtaa yookiin qulqulleeffataa mala kana fayyadamuun mala qorannoo ibsaa hojii irra oolchuuf kan filatamu ta’a jechuun abdata.

Qorataan tokko qorannoo isaa qajeelchuuf kan inni ittiin safaratee murteessuufi irratti bu’aa buusuuf yaade sana bira gahuuf ni wixineessa kanaf qorannoo geggeessuuf iddattoon raga barbaachisaadha kanaaf jennaan qoratichi bu’aa erga bareen akkasumas qorannoon erga beekamee boodas firii qorannoo sanaa qaama dhimmichi ilaaluuf dhiheessuufi agarsiisuuf kamtu

akka dhihaatu kan ittiin filamudha. Iddattoo filachuun kan barbaachiseefi.Idaattoo filachuuf karoorsuun ammo yeroo, maallaqa, humna namaafi k.k.f qusachuuf yaadameeti. Haaluma kanaan namni qorannoo geggeessu tokko iddattoo filachuuf tooftaalee hedduutti gargaaramuu danda'a.Kanaaf qoratichis Iddattoo filachuuf murteesse kaa'ee jira.Kunis akkaataa qorannicha waliin deemuu danda'utti ilaalee kan qoratichaan filatameedha.

### 3.1.Mala Filannoo Iddattoo Qorannichaa

Qoratichi mala iddattoo qorannichaaf mijata ta'e adda baasee ilaaluun kan qorannoo sana milkeessan jedhu filachuutu isarra akka jiru hubachuutu irra jiraata kanaaf Iddatteessuun hirmaattota waliigalaa jiran keessaa kanneen bakka bu'uu danda'an murteessudha. Haaluma kanaan, malli iddattoon qorannichaaf ittiin filatame iddattoo eerummaati. Akkasumas mala akkayyootiin nis kan argameedha. Malli kun irra caalaa kan filatameef qorataan dhiirota meeshaalee faaya aadaa bal'inaan fayyadamani heddun isaani ofii isaaniif faayidaa isaa waan beekaniif dhiirota yeroo dheeraaf meeshaalee faaya aadaa fayyadama turan irraa odeeffannoo dabalataa kennanii kan argachuuf kan dandeessisu tooftaa kanaa waan ta'eef filate ittiin hojjate.

Mala kanaan dhiroonni faaya aadaa fayyadaman waa'ee isaa bal'inaan beeku jedhaman iyyafachuun bira dhaqamee odeeffannoon irraa kan funaanamu waan ta'eefi. Kanaafuu malli kun iddattoowwan muraasa odeeffannoon irraa argamu caalaa odeeffannoo argachuuf mala filatamee hojiirraa ooluudha. Kanummarraa ka'uun qoratichi qorannoo isaatiif kan hin ta'a jedhee yaadu namoota qorannoo kana milkeessuu danda'aaniifi hubannoo meeshaalee faaya dhiirotaa kanarratti beekumsaqabu jedhee amanu kan filatu, akkasumas kan meeshaa faayaa kanatti gargaaraman filachuuf karoorfameera kanaaf maanguddoota dhiira 20 kan filatamuuf yaadaman yoo ta'u isaan filachuuf murtesseera. Dabalataan dargaggoota umurii jiddu galeessa keessa jiran sadii ni filatamu. Waluma galatti namoonni 23 ta'an kun hubannoofi beekumsa qaban akka ibsan amanama. Maanguddoon akka iddattootti filatamamaan faaya dhiirotaa kan isaan ilaallatu waan ta'eef caalatti qorannoo kana milkeessuu danda'u jedhee kan qoratichi argateedha.

### 3.2. TooftaaleeFunaansa Odeeffannoo

Milka'ina qorannoo tokkoof qorataan mala odeeffannoo ittiin guuru addaan baasee beekuun barbaachisaadha kunimmoo raga argate bifa qixa qabeessumman qaaccessuuf gargaara waan ta'eefi. Kanaaf malli qorannoo qulqulleeffataa murteessaa ta'ee kan natti mul'ate waan ta'eef

qoratichi filatee jira.Malli kun dhugaa hawaasa tokko keessa jiru bira ga’uuf mala funaansa ragaa adda addaatti gargaaramuu barbaachisa. Haaluma kanaan odeeffannoon Daawwannaa, Afgaaffii, Mariigareefi kallattii dhumaan hawaasicha keessaa funaanuuf kan qoraticha gargaaru ta’ee itti qorataan qorannoosaa sassaabeedha.

### 3.2.1. Daawwannaa Dirree

Daawwannaan meeshaalee ragaan ittiin funaannamu keessaa tokko ta’ee arguun, qaqqabachuun odeeffannoo jalqabaa (primary data) qorannoo tokkoof barbaachisu ittiin walitti qabuuf kan gargaaruudha. Kunis Meeshaalee Aadaa Faaya Dhiirotaa Aanaa Dawaa Caffaa Keessa jiran bakkeewwan itti argaman keessaa Godambaa, yookan kan nnamoonni of harkaa qaban daawwachuun kan qaacceffamaniidha. Dabalataan Yeroo namoonni Faayamanii Bakka gabaa, Bakkaa Ayyaanota hawaasaa dhaqan hordoofii ilaaluun Argamaii hiika isaanii waliin Kallattiidhan Kaameeraadhan isaanirraa argadheera. Akaataa kanaan qoratichi lafa odeeffannoon gahaafi amansiisaan jiruttii qorataan waan arge waan itti mul’atufi bakkee sirnoonni addaaddaa jiran deemuun kan funaanu yoo ta’ukanas kallattiin keessatti hirmaachuufi daawwachuun meeshaalee waraabbii sagaleefi Kaameeraa gargaaramuun odeeffannoo kana kan funaane qorate ta’uusaati.

### 3.2.2. Afgaaffii

Afgaaffiin akaakuwwan meeshaalee funaansa odeeffannoo keessaa tokko ta’ee kan qorataafi qorannoon irratti fuulleffate walarganii odeeffannoon irraa walitti qabamu dha.Yaada kana David E. (2004:213) yoo ibsu, “An interview is a conversation between people in which one person has the role of researcher. The interviewer has to pose questions (in either astructured, semi-structuredor unstructured format) listen to (and data capture) the responces and pose new questions” jedha.

Akka yaada kanarra hubachuun danda’amutti afgaaffiin waliin dubbii hawaasa wajjin taasifamu ta’ee, isaan keessaa namni tokko kan gaaffii geggeessu ta’a. Namoonni afa gaaffiidhaaf qorannoo kana keessatti dhihaatan namootuma Meeshaa Aadaa Beeku Jedhee Daawwannaa yeroon taasisaa jirutti warreen Faayaan sun biratti argame gaafachuun gaaffii caaseffamaa, gar tokkeen-caaseffamaa yookiin hin caaseffamin deebbistootaaf dhiheessuun deebii isaan kennan qabachaa gaaffii haaraa immoo dhiheessaafi deemeera. Kanaaf qoratichis gaaffilee kudha shan ta’an adeemsuma kana hordofuun kan qorannoosaa keessatti afgaaffiif dhiheesse yoo ta’u

namoota iddattoo keessatti heeraman keessaa namoota waa’ee meeshaalee aadaa itti fayyadaminasaa beeku jedhe itti amane kanneen yeroo yeroo ayyaana moolidaa, iddoo gabaatti yeroo faayamanii deeman , saganteeffachuun irraa odeeffannoo kana fudhatee afgaaffii taasiseefi jira.

### 3.2.3. Marii Garee

Ragaalee gahaa ta’e akka argamuuf malli kunis isa barbaachisaafi olaanaa kan ta’eedha.Kanaaf qoratichi kaayyoo qorannoo isaa deebisuu danda’an bu’ura godhatee kan dhimma itti bahuudha.Kanuma ilaalchisuun haayyuun David E. (2004:230) yommuu ibsu ‘Focus groups can be alow cost way of collecting data but require a considerable amount of coopration and enthusiasm from participants’jedha.

Akka yaada warabbii kanaatti mariin garee garee xiyyeeffatamee karaa baasii gadaanaatiin odeeffannoo walitti qabachuuf hedduu gargaaru ta’us tokkummaafi fedhii olaanaa sana yookiin namoota garicha keessatti hirmaatan kanneen irraa barbaachisa. Kanaafuu qoratichi namoota meeshaalee faaya aadaa dhiirotaa irratti beekumsafi muuxannoo gahaa qabu jedhamee yaadame qindeessuun afgaaffiiwwan gartokkeen banaa meeshaalee aadaan walqabatan dhiyaatanii akkaataa hubannoo irratti qabaniin kanneeniin deebiin itti kennamu akka ta’u qoratichi raawwatee ittiin ragaa sassaabbateera.

### 3.2.4. Naamusa Dirree

Qorannoo tokko gaggeessuufi milkeessuuf haalli dhiyeenya qorataa murteessaadha. Haala kana keessatti hawaasa sana bira tutturuun yaada isaanii baruufi akkataa jiruuf jireenya isaanii beekuun barbaachisaa ta’uusaati. Kanamalees akka hawaasichaatti hojjechuun murteessaadha. Haaluma kanaan akkaataa uffannaa, aadaa nyaataafi amantii isaanii kabajuudhaan odeeffannoo kennitoota wajjin walii galuun kan hojjatamuuf qoratichi kan raawwateedha. Adeemsa kana keessattti, qorataan argannoo qorannoo isaa fuulduratti milkeessuuf odeeffannoo kennitoota waliin qophii addaa qopheessun taphachaa odeefannoo isaan kennan bifa naamusa qabuun kan funaanamedha. Haaluma kanaan Godina Addaa Saba Oromoo Kamisee Aanaa Dawaa caffaa keessatti haalli jiruuf jireenya hawaasichaa amantii waliin hidhata waan qabuuf qoratichis adeemsa bareedaafi ifaa ta’een naamusa isaan hin tuqneen odeeffannoo isaa argatee jira.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAA

## 4.1. Itti fayyadama Meeshaalee Faaya Aadaa Dhiirota

Sabni hundi aadaa, amantaafi haala jireenya mataasaa dhalootaa dhalootatti kan ittiin dabarsaa dhufe qaba.Meeshaaleen aadaa, amantaa, duudhaa, eenyummaafi kanneen kana fakkaatan sirna ittiin tikfataniifi kunuunfatanii dhaloota tokkorraa dhaloota aanutti dabarsaa turan keessaa tokko meeshaalee aadaati. Meeshaaleen faaya dhiirotaa uummanni Oromoo kan ittiin beekamuufi kabaja mataa isaa kan qabuudha. Sabni Oromoo meeshaalee faayaa ta'anii eenyummaa sabichaa ibsaa kan turaan saala dhiiraatiifi dubartootan qoodee kan itti fayyadamaa tureefi jiru ta'uusaati. Itti fayyadamni meeshaalee faayaa aadaa akkuma uummmanni Oromoo bal'aafi heedduu ta'e haalli itti uffatanii bareedan garaagari. Kanuma ilaalchisee haalli itti fayyadama meeshalee faaya aadaa dhiirota Oromoo walloo ragaan odeeffannoo irraa argame akka ibsutti; uummanni Oromoo Walloo durii eegalee meeshaalee faaya dhiirotaa heedumminaan kan fayyadamaa yoona ga'aniifi gara fuuldurrattis kan dhimma itti bahan ta'uusaa ibsa.

Akka odeessi af-gaaffiifi marii gareerraa argame ibsutti Meeshaalee Faaya dhiirotaa kan itti fayyadaman dhiirota yoo ta'an, dargaggummaa keessa kan jiran kamiyyuu ni uffata yookiin ni godhata. Kunis dhimmoota hawaasaa hundarratti kan uffatan yoo ta'u; sadarkaa umuriitiinis adda bahee beekama. Meeshaaleen dhiirummaa agarsiisan kan akka Murannaa rifeensaa, Dibannaa rifeensaa, Faaya rifeensa mataatti godhatamu, Hintee, Filaa, akkasuma faayaalee Mormatti rarraafatan Garfooyye,Baarudiifi Tamunii dabalatee dhiironni Oromoo Walloo godhataniifi dhiirummaa waliin hidhata qaban bal'inaan kan sakatta'aman ta'a.Dabalaatanis akkaataa uffannaaisaaniifiwaantota uffannaa isaanii waliin walqabatan yoo qaacceffaman, meeshaalee faaya dhiirotaa kun maal akka ta'aniifi meeshaaleen faayaa kun immoo maalirra akka hojjataman qoratichi argisiisuuf yaaleera. Akka odeeffannoon afgaaffii irraa odeeffatametti Oromoon Aanaa qorannoon kun irratti xiyyeefatu akka ibsanitti yeroo meeshaalee aadaa ta'an ittiin faayamaniifi bareedan qoratichi argee odeeffateera.

### 4.1.1. Yoomessa itti fayyadamina Meeshaalee Faaya Aadaa Dhiirotaa

AkkaUmar Tinaamu, Huseen Abdallaa (Caamsaa 12, 2011) odeeffannoo kennanitti meeshaaleen aadaa faayaa dhiirotaa yeroo adda adda hawaasni kan itti faaymu ta'uu himee jira kunis akka armaan gadiin qoratichi yoomessa isaatiin kaa'ee jira. Uummanni Oromoo uummata seenaa heedduufi aadaa hedduu qabu. Akkasumas kan eenyummaa isaa ibsan Meeshaalee aadaa bareedaa qaba. Meeshaaleen aadaa kun sifa bareedina isaanii kan ittiin tikfatan yoo ta'u yeroo kamiyyuu isaan waliin kan jiraatuudha. Meeshaalee faaya aadaa ibsituu isaanii isa angaafaati. Meeshaaleen aadaa faayaa kunniin dhiira dargaggummaa guutee eegalee hanga maanguddootti kan dhimma itti bahan, kan ittin faayamaan yoo ta'an iyyuu caalatti dargaggoonni fayyadamoo meeshaalee aadaa kanaati. Dargaggeessi Oromoo Aanaa kanaa tokko umurii dargaggummaa keessatti akkuma Aanota biraatti Meeshaalee aadaa kanaan fayaamee Sirnootaafi Bakkeewwan akka Laf-jalee, Gaarayyuu, Iddoo Gabaa, Taphoota Aadaatti ittiin faayamee dhaqa. Dargaggeessii tokko erga umuriin isaa dargaggummaa lixeen booda of tottolshee of dibee miidhagee bakkeewwan aadaa adda addaa jiru sanatti haala akkasiin argama. Bakkeewwan dargoon tokko sirrumatti itti of miidhagsee argamu keessaa bakkeewwan armaan gaditti heeraman qoratichi odeeffatee jira.

#### 4.1.1.1. Bakka Lafjaleetti

Lafjaleen aadaa Oromoon Walloo qabu keessaa isa tokko yoo ta'u kunis yeroo cidhaa iddoo cidhaatti gallaba kan sirbamuudha. Dargaaggeessi ga'an yookiin dargaggeettiin tokko dhalatee/ttee adeemsa keessa darban qabu. Adeemsa kana keessaa tokko kaadhimmatanii fuudhuudha. "Akka aadaa teennatti durbi tokko kaadhimamtee heerumuuf guyyaan cidha ishee yeroo murteeffamee heerumuuf mirmirri sadii yookan afur yeroo hafuuf jedhutti eeyyama maatiin gallaba gallaba mana warra nadhittiitti sirbi dhaabbata. Sirbi kun lafjalee jedhama. Bakka lafjaleen jiru jedhamee egaan dargoon eessa eessaa hin hafu keessattuu durbi heerumtu kun beekamtuu yoo taatee akkasumas gaarayyuun ishee beekamaa naannoo sanaa taanaan lafti walinga'u bakka fageenya qaburraa dhufee sirba" jedha (Huseen Abdallaa Caamsaa 12, 2011).

Akka aadaa duriitti bakka lafjalee kanatti dargaggeessi wal yaamee yoo deemu; akkasuma shaamarran hiriyaa mucayyoofi warren kaan akkasuma wal yaamanii dhaquun taphatu, akka carraa ta'ee dubri hiriyaa mucaa heerumtu sanii mannisaanii walirraa fagoo yoo ta'ellee ijoollee dhiiraa xixxiqqoo fudhattee dhaqxi malee hafuun waanta'u.

Daa'immaniis asiitti akka aadaatti waan taphatamu ilaalaa guddatu,waan ta'eefi hafuun waan malu jedha. Lafjaleen yeroo taphatamu dhiironniifi nadhoon kallattii gamaafi gamana dhaabachuun waliin taphatu yeroo kana dubarri taratii baaftu ni filatamti. Kan filatamte taphattee kan beektuufi muxannoo taphachuu kan qabduu yoo taate misha. Kan filamte kun kaan jajaa isa kaan immoo qeeqaa taratii baastiif. Dhiirrimmoo asitti kan ululleen taphatu sun kan sirba baastu sana waliin qindeessuun ulullicha taphata. "Dargaggeessi hammisa sagaleen sirriitti hammisuudanda'u ni jajama. Akka isaa jechuunis onnee dargaggoota achi jiraaniin butama" jedha (Huseen Abdallaa Caamsaa 12, 2011).

**4.1.1.2. Gaarayyuu Bira Yeroo Deeman**

Akka Huseen Abdallaa Caamsaa 12, 2011 odeeffannoo kennetti "aadaa saba kanaattti dargaggeessi OromooWalloo tokko dhalatee erga umuriin isaa dhiirummaa guutee; Gaarayyuu qabachuun aadaa abbooti irraa dhaalameedha. Aadaan kun Oromoo biratti kabaja qabdi. Gaarayyuu jechuun kallattii biraatiin tiksee akka jechuuti" jedha. Dargaggeessi tokko dubara tokko argee yoo jaalate arrittii gaafachuun waanuma baramaadha.kanaaf jennaan namni arritti argate kun guyyicha beellama qabatee mucayyoo arriitti harkaa fudhate sana beellamatee haasaa jalqabu.Bakki haasaa isaanii bakka Qoraan cabsuu, Bishaan waraabuu, Duuniyaa yeroo bobbaasan, iddoo tikaafi yeroo Gabaati. Yeroowwan kun yeroo filatamaafi dargaaggootaaf isa sababa ta'uudha.Kanaaf kallattii kanaan haala waliif mijeessun waliin taphatu.

Dargaggeessi beellama qabate kun Filatee,Dibatee,Urgaa'ee, Bareedee yeroo beellama sana eega.Yoo dursee achi gahe dursee bakka taa'umsaaf tolu mimmijeessa kanaan booda waliin haasa'u, waadaa gaarayyummaas waliif seenu.Gaarayyuu keessatti taphaan alatti waanti biraa hin yaadamu.Haata'umalee aadichi yoo cabe akka seera abbaa Ormaatti adabbii cimaatu gurbichaan eeggata kanaaf jecha dargaggeessi Oromoo Walloo Aanaa Dawaa caffaa akkuma Godina Oromoo kanaatti Seera Abbaa Oromoodurii eeganii itti jiraachaa turaniiru (Ammee Xayyaar,2010:134)

Akka aadaa keenyaatti dargaggeessi gaarayyuu qabu amma isheen heerumtutti ni eega, isheenis isaan alatti kan biraa hin hiriyoomsattu. Maatiinillee Gaarayyuu intala isaanii beeku. Ollanis akkasuma sirriitti beeku. Aadaa kana keessatti waanti dhokatu hin jiru. Hundi ifatti malee waanti akka dhoksaatti ilaalamu hin jiraatu. Kanaaf intalli kun gaafa heerumtu guyya heerumte sana kabaja qarrummaa ishee gaafa mirkanaa'e kabajnii ulfina guddaatu Maatiifi Gaarayyichaaf

laatama. Gaarayyuun intaltiis hawaasa biratti ija addaatiin ilaalama; kana jechuun kabaja guddaatu kennamaaf jechuudha. Aadaan Gaarayyuu yeroo ammaa kana akka duriitti hin leellifamu. Dargaggeessi ammaafi durii tokko mi. Warri ammaa akka dargoo durii intaltii waan tiksu. Kanaaf jennaan maatiiin durbaas akka duriisana amanee durba qofaa gad hin gadhiisu. Keessattuu waggoota digdamoota darbanii as jedha. Walumaa galatti Gaarayyuun aadaa kabajamaa amma dhabamaa dhufeefi osoo akka aadaa duriitti itti fufee rakkoon amma mul'ataa jiru hin dhufu keessattu dhibeewwan babal'ataniif dawaa ture jedha (Huseen Abdallaa, Caamsaa 12, 2011)

#### 4.1.1.2.1. Kennaa Gaarayyuu

Dhiroonni umriin isaanii akkuma guddacha dhufu taphaa hiriyyaa dubra wajjin taasisuuf fedhii kan qabataniidha. Akka aadaa Saba Oromoo Aanaa Dawaa caffaatti Gaarayyuu jechuun osoo hin fuudhiin dura hiriyaa dubaraa kan wajjin taphaatu yoo tahu taphiinii isaanis mudhii gadii kan ce'uu miti. Kana jechuun akka seeratti seerii sirna taphaachisa jedhuun waan bahe waan jiruuf gareen taphaatu. Yeroo kana mudhii gadi ce'uun kan fedhii saalqunnamtii yaadamu hin tahu. Yeroo jireenya gaarayyuu wajjiin dabarsani innis isheenis faaya akka keennatti kan walii bitaan keessa tokko quboo jedhama.Kan dhiirii gaarayyuu ta'e kan bituu inni biroo ammoo Hirimaa /Torbii fi urgooftuu adda addaati. Kennan kun kan kennamu iddoo ishiin Duniyaa Tiksitutti, iddoo Bishaan waraaban, Qoraan funaanitti dhoksaan kan intalaaf taasisuu malee ifatti kan mul'atu miti. Sababni isaa Gaarayyuu osoo hin heerumni dura wajjiin taphachuuf qofa akka hiriyaatti kan dhiiraa wajjin jirachuu dandaa'u ishee itti shaakaltuudha (Huseen Abdallaa, Caamsaa 12, 2011) jedha.

### 4.1.1.3. Yeroo Awwaaniyyoon Taphatamu

Taphni aadaa hangafa tapha ammayyaati. Umurii dheeraas qaba.Taphoonni aadaa Oromoo keessaa baay'een isaanii yoo xinnaate namoota lamaafi isaaol kan hirmaachisanidha.Gareedhaan kan taphatamus nijira. Kaayyoon tapha aadaa inni guddaan nama yookiin garee waliin taphachaa jiran injifachuudha. Injifannoo argameenis cimina yookiin caalma agarsiisuudha malee nama yookiin garee injifatame dallansiisuu miti. Akka caalatti itti cimu godha malee haaloo kuusuu hin gaafatu.

Akka ragaa kennaan jedhutti Awwaaniyyoon gosoota taphoota Aadaa Oromoo Walloo ta'ee yeroo ayyaanni Idii hiikkatu  lagaafi gaararratti kan taphatamuudha.Yeroo kana dargaggeessi

bakka jiruurraa wal waamee gara gallabaa sa’a sagaliirraa eegalee hanga halkaniitti kan ‘caraqaan’ taphatamuudha. Dargaggeessi of miidhagsee tarree tokkoon marsee Ulee isaa hirkifatee, Gojoba godhatee, Mataa filatee, U’urgaa’ee oftottolshee gara taphichaatti baha.Shaamarranis babbareedanii bakka taphichaatti dhaquudhaan taphicha hoo’isu. Dargaaggeessifi dubri wal filatee waliin taphachuuf ulaagaa keessa darbantu jira. Dargaggoonni ulaagaa guutuu qabu keessaa tokko wal’aansoo walqabuudhaan; dargoon kuffifate dubroota dhaabatanii ilaalaniin filama. Inniyis jabaatti ilaalama. Kanaaf durbi dhiira sana jaalatte arrittii fuunfachaa dhuftee rifeensa mataasaatti suuqxi yookan immoo fiixee uleesaatti suuqxiif.Kanaan booda mucatti waliin kan taphatu isa qofa ta’a jechuudha. Gosti tapha kanaa Awwaaniyyoo lagaa jedhamuun beekama jedha oddeef kennaan.

“Taphni Awwaaniyyoo biraammoo Awwaaniyyoo gaaraati.Gosti tapha kanaa gaara gubbaan isaa diriiraa ta’e gubbaatti dhiirrinis dhalaaniysi bahuun taphatu. Kun waan gaarii arguutti fakkeeffama. Dargaggeessa qofa osoo hin taane ijoolleenis bakka sanatti ni argamu aadaa sana booda isaantu bakka bu’u waan ta’eef namni dhoorku hin jiru. Aadaan taphaa kanaa yeroo amma kanatti hafeeni jira. Namni taphatuu waan hin jiru. Amantiin kan jidduu galee kanatti hafe. Dargaggeessi ammaa waansaayyuu wallaalee jira kanaaf aadaan kun osoo deebisanii mishaa ture” jedha (Musxafaa Huseen caamsaa24, 2011).

#### 4.1.1.4. Gaafa Guyyaa Gabaa Bahan

Uummanni Oromoo Walloo akkuma uummata biro qonnaan bulaa akkasumas daldalatee jireenya isaa gaggeessa jiraata. Akka Godina Addaa Oromoo kanatti gabaa gurguddaa yoo jiraate, Gabaan Baatee, Gabaan Sanbatee, Gabaa Booraafi Gabaan Kamisee isaan beekamoof Oromoon hedduun itti daldalatuun alatti itti wal argu ta’anii tajaajilaa jiru. “Gabaan Kamisee akka walii galaatti gabaa guddicha yoo ta’u namoonni daldalaaf dhufan kallatti arfaniinuu itti sheenu.Gabaan kamisee Oromoota Wallootiif bakka bittaaf gurgurtaan itti adeemsifamuun alatti bakka eenyummaa isaaniitti warri ilaalan jiru. Kanaaf dargaggeessi Oromoo guyyaa kana akka bakka walgeettii akkasumas bakka icciitii isaanii itti mari’atan ta’ee akka riqichaatti isaan gargaara. Dabalataan Kamiseen bultii jireenya isaanii boruutiifis bakka walgeetti ta’ees tajaajila. Kanaaf dargaggeessiifi dargaggeettiin gabaa torbaniin dhufu kana ooluuf yoo dirqamni qabe malee waan hafanii miti jedha ragaa” kennaan  (Umar Tinaamu Caamsaa 12, 2011).

Itti dabaluun Akka odeessaan jedhutti dargaggeessi tokko gaafa gabaa deemu calliseetuma manaa hin bahu,wal waamee baay'atee gabaa baha. Yoo gabaa deeman kana dibatanii, miidhaganii sirrittii faayamanii taphachaa deemu. Yeroo gabayaa kana deeman dhiirinis ta'ee dhalaan meeshaalee faaya aadaa ta'an naqatanii, bareedina qaama isaaniif kan ta'u hunda godhatanii babbareedanii bahu. Gabaan kamisee warren waljaalataniif bakka walargaati, kan kaadhimmachuufedheeyis asuma kamiseedha. Ilaallanis asuma eegala. Kanaaf kamiseen eenyummaa waliin wal qabsiifama. Yoo sirbaanillee akka armaan gadiin warri wal jaalate ergaa walitti dhaammata jedha. (Umar Tinaamu Caamsaa 12, 2011)

*Yoo kamisee baatu, Maali kan naaf bittuu?*

*Waan jabanni fidee, Saamunaafi shittuu.*

Afoola armaan olii kana kanarraakan hubatamuu qabu; dargaggoonni Oromoo Aanaa kana akkuma Oromoo Aanaa biraa kan abbootii isaanirra dhaalan kanaan waan waliif godhan keessattuu namni wal jaalate waan walii ta'u, yoo gabaa deemaan kan waliif bitan arguun ni danda'ama. As keessatti dhimmi guddaan waanta bareedina isaaniif ta'u yookin waanta urgaa'u akka waliif bitan hubachuun nidanda'ama. Kunimmoo jaalala jabeessa jedhama.

Dabalataan warreen wal jaalatanii sababa addaaddaatiin wal arguuf karaa dhaban, keessattuu sababa maatiitin karaa dhaban yeroo isaan Gabaa Kamisee bahan akka carraatti itti gargaramun waliif beellamu. Sababni isaa maatiin gabaa bahuun waan hin oolleef guyyicharratti beellamni qabama jechuudha. Gurbaan tokko durba jaalatee karaa dubbisu yoo dhabe yeroo maatiin ishee gabicha deeman eeggatee dhaqee waliin haasa'a. Kanas afoolaan yoo ibsan:

*Hallayyi gad jigee,*
*Alshaayyoon gaddafee.*
*Baalaa garaan durbaa,*
*Kamisee baanaan dhufe.*

Haftee afoola kanaarraa kan hubatamu guyyaan kun namoota wal barbaadee haala mijataa ittiin waldubbisuu dhabaniif akka carraatti gargaara jechuudha.Askeessatti kan hubatamu dhiirri durba gaadu gaafa kana eeggatee ishee dubbisuu mala kan jedhu agarsiisa (Umar Tinaamu Caamsaa 12, 2011).

### 4.2. Tolfannaa Rifeensaafi Dibata Isaa

Akka Saayid Goofaree Waxabajjii 25, 2011 jedhutti Dabbasaan Aadaa, Seenaa, Duudhaafi eenyummaa saba tokkoo miidhagsanii ibsuu  kan danda'aniidha. Oromoon Kamisee Aanaa Dawaa caffaas bareedina uumaan isa badhaafteen cinaatti akkuma hawaasa biyya kanaatti malootaaf haala itti of miidhagsu hedduu qabu keessaa haalli tolfannaa rifeensaafi miidhagina isaaf oolan hedduu akka ta'e hima. Dargaggeessi Aanaa keenyaa kun yeroo rifeensa mataa isaa toshatu naannoo manaarraa fagaatee Ooruu, bakka jiidhinni jiru laga bu'uun rifeensa isaa cirata jedha.

Akka ragaan afgaaffiirraa argamee ibsutti dargaggeessi naannoo kana rifeensa isaa miidhagsuuf kan baay'ee itti dadhabuufi waantota bareechuuf isa gargaaru keessaa tolfannaafi dibannaa isaati.Yeroo rifeensa isaa tolfatu gosa rifeensa kutatuu dursee beeka yookaan rarraga tolchee dhiisa kanaan ala gosa biraatiin kuta. Waanta dibannaa isaaf oolufi qulqullina isaaf ta'u sirriitti itti yaaduun miidhagsata. Ogeessi rifeensa kana kutu hiriyootumatu waliif dabaree dabareen cira malee akka isa baraa kanaamaashina dhamaasanii mi. Waanti ittiin kutaniifi filanis meeshaaleedhuma naannootti argaman kan akka maqasaafi aadduuti jedha odeessi af gaaffiirraa argame.

#### 4.2.1. Haala Tolfannaa Rifeensaa Warra Dhiirotaa


Kutannaan dabbasaa durdur Oromoon keenya gosa garaagaraatiin akka rifeensa mataa isaa tolchatuufi bareechatu gosa addaaddaatiin miidhagsata malee aadaan alatti bahee akka isa ammaa kana ciratan hin turre. Dargaggeessi yeroo rifeensicha ciratu gosa maalii akka kutatu yookin filatu sirriitti beeka, sababiin isaa dur gosti kutannaa rifeensa amma kana heddummina hin qabu yoo ni tolshata ta'e gosa lamafi sadii akka hin caalle odeessi odeeffatame ni ibsa. Dabalataan haalli itti kutatan kana keessaa gosoonni kutannaa kun abbaan kutatu akka aadaatti adda bahee waan beekamuuf dargaggeessi kutachuuf gosa kutannaa dhabee hin rakkatu. Akka Oromoo Aanaa qorannoo kanaatti gosti kutannaa rifeensa gosa kutannaa armaan gadiitiin akka ciratan nifi waliif sirreessan (Saayiid Goofaree 25, 2011) eereera.

##### 4.2.1.1.Gunfura

Gunfurri akkaataa dargaggeessi Oromo asii rifeensa isaa itti miidhagsatu ta'ee akkuma jiruun filuudhaan oltumanii akka dhaabatu taasisu. Gunfira kana  yeroo hunda tolshatanii filaadhaan akka wal hin caalletti filu. Kana booda haadduudhaafi maqasaan jala karaa duuba isaa

xiqqeessanii irraa ciru. Karaa duuba isaa ciruun kan barbaachiseef akka yeroo dhadhaa dibatan gad akka hin yaaneefi. Dhadhaan kun yoo baqee jedhe achiin bahee huccuu akka hin jiisneef gargaara.Yoo bakka sanarraa rifeensi hin ciccinne rifeensi ni dhedheerata waanta’eef achirra yaa’uun uffatichatti dibama jechuudha. Haata’u malee akka aadaa uummata kanaatti dur namni gunfura ciratu dargaggeeyyii yoo ta’u keessattuu durba fara’uuf yeroo barbaadan sirriitti filanii ol dhaabanii tuullanii deemu jedha.

Itti dabaluun Oromoon aanaa kanaa yeroo Gunfura ciratan dhadhaa hin dibatamu dhadhaa dibachuun hin eeyyamamu. Kan dhadhaa dibatu warra goota ta’aniifi ajjeesanii beekaman qofatu dhadhaa dibatee babbareedee deema; malee akka yeroo ammaa kana darbanii darbanii dibatanii deeman kana miti. Gunfura tolchuuf hiriyaadhumatu waliif dabaree bareecha malee ganda hin deemani. Dargaggeessi kamiyyuu ogummaa gunfura ciruu qaba. Sabni isaa walirraa barataa darba dabarsaa deema malee nama biroo hin barbaadan. Gunfurri haala bareedaadhaan yeroo filatan bareedina bira darbee aduullee namarraa ittisa. Kanaaf dargaggeessi Oromoo sirrumatti filataa akka turefi  yeroo ammaa garuu naannoo Badiiyyaatti baay’inaan ciratamee filatama malee, gara Magaalaa kanaatti waan jiru. Kan jiruyyuu yoo jiraate, muluudhuma guddisuun filatu malee akka Gunfuraatti jala isaa karaa duubaa irraa hin gaggababsan callisaniituma olfiluun dhiisu yoo fedhan immoo boca isaa baasuun itti marsu kun immoo akka aadaa keenyaatti hin fudhatamu.



Suura 4: Yeroo Dargaggeessi Gunfura filatee jiru (kan qorataan Gabaa Kamiseetti caamsaa 24/2011( 4:11) kaase.

Akka Mohammad Sh/Alii (caamsaa 27/2011) ragaa af gaaffiin kennetti; “Gunfurri erga bareedee filameen booda arritti yoo durba irraa argatan gurrarratti suuqun urgeessu, akkasumsa filaa gad itti suuquun faayamanii deemu. Gunfura kan filatu dargaggoota hin fuune yoo ta’u yeroo mara filatanii deemu. Warri fuudhan hin filatan tahus kan dargaggumma hawwe darbee darbee filachuu mala” jedha raga kennaan. “Dargaggeessi tokko erga fuudhee Gunfura isaa ni aaddaata. Aaddachuunsaa kun sadarkaa dargaggummaa keessa baheera jechuusaati. Booda deebisee filachuu danda’a, malee yeroo fuudhaa sana ni aaddata” jedha.

#### 4.2.1.2. Gonfee

Gonfeen gosa tolchannaa rifeensa dargaggoonni kutatan yoo ta’u, bukkee lamaaniifi karaa duubaa bifa wal qixxaataa ta’een cirama.Sana booda karaa fuulduraas akkasuma irraa ciruudhaan naannaa rifeensichaa osoo wal hin caalchisiin wal qixxeessu. Gonfeen yeroo cirame osoo dhadhaa hin dibiin kallattii hundaan asii ol garaa samiitti filatu malee dalgaa yookahuu asii gad hin filani. Yeroo hunda Gonfeen asii ol filaadhuudhaan akka tuullaa cidii xeefiitti ol luullessu. Gama biraatiin gonfeen gaara naannoo isaanitti argamu fakkeessun akka cirataan af gaaffiin argame ni agarsiisa.

#### 4.2.1.3. Gaammee

Akka Abduu Gizawu (Waxabajjii 2, 2011) Oddeeffannoo kennetti; “Gaammeen gosa kutannaa rifeensa dhiiraa yoo ta’u kan sirreeffatu ijoollota. Keessahu warreen re’ee, duuniya tiksuu danda’anitu sirreeffata. Daa’imman umurii isaanii kana keessatti gaammee bareechaniifi kutuun dhadhaa dibu. Dhadhaa dibuun mataan isaanii akka hin daalachoofneef gargaara. Dhukkeen yoo irratti bu’e daalachaa’ee namatti akka hin fokkifneef sirriitti gargaara” jedha.

Akkasumas mataan daa’immanii sirrumaan akka jabaatuufi robbiinis akka hin nyaanne taasisa. Gaammeen rifeensa hunda irraa haaduun gara fuulduraatti hambisama. Ijoolleen akka mata qullee hin taaneef fuulduratti dhiisuufi. Haala kanaan hambisuufin ija hamaa irra dabarsuuf gargaara jedhameeti jedha ragaa kennaan. Kanaaf gaammeen daa’imman durii biratti iddoo guddaa qaba.Gaammee kan tolchu haadha mucaasaanatu aadduudhaan irraa quncisee bareechaafi.Akkasumas abban haaduufi danda’a. Daa’imman naannoo kanaatiif dur sirrumatti sirreessuuf amma garuu gaammee ciruun akka boodatti hafummatti lakkaayuun harmeen saaniiyyuu yookiin abbaan tole jedhee hin ciruuf. Gaammeen darbee darbee baadiyya keessa fagaatee maatii tokko tokko biratti akka argamu odeessaan irraa odeeffatame himee jira




Suura 5: Mucaa Gaammee tolchatee jirukan Qorataan caamsaa 22, 2011 kaase.

#### 4.2.2 Dibatafi Urgaa Rifeensa Dhiirotaaf kan Oolan

Akka Umar Tinaamuu (Caamsaa 12, 2011) ragaa kennetti; "Daa'imman, dargaggoonnifi maanguddoonni Oromoo aanaa kanaa waan hunda dura bareedina rifeensa isaaniitiif dursa kennuun beekamu. Kanaaf dargoon kamiyyu yeroo karaa deemus ta'ee duniyaaeegu of ilaallee of harkaa hin dhabu. Sabaabni isaan baay'ee rifeensaafi bareedina isaanii ittiin tikfachuuf gargaara.Akka odeessi argame kun ibsutti dargaggeessi bareeduuniif akkanatti of miidhagsuun durboota biratti fudhatama argachuuf yoo ta'u. Akkuma aadaatti ilaalama, keessattuu Oromoo walloo biratti jedhu. Waanti bareedina isaanii kanaa tiksuuf keessaa tokko dibannaadha. Dibannaan kun kan qaamatti godhatanirra kan mataatti godhatan sirrumatti dargoon gargaaramu" jedha.

##### 4.2.2.1. Dhadhaa

Akka Shittuu Birrii (caamsaa12, 2011) jedhetti, " Dhadhaan bu'aa looniiti.Akka aadaa keenyatti kan duuniyaa hin qabne hin jiru. Kanaaf dhadhaan jira jechuudha. Keessuma Oromoo biratti dhadhaan bakka guddaa kan qabuufi mana namaa keessa kan dhibe waan jiru.Yoo saani isaa jalaa didde illee Oromoon sa'a walii kennee; aannan wal obaasa jechuudha. Kanaaf namoonni aanaa keenyaa daa'imaa hanga nama guddaatti dhadhaa kan dibataniif. Dhadhaa dibachuun kun bara abbootii keenyaa keessa kan dhadhaa dibatu nama ajjeesse qofa ture. Amma garuu aadaadhuma durii san faana bu'uun osuma hin ajjeessin dibaachaa dhufamee jira. Dargaggeessi gaafa filate dhadhaa isaa sirriitti dibatee bakka gabaa, cidhaa, gaarayyuu isaa bira deema kana malees naannoo kun baay'ee waan hoo'ufi akka mataan jidhaa hin dhabneefis ni dibatama" jedha.

#### 4.2.2.2. Adasii/ Dhunguugii/

Adasiin urgooftuu baala biqiltuu taatee fiinxee ishee ciruun goggogsu. Erga gogeen booda daakuu dhadhaa dheedhiin makuun dibatu.Adasiin haala kanaan qorfamee daakame kun halluu dhadhichaa adiirraa gara halluu keellootti jijjiruun bareecha. Inni biraan immoo adasiin yoo dhadhichii ture foolii akka hin godhanneef gargaara. Akka aanaa kanaatti namni yeroo dhadhaa dibatu kana foolii isaa tiksuuf adasiin nama gargaara (Shittuu Birrii caamsaa 12, 2011) jedha.

#### 4.2.2.3. Xoosanyii

Xoosanyiin gosa hiddaa yootaatu lafarra looti kanas baala ishii gogsanii irraa harcaasuun harkaan shukkuumuu yookan mooyyeetti tumuun dhadhaa dheedhiin makuun dibatu. Haala kanaan dhadhaan makuun foolii dhadhichi qabu jijjiiruuf nama gargaara. Haala kanaan dhadhaa kan dibatu saalaafi umurii waan adda baasuun qoodamu hin qabu keessatti dargagoonni sirrumaan itti gargaaramu jedha ragaa kennaan.

#### 4.2.2.4. Qaxanaayyuufi Alaashummee:-

Qaxanaayyuufi Alaashummeeurgooftuu Oromoon Walloo urgaa foolii qaamaa isaani ittin eegatan keessaa isaa tokko. Gostii urguuftuu kan lameenii akaakuu baala mukkeen xixxiqoo fooli urga’aa qabani naannoo bosonaafi garreen irratti kan biqilaniidha. Urgooftuwwan kana mooyyeen erga walittii tumameen boode dhadhaan walitti laquun rifeensa mataatti dibatuun urgaaf kan isaan tajaajiludha. Afoolan urgooftuuwwaan kunneen hangam haalalaa akka urgaa’uu danda’uufi dubartoonni urgaa foolii dargaggootaa kana bakka lafjaleefi iddoo aadaan sirbamuutti dhiirota Walloo dibannaa fooliisaatiin kan adda baasan yoo ta’u afoolanis ni ibsu;

*Walloon amma darbee,*
*Qaxanaayyuu qabaa.*
*Inni ganaa dhufu,*
*Alaashummee qabaa.*
*Magaan yaa kamisee,*
*Yaa Addis Ababaa.*
*Dubarri arrittii.*
*Dargoon qaxanaayyuu,*
*Hinagarre jedhii,*
*Wayyaa kee nakaayyuu.* (Shittuu Birrii caamsaa 12, 2011) jedha.

Jechuun urgooftuu akkamii akka dibate urgaa dibata kamii kan qabu. Sabni Oromoo Walloo akka itti fayyadamu ibsata.Yoo tahu miidhagina qaamaa dhiirotaa ittin kunnunsuuf dibatni aadaa

Oromoo Walloo biratti aadaa boonsaadha akka ta'e ragaan armaan oliirra afgaaffin argame ni ibsa.

### 4.3. Ogummaa Meeshaalee Faayaa

Ogeessonni Meeshaalee fayyaa aadaa Oromoo Walloo kan haala ammayyaa teeknooloojiin hojjetaman osoo hin taane namoota ogummaa harka qabaniini waantota uumamaan argaman irra hojjechuun gabaaf dhiyaatuudha. Faaya aadaa kana kan hojjeechuf isaan dandeessise aadaa isaaniif qofa osoo hin taane maddaa galii ta'uun waan isaan dandeessisuufi. Jiruuf jireenya isaanii karaa ittii qajeelchataniidhas.

#### 4.3.1 Warra Ogeessaa Faaya Aadaa Hojjetan

Warri sibiila tumaan, wayyaa dhahan suphee dhahan, muka soofan, gogaa dugaaniifi jaarren hoggummaa harkaa qaban kun sammuu isaanii kan warra biroo caalaa qaroo ta'uun isaa hin mamsiisu. Harki sammuun ajajama. Wanna sammuun yaddee kayyeffatee harkii hojjeta. Bara durii addunyaa kana irratti bakka heddutti namoonni ogummaa harkaa qaban ni tufatamu, ija tuffiitiinis ilaalu. Akkasumas jireenya keessatti akka walcaalmaatti wal ilaalama. Kana jechuun warri hojjatan maqaa ogummichaatiin waamuufi hamilee namoota kallattii kanaan beekumsa qaban akka hojiisaaniirraa baqataan taasifamaa ture. Biyya keenyaan alattis akkasuma kallatti kanaan maqaa walii moggaasuun tuffataafi tuffatamaa wal taasisaa walcaalcisaa turan. Fakkeenyaafwarri adii 'Black Smith'jechaa turte.

Yaaduma kana ilaalchisee Darajjee Darrasaa (2016:60) irratti Dirribii (2012:339) wabeeffachuun yoo ibsu "Jarreen qaroo kennaa addaa qaban kun lakkoofsaan muraasa waan turaniif warra akka isaanii qaroo hintaane, inaafadhaan tuffatamaa turan malee akka dandeettii isaanitti warra hunda caalaa kabajamuu kan qabaniidha.Isaantu wayyaa dhahe, aduufi qora nurraa ittise. Isaantu konkolaata tolchee akka sibilli namaafi meeshaa heddu baatee gulufu godhe" jedha.

Akka ragaa odeeffatatti ogeessoonni saba Oromoo Walloo keessa jiran yeroo ammaa kanas ogummaan kanarratti bobba'ani jiru. Meeshaaleen faaya kun kan hojjeetaman sibila adda addaa, gogaa, jirbii, mukaafi k.k.f. Godina saba Oromoo Walloo keessatti ogeessoonni ogummaa meeshaaleen faayaa aadaa qaba akka gosatti walqoodaamun kan hojjetaniifi namoota hojjetannif ammoo ilaalcha gaarii isaanif dhabamurra kan ka'e akka sanyii addaatti kan ilaalamaniidha. Sababumma kanaaf warra ogeessota meeshaalee aadaa Walloo lakkoofsan xiqqaacha jiru

jechuun raga bahu. Dabalaataan qaamonni mootummaas deeggarsa tokko malee calliseetuma dhaabatee akka ilaalaa jiru ta'uusaati (Ismaa'el Alii waxabajjii 13, 2011).

### 4.4 Gosoota Faayaafi Qaama Isaan Irratti Godhatan

Akka Kumaa Araarsaa, Abduu Siraajiifi Ismaa'eel Alii,Umar Tinaamuu (Waxabajjii 2, 2011) jedhanitti. Meeshaaleen Faaya Aadaa Oromoo Walloo biratti hedduu kan beekamuufi kallattii garaagaraatin kan itti gargaraamaniidha. Gosoonni faayaa aadaa kunneen jedhaman kun kan akka, FaaqqeeGojoba, Hinteefi kan biroo kan ilallatuudha. Meeshaaleen faayaa kun Rifeensa mataa kaasee guutummaa qaama isaanirratti ittiin of miidhagsaniifi ogummaa hojii harkaan hojjataman saba Oromoo Walloo biratti yeroo hedduu itti tajaajilamaa argamu.


Gosoonni meeshaalee faaya aadaa dhiirotaa itti fayyadama kanneen akka faaya mataa, faaya mormaa, faaya mudhii, uffata aadaa, Rigaa ilkaanii, uleefi kan kana fakkaatanitti qoqqooduun yoo ta'u, isaanis haala armaan gadiin duraa duuban ibsamaniiru.

#### 4.4.1 Faaya Mataa Dhiironni Ittiin Faayaman

Miidhaginaf faaya aadaa mataarratti godhatani gosootni adda addaa kan jiru yoo ta'u isaanis hiika akka qabatuutti umrii isaani bu'uura godhachuun kan itti fayyadamaniidha.Gosoota faaya mataa saba Oromoo Walloo biratti beekamani kanneen akka Faaqqee, Kuulafaaqqeefi Hinteenisaan ijoodha.Meeshaaleen Faaya armaan olitti ibsaman kana maalumma, wantoota isaan irraa hojjetaman, umrii kamitti akka fayyadamanifi maalif akka fayyadani haala armaan gadittin tokko tokkoon ibsameera.

**Faaqqee:-**Meeshaalee faaya mataa kan ta'e keessaa tokko faaqqeedha.Faaqqeen mukarra yookin sibiila xilaarra kan tolshamuudha. Faaqqeen muka ejersaa irraa ogeessa ogummaa muka qabutu soofee tolcha. Akkasumas Faaya kana dhiironni dabbasaa mataa isaanii keessattu Gonfee yookan Gunfura isaanii ittiin filachuuf gargaara. Faaqqeen yeroo fi bakka hin filatu mataarra oolti, gallaba qofa buuti jedha ragaa kennaan. Akkasumas yeroo filatanii, dibatanii jedhanitti yoo mataan kan hooksisu ta'e akka dabbasaan bocaasaa hin gadhiifnetti ittiin hooqqachuuf akka harkaatti kan gargaaruudha. Faaqqee yeroo baay'ee dargaggoota filatantu itti dhimma baha. Warreen hin filanne yeroo barbaadan hinteen ofitti hidhu (Kumaa Araarsaa Waxabajjii 2, 2011) jedha.

**Kuula Faaqqee:-** kuulli faaqqee gosoota Meeshaalee Mataatti godhatamu yoo ta'u Kuula Tubbaa irra bocama namni kamiyyuu tolchuuf hin rakkatu. Kuulli kun bifa walqixxaata ta'een erga dachaafameen booda qabannaa faaqqee karaa duubarratti hidhuun rarrasu.Kuulli kun halluu diimaarra kan hojjatamu yoo ta'u Oromoo walloo biratti gootummaatti fakkeeffama. Namni goota hin taane hin kuullatu. Kanaaf Kuulli Faaqqee mallattoo gootummaa bira darbees warreen bareedina dabbasaatiif suuqqatan akka jiran hubatamee jira. Kunis yeroo dabbasaa filatanii jedhan sanatti halluu diimaan kallatti bitaatti suuqqachuun faayamanii deemu. Kallatti bitaan suuqqachuun harka mirgaan of eeggachaa suuquufi baasuuf waan gargaaruf akka ta'e ibsameera. Kunis yeruma hundaa rifeensatti faayamti.




Suura 6Faaqqeefi kuula isaa waliin kan Qorataan Waxabajjii 25, 2011Kamiseetti kaase.

**Hintee**:-Meeshaalee faaya aadaa dhiirotaa ta'ee kan eegee farda, laastika gommaa ta'erraa kan hojjatamu yoo ta'u; kirrii diima irraas ni hojjatama. Hinten kuula diimaa waliitti baay'isanii maru. Erga maraniin booda walitti dindinuun yookan fo'uun rifeensa mataa jalatti hidhatu haala kanaan dargaggoonni Oromoo Walloo of faayee aadaa abbooti isaanii hanga ammaatti tiksaafi kunnuunsaa yoonaan gahee akka jiru haalli inni meeshaalee aadaa isaa itti fufsiisaa jiru kun ragaadha.

Hinteen kan itti fakkeeffamu dhiirummaa waliin kan walqabatuudha. Dhiirri Hintee hidhate akka abboota duriitti warreen ajjesan gootummaa isaani kan ibsuuf keessa isa tokko yoo ta'u. Waanti ajjeefamu kun immoo diinota isaanii dirree lolaatti injifatan ta'a jechuudha. Dabalataan dhiironni hin ajjeefne, callisumaan dhadha kan dibatan akka dhadhichi fuula isaanirra gad hin yaane

ittisuufi waan danda'uuf mataa isaanii jala hidhachuun dhorku. Akka aadaa hawaasaa kanatti hintee kan kaawwatu umurii dargagummaa irra eegalee faayachuun akka danda'amu manguddoonni irra odeeffatame ni ibsu.




Suura 7Yeroo hintee hidhatee jiru kan caamsa 12, 2011 Kamisee iddoo Galma Abbaa Gadaatti Qoratan kaase.

### 4.4.2 Faaya Mormaatti Dhiironni Naqatan

Meeshaaleen faaya aadaa kan dhiironni morma isaanirratti ittiin of miidhagsuuf ittifayyadamuun hiika mataa isaa dandaa'e qaba.Meeshaaleen aadaa kunneen yeroo ammaa kanaatti dargaggeessi itti dhimma bahamu yoo ta'u.Gosoonni faaya mormaa kun umurii dhiirotaa bu'ura godhachuun akka aadaa isaanii ibsuu danda'uun qajeelchaniifaayatu jechuun armaan gaditti (Shittuu Birrii Waxabajjii 14, 2011) ibsee jira.


**Baarudii**:-Meeshaalee faaya aadaa dhirotaa keessaa tokko yoo ta'u magaalaafi baadiyya keessatti kan dhimma itti bahaniidha. Baarudiin mallattoo jaalalaati. Dargaggeessifi Qarreen adeemsa jaalala isaanii keessatti mallattoo jaalalaa isaan qaban keessaa tokko baarudiidha.Baarudiin kan tolchamu ursaasa qawwee durii kan akka beeljigii, minishirrii fiinxee Xiyyitii osoo hin dhuka'iin irraa buqqisuun baaruda sana ogeessaan bocuun kirrii keessa ulluuqsisuun jidduu jidduutti immoo akka sirriitti mul'chuu danda'uuf callee walakkaa galchuun kun irra caalatti baarudichi alaalaa akka mula'atuufdiramee mormatti naqatama.

Baarudni aadaa hawaasa kanaatti kan inni ittifakkeeffamu akka waadaa jaalalatti fayyaddi. Baruudiin kun akka yeroo amma qubeella jedhanii jaalala keessatti waliif waadaa godhan Oromoo walloo biratti dargaggeessafidargaggeetti biratti akka waadaa jaalalatti oola. Kanaaf baruudiin mallattoo jaalalati jedha.

Baaruudiin kun kan dhiirri yeroo baay’ee godhatee deemu yoo ta’u bakka lafjaleetti durba jaalateefis morma isheetti hidhaaf jechuudha. Kan hidhuufi danda’us durbittiin kan kaadhimaa, Gaarayyuu kan hin qabne ta’uushii erga mirkaneeffateen booda jaalala dhiheessaf jechuudha. Warreen Baarudii kana godhatan kan hin fuuneefi hin heerumne yoo ta’an, waarreen fuudhaniifi heeruman hin dabalatu akkasumas daa’imman hin dabalatu. Haata’u malle namni fuudhe darbee darbee sheenaa jaalala durii yaadachuufi namni inni jaalatu nama biraatiin kaadhimamtee, yoo heerumte yaadannoof akka keennatti morma isaatti faayatee deemuu akka danda’u odeeffadheera. Afoolanis deeggaranii, Baarudii jaalala keessatti baarudiin kennaa jaalalaa ta’uu ishii yoo ibsu:-

*Kan Kamisee olii maqaan Miillaa Miillee*
*Salaamtaa sii ergee Baarudii baqullee,*
*Haatetii iblaanyi kiyyaa garaan obse. (* Shittuu Birrii Waxabajjii 14, 2011) jedha.


Haftee kanarra kan hubannu maatiin dargaggoota kana siirriitti tiksu yoo ta’e; keessattu karaa isaan wal hin arginee ni cufu yoo ta’e, nageenya isaan karaa baruudii kanaatiin dhaammatu kana jechuun wal arguu dhabnuyyuu baarudiillee sii erguu hin dadhabuu siin ergaadha kan jedhu ofkeessaa kan qabuudha.



Suura 8 Baarudii kan qorataan Caamsaa 12, 2011 qorataan kaase.


**Tamunii:-**Tamuniin meeshaalee faaya aadaa ta'ee saantima H/sillasee durii irraa ogeessan tolchama akkasumas bifa adii kan qabduufi baadiyyaaf magaalatti dargaggoonni akka mallattoo jaalalaatti itti dhimma bahu. Kuula diimaa keessa baasuunakkuma baarudii kan dhiirri mormatti hidhatu yoo ta'u, kan inni hidhatee deemu akka kennaatti yoo durba barbaade argatee kan kennuufiidhaaf mormatti faayatee deema. Dargaggeessi tokko Tamunii morma isaarraa hiike dubra jaalate tokkoof yeroo kennuuf waanta sadii of keessatti qabachuu danda'a jedha ragaa kennaan.Inni tokko si jaaladhee sin Kaadhimaadha yoo ta'u inni lammataa immoo Si Jaaladhee sin Gaarayoomaadhafi inni dhumaa si waliin Taphadhaadha kan jedhu waantoa kanatti fakkeeffamuun jaalala ibsa jechuudha. Tamunii kan dhimma itti bahu dargaggeessa yoo ta'u dargaggoonni umurii dargaggumma keessa fuudhanis haala kanaan fuudhuu danda'u.Kanaaf da'immaniin alatti hundaaf akka mallattoo jaalalaatti oola(Abduu Siraaj Caamsaa 20, 2011) jechuun ragaa kenna.

**Garfooyye:-**Meeshaalee faaya aadaa yoo ta'u dargaggoonni Magaalaafi Baadiyyaa kan ittin faayaman yoo ta'u yeroo baay'ee dubaroota hin fuunetu baatee deema isaani kennaa yeroo dhiirri Tamunii yookahuu Baarudii kennuuf isheen kennituufidha.Garfooyyeen gosa Callee xixiqqaa ta'ee halluu garaagaraatiin bareechaniin kirra keessa baasanii morma dhiira jaalataniiti kaawwatu. Garfooyyeen kan itti fakkeeffamu anis sin jaaladha kan jedhu agarsiisuu akka danda'u namoonni armaan olitti heeraman ibsaniiru.




Suura 9 Yeroo Dargaggeessi Garfooyyee godhate (kan qorataan Gabaa Kamiseetti caamsaa 24, 2011(4:11) kaase.)

**Kitaabboo**:-Kitaabboon halluu dooqee, diimaa baayee cululuqaafi ifaa ta'ee bifa geengoo kan qabu yoo ta'u; gogaa waliin ogeessan faayama. Dubarris dhiirinis akka ijji hin laalleef boquutti keewwattu. Kitaabboon kan itti fakkeeffamu dhiirri mormatti hidhannaan ijji isa hinlaalu, yoo laaleyyuu miidhaa irraan hinga'u waan ta'eef amantiin walqabata. Akka aadaa aanaa kanaatti dhiirri kudhaama mormarraa qabu tokko budaan hinyaattu jedhamee waan amanamuuf akka qorichaatti ilaalama. Dabalataan Kitaabbo dirree lolaattis mormatti godhataanii yeroo deeman akka meeshaan diinaa isaan hin arganneefis ni godhatama. Kana malees sagaleen deemsa nama kitaabboo godhatee deemuu akka garee faallasaatti hin dhaga'amne godha. Kanaaf namni keenya kitaabbo kaawwatee yeroo deemu diina keenya irra aanna jedha. Kitaabboo yeroo hunda kanneen boquuttu godhatan warreen fayyummaa isaaniitiif jecha godhatannidha. Kanneen biroon yeroo lolli jiru qofa kan fayyadaman akka jiratan hubachuu barbaachisa akka ta'e hubatameera.



Suura10. kitaabboo kan qorataan Caamsa 9, 2011(3.48) kaase

### 4.4.3 Meeshaalee Faaya Aadaa Dhiironni Mudhiitti Godhatan

Meeshaaleen faaya aadaa dhiironni mudhii isaaniitti hidhaataniifi kanneen dhiirummaa ibsan kan, hawaasni aanaa kanaa yeroo baay'ee dhimma itti bahu keessa kaanneen akka gojoba, hirmafi kan kana fakkaatan mudhii isaatti naqatanii fakkoommii bareedina ta'anii aadaa isaanii kan ittin ibsaniidha.Meeshaalee faaya mudhii ilaalchisee Shittuu Birriifi Kumaa Araarsaa (Waxabajjii 12/2011) akka armaan gadiitti ibsaniiru.

#### 4.4.3.1 Gojoba

Gojobni meeshaalee faaya dhiirotaa keessa isa mudhiitti faayamu ta'ee kan ogeessa sibiila tumuun kan tolshamuudha. Sibiila Gojobni irra tolshamu sibiila cimaaf jabaataa ta'e irraa bocamuu danda'a. Gosti sibiilli inni irraa tolchamu kun sibiila Sulbiifi Moroda irrati.Gojobni sulbiirra tolchamu garmalee adiifi calaqqisaadha. Inni Morodarraa bochamu immoo bishaan fakkaata qarrisaas dafee hin jaamu gatiin isaanis akkasuma ulfaataadha. Namoonni Gojoba kana toshaniis warra ogumma sibiila toshuu qaban malee abbumti arge Gojoba hin toshu jedha.

Gojobni Meeshaa Faaya Dhiiraafi dhiirrummaa kan calaqqisiisu yoo ta'u, aadaa sabichaa keessatti akka mallattoo gootummaatti waan fudhatamuuf kabaja olaanaa qabaachuufi eenyuumma hawaasa aanaa kanaarra darbee Oromoo Walloof mallattoo gootummaati. Gojoba kan dhiimma itti bahu dargaggootaafi maanguddoo yoo ta'u, kan fuudheefi hin fuunes hidhatee bareeduu danda'a. Gojobni qara afaan lamaati. Karaa lama kutu danda'a. Kanaaf Gojobaan gaafa waakutaniifi waa namatti dhuftu keessaa baasuun hin malu ofirra deebisanii ittin kutu. Dabalataan Gojoba kallatti Bitaa irra gara Mirgaatti hidhatama (ShittuuBirrii Waxabajjii 12/2011)

##### 4.4.3.1.1. Faaya Qaama Gojobaarratti Argaman

Gojobni meeshaa faaya dhiira kan dhiironni mudhiitti tolshatanii naqatan yoo ta'u. Qaama isaatirra faayaafi mallattoo gootummaafi bareedinaaf akka tolutti itti faayamee mul'ata.Namoonni waa'ee Gojoba beekaaniifi itti gargaaraman Gojobuma sana ilaalani namichi Gojoba kana faayate maal akka ta'e, Oromoon Walloo sirrumaan beeka.Meeshaaleen bareedinaaf qaama gojobaarratti naqaman kunis callisanii akka hin taanee oddeefatameera.


**Cammee**:-Cammeen mallattoo Gojoba irratti tolchamee mudhiirratti naqatamuudha. Faayaan kun gogaa loon irraa kirrii hallu diimaafi almuniyaamiin miidhagfamee kan hojjatamudha. Cammee kan godhatan dargoo yoo ta'an isaan keessaa immoo ajjeesaafi goota yoo ta'u kaadhiimaanisaas ni naqatti. Namni ajjeesa hin taane kaawwachuu hin danda'u, aadaanis hin eeyyamuuf kan kaawwatu yoo jiraate inni ni balfama. Kanaaf namni cammee naqatu maal akka ajjeesefi meeqa akka ajjeese cammee ilaalanii addaan baasu. Fakkeenyaaf namni diina lama ajjeese cammee lama Gojoba isaatti naqata. Cammeen yeroo kan naqatamu yeroo hunda osoo hin taanee iddoo gabaa, iddoo taphaa aadaa, iddoo ayyaanota garaagaraatti uffatama jechuun ragaa

kennaan hima. Akkasumas faayaa kanaa dargaggeessi harkaan hojjetee qaadhima isaaf kennaa kennuu danda'a.

Akka aadaa Oromoo naannoo kanaatti durbi Cammee godhatte kaadhiman ishee goota yoo ta'ee qofa. Namnii diinaa ajjeese niitii gootummaa ta'uu ishee mul'isuuf halluu diimaa fixee cammeerratti kan hidhamee fayyadamu. Dhiirris gootaa ta'u isaa mul'isuuf Kuulaa halluu diimaa kan ta'ee fiixee Qawweefi Gojoba irratti ni hidhata. Haalli itti fayyadamina isaas mudhiitti teephaa'adii ta'ee baay'isee bakka tokkotti darbee darbee baay'ina waanta ajjeese sanaan hidhata. Dabalatanis akka Gojobni isaanii akka bareeduufis sibiila qaqal'oo fiinxee isaatti maruunis bareedina biraa dabaluufi jedha.

#### 4.4.3.1.2 Faayidaa Gojobaa

Akka Siraaj Sh/ Abduufi Umar Tinaamuu (Waxabajjii 12, 2011) akka odeeffannoo kennannitti, Gojobni meeshaalee aadaa keessa isa dhiirotatti dhiheenya qabuufi yeruma hunda kan mudhii dhiirarraa hin buuneef hiriyaa isa dhugaa jedhuun ibsu.Gojobni Oromoo Walloo biratti akka mallattoo dhiirummaatti yoo fudhatameyyuu tajaajila addaaddaatiif naqatama.Taajaajila Gojobni kennu keessaa muraasaa kan kaasan yoo ilaallu yeroo loon tiksan bineensa ittiin ofirraafi duniyaa irra ittisuuf,qonna keessatti Qotiyyoon amalanyaa ta'e yoo waanjoo keessatti kufe ittiin kutuuf akka qotiyyichii hin duuneef, yeroo Gaala fe'anii gabaafi bakka Ooyiruutii miidhaan guuran yoo kufe, ittiin fe'isichaa kutuuf gargaara, ammas diinnii yoo namatti dhufee nama dirqisiisu ittiin of tiksuufi kan kana fakkaataniif Gojobni nama akka gargaaru odeeffannoon argame ni addeessa.




Suura 11Gojoba kan qorataan caamsaa 12, 2011kaase

**Hirma:-**Hirmi meeshaalee faaya aadaa ta’ee muldhiitti kan hidhatamu yoo ta’u akka huccuun namarra hin shololaanneef jabeessee qabuuf kan gargaaramaniidha.Oromoo Walloo biratti hirmi gogaa irraa kan hojjatamu yoo ta’u ammas gogaadhumaan ogeessi gogaa soofee bareechee hojjachuun itti fayyadamamu. Hirma kan hidhatu daa’immaniin alatti dhiirri kan hidhatuudha.Kanas haala uffannaa isaarratti hundaa’uun ta’a. Masnafa isa jirbiirraa hojjatame ta’e, hirmaan naqachuun waan jiruudha. Kanneen gabaadhuma isa bitan taanaan dachaasanii suuqqachuun deemuun ni danda’ama. Kanaaf hirmi dargaggoota biratti bakka guddaa qaba (Siraaj Sh/ Abduu Waxabajjii 12, 2011) jedhu.



Suura 12 Hirma kan Qorataan caamsaa 12/2011 kaase

### 4.5 Haala Miidhagina Sifa Uffannaafi Faayoomsuu Uffataa Dhiirotaa

Aadaa hawaasa tokkoo keessatti faayan calliseetu kan hojjetamuufi waan hojjetameef qofa kan fa uffatamuu miti. Kunis nama faaya kana keewwatu sadarkaan nimurteessa. Kana jechuun faayas ta'ee, uffanni aadaa kan ijoollen godhattu, kan namni gamareessi keewwatuufi kaadhimaan dhiiras ta'ee kan dubartii keewwatan garaagara. Kanaafuu uffanni aadaafi faayan aadaa hiika mataa isaa danda'e kan sadarkaa isaa eeggate safuu hawaasa sanaa ibsa jechuudha.

Kanumarraa ka'uun qo'ataan kun waan odeeffanoo argachuuf namoota dhimmi ilaalan gaafateefi ijaan arge irratti hundaa'ee hiika fakkoommii faayaafi uffata aadaa aanaa D/caffaa keessatti yeroo durii eegalanii hanga ammaatti itti dhimma bahaa jiran.Uffanni aadaa faayaalee aadaa wajjin deeman kan walqabateefi meeshaalee aadaa jalatti kan hammatamuudha.Ilmii namaa uffata dhimmoota garagaaraatiif uffachaa kan tureefi kan jiruudha.Uffata kan uffannu qaama keenya miidhagisuuf, eenyummaa keenya namoota biroof beeksiisuufi sifa bareedina qaama keenyaa waliin akka deemuu danda’utti bifa halluu garaagaraa naannoo isaanitti argamu fakkeessuun kan bocatanii eenyummaa isaanii isa ganamaa sana ittiin tikfataniifi bakka malkaas ta’e jila addaddaa ittiin dhaqan keessa uffata halluun faayameeniidha Caalaa Soorii (2013:13)

#### 4.5.1 Gosoota Uffata Aadaafi Kophee Aadaa

Uffanni eenyumma saba tokkoo baatee kan deemuufi sabni abbaan uffatichaa eenyu akka ta’e beekuuf gosni uffatichaafi bifni isaa murteessaadha.Kanaaf jennaan uffanni aadaa Oromoo Walloos eenyummaa isaanii ibsuu keessatti gaheen uffata isaanii olaanaadha.Gosni uffata aadaa aanaa qorannoon itti gaggeeffamu kanaa akka odimaa irraa oddeeffatametti kanneen armaan gadii akka ta’e himameera kanaaf uffanni aadaa halluu isaanis addaaddummaa akka qaban odeefatameera.

**Gurroo**:-Gurroon gosa uffataa ta’ee kan daa’immaniiti. Gosti kun kallattii dhumaan gara mormaan seenaanii harka keessa baasuun itti lixu kanaan ala waanti tottolshan waan hin jirreef daa’imman keessattuu kanneen umurii shanii olii hanga dargo ta’utti kanuma kaawwatti jechuudha. Keessattuu daa’imman re’oota eegdu yookin tikseen kan uffatan himama. Gurroon harka gabaabbatee hanga jilba isaaniitti gad dheerata. Gabaafi Ogeessa huccuu tolchun hojjatamuu danda’a. Daa’immaan gurroo yeruma hunda akka uffatan ragaa kennaan ibseera.

**Hallisa**: Gogaa Qotiyyoo irraa ogeessa ogummaa gogaa qabuun hojjetamee mudhii olitti kan dhiirri uffatu gosa uffannaa dhiiraati. Hallisa kan qabatu warreen qarshii qabantu dur

uffata.Akkasumas maanguddoo beekkamoo kan nama araarsuun beekamantu uffata. Namni uffata akkanaa uffatu nama namusa qabeessa malee callisanii namni arge hin uffatu. Akka aadaa naannawa kanaatti Hallisa namni uffate baayyee nama kabaja qabu waan ta'eef hawaasa kana birattii yakka ta'ee waan hawaasa biratti fudhatama hinqabne hinhojjetu.Sababa kanaaf Hallisni kabajaa waan mul'isuuf hiika kabajaatu kennamaaf. Hallisni gogaarraa ogeessaan waan bocamuuf akka laafuuf dhaadhaa yookin qobboodhaan laaffisu. Erga laafee, dhadhaa dhugee adiirra gara gurrachumaatti jijjiirama. Hallisni yeroo ammaa kana masnafaafi huccuu biraatiin bakka bu'eera. Dabalataan sababa qaroominaarraan kan ka'e, akkasumas gosoonni huccuu baay'achaa waan dhufeef hallisni kanneniin bakka buufamee jira (Abduu Siraaj Caamsaa 20, 2011) jechuun ragaa kenna.

**Masnafa**:-Jirbii irraa nama ogummaa huccuu dhahuun hojjetamee dur dhadhaan dhuubamee dhiirri mudhii gaditti hidhata. Kunis bareedinaaf akkasumas qaama qullaa dhoksuufi nioola. Aadaa uummata Oromoo Walloo biratti yeroo ammaa kanatti dhadhaan dhuubuun kun hafee jira jedha. Itti dabaluunis Masnafa kan uffatu namoota gurguddoofi dargaggoota yoo ta'u;  ijoollonni hidhachuu hin danda'ani.Aadaanis hin eeyyamuufi.Ammas Uffachuuf isaaniyis waan mijatu (Xooyib Abduramaa, Waxabajjii 7, 2011) jedha.

Masnaafni halluu adii kan qabu yoo ta'u fiinxeen isaa halluuwwaan garaagaraatiin kuulamee ogeessa huccuu dhahuun bareeda. Halluuwwan kunis irraa gad yoo ilaalame Halluu Gurraacha, Halluu Keelloo, Halluu Magariisafi Halluu Diimaatu mul'ata. Halluuwwan kunneen hawaasa keenna biratti waan itti fakkeeffamu kan mataa isaa qaba. Fakkoowwan halluu arfanii yeroo ammakanatti kana jedhanii tarreessuuf icciitiifi eenyummaa sabichaatu nama daangessaafi jedha. Masnafni fiinxee isaarratti halluun diimaan yoo baay'ate hiika gootummaa yookan ajjeesaata'uu ibsa. Halluuwwan hafanis kallattuma kanaan ilaalutu wayya jedha. Haala itti fayyadamina isaa ilaalchisees Bitaa Mirgaattikunis Harka bitaatiin of dura fiduun isa bitaa jala ooshuun isa mirgaa irra buusuun gubbaa gad itti dachaasuun marxifama. Darbee darbees halluu Alaabaa Abbaa Gadaatin kan faayan baratamaa dhufee jira malee masnafni halluu arfan sanaan ture. Masnaafni jireenya guyyuu keessattis yeroo bakkee addaaddaatti akka baratamaatti uffatama (Umar Tinaamuu waxabajjii.24, 2011) jedha.

**Darbannaa**:-Darbannaan gosa uffataa ta'ee akkuma masnafaa jirbiirraa nama ogummaa huccuu dhahuu qabuun dhahama. Akkataan itti fayyadamina isaa immoo duubatti dabarsuun bobaa jalan

gara fuulduraatti harka lamaaniin fidu, achiin booda gateettii lamaan irraan gara duubatti darbatu. Kanarraa Ka'anii maicha moggaasaniif jedha ragaa kennaan. Darbannaa kan uffatu dargaggeessa. Innis Iddoo lolaatti, iddoo lafjaleetti, sirbanii yeroo dadhaban gaarayyuu isaa waliin uffatanii taa'uufi akkasuma qorri yeroo jiraate ittiin ofirra ittisuuf oola. Darbannaan akka uffata isa kaanii guyyuudhumaan kan uffatan osoo hin taane guyyaa waantotni armaan olitti heerame mudateefi guyyaa ayyaanotni jiran masnafa waliiin kuuluun akka uffatamu hima.




Suura 13.Yeroo Dargaggoonni uffatafi meeshaalee aadaan faayamanii,kamisee naannoo Galma Abbaa Gadaatti Qorataan (caamsaa 8, 2011) suurakaase.

Ammas Oromoon Walloo yeroo daangaa isaa tiksu warreen daangaa isaa waliin wal-lolaatureera. Yeroo kana darbannaa meetira sadii ta'u walitti maruun mudhii eegalee hanga bobaa isaatti jabeessee mara. Haala kanaan maruun akka meeshaaleen qara qabaniifi rasaasni kallattumaan lolaa keessatti itti seenneef irraa akka ittisuuf gargaaramaa akka turaniidha.Akkasumas dirree lolaa keessatti balaa tasaan qaama namaarra dhiibbaan yoo ga'e ittiin bakka sana hiidhuun tursiisuufis darbannaan isa tokko jedhu. Kanaaf darbannaan uffachuun alattis akka meeshaa gootummaatti gargaarti. Darbannaa kan dhimma itti bahu dargaggootaafi maanguddoota umurii jiddu galeessaa keessa jiraaniidha. Umuriin kunneen lachuu humna waan qabaniif yeroo lolaas ta'ee yeroo balaa warra dursee achiitti argamuufi warra sirriitti ittin fayyadaminaasaa beekaniidha  jechuun (Xooyib Abduramaa, Waxabajjii 7, 2011) darbannaa ibsa.

**Kophee Mukaa**:- Akka ragaa kennaan jedhutti Bardurii bara akaakileefi abaabileekeessa mukarraa soofamee bocamature.Kophee kana kan kaawwatu nama hawaasicha keessatti dhageetti qabu yoo ta'u; keessattu Abbagaariifi Sheekota Quraa'ana qaraasisantu hidhata malee namnumti arge hin dhidhatu. Namoonnumti kunuu kan naqatan yeroo hunda osoo hin yeroo solaata deemani naqatu. Garuu eenyu jalqaba akka kaawwate yoon wallaale illee akka kophee jalqabaa qaroomina hawaasa kanaatiinkalaqamtee naqatamaa turtejedhee oduhimaan niaddeessa. Haata'u malee naannoo bara 1923keessa namoonni kun kan dhimma itti bahaa turan ta'uu heeranii jiru. Kopheen mukaa kun gosa muka keessaa muka arooressa irra kan tolchamu yoo ta'u gogaa qallisanii gamaaf qamanaan itti hidhuun luka keessa baasuun uffatama. Namoonni akkasiin kophee kana bochan immoo kanfaltiin isaanii qarshii osoo hin taane; horii keessaa kan akka Re'ee yookan Gaalatu kennamaaf ture. Kanarraa kan hubatamu Oromoon Walloo Osoo aadaa saba biroon wal hin makiin dura namoota ogummaa harkaa qabaniif kabaaja inni qabu nama hubachiisa. Namni ogummaa kana qabus kanfaltii akkasii waan argatuuf kaka'umsa qabaachaa akka ture odeessi gaafatame ni dubbata.

Kopheen mukaa erga hidhatamuu eegaleen asqaroominaafi cimina hawaasichi cimsachaa dhufeefi dandeetti inni kophee tolchachuuf fedhii dabaluutin mukarra gara bu'aa gogaatti ce.e.Asitti kan hubatamuu qabu naannoo kana keessatti Oromoon Walloo Fedhiifi dandeetti kophee Omishee hidhachaa turuufi kanneen hanga ammatti hawaasni kophee hin hidhanne jiraachuusa hubatamuu qaba.Ammuma hawaasichi ilaalcha inni hidhaannaa kopheef qabu irraan kan ka'een gara bu'aa gogaarraa sababa jijjirama ammayyummaarraan kan ka'e gogaarra tolchatanii itti fayyadamuun yoo jiraateyyuu kopheen mukaa hafeera. (Shittuu Birrii Caamsaa 8, 2011)




Suura 14.Kophee mukaraa bocame kan qorataan caamsaa 8, 2011 WATAD/Caffaatii kaase.

**KopheeXumurroo**: Gogaa saawwaa irraa hojjatamee dubartiinis dhiirris akkaataabarbaachisaa ta'een ogeessi tolchee kan miilatti godhatani. Bara kana keessa kana kan kaawwatu warra maallaqa qabaniifi maatii isaaniiti. Akkasumas namoota beekamoofi hawaasicha biratti fudhata qabantu ogeessa hojjachiifatee uffata jechuun raga kennaan heerera. Kopheen xumurroo kundandeettiifi beekumsa sabni kun gogaa irraa waa tolchuu qabu bu’aa gogaa irraa kophee bocatee dhihate ta’ee dhaloota isas uffisuun qaroomina hawaasichaa kan agarsiisu ta’uusaati.Itti fayyadamina isaa ilaalchisee gogaa sa’aa yookin qotiyyoo irraa kan hojjatamu yoo ta’u gogaa kana laaffisanii mummurun safaranii hodhu. Kallattii bitaafi mirgaatiin qaawwa tolchuun walitti dachaasuun haada gogaatiin hidhatu. Kopheen xumurroo darbanii darbanii guyyaa iidaa,moolidaafi cidhaa hidhatu malee guyyaa kaan itti dhiimma hin baha (Saayid Goofaree Caamsaa16, 2011) jedha.




Suura 15.Kopheexumurroo kan qorataan caamsaa 8, 2011 WATAD/Caffaatii kaase.

### 4.6. Rigaa Ilkaanii

Rigaan uummata Oromoo biratti aadaa, aamantaa, jiruufi jireenya guyyuu keessatti dhimma itti bahama.Rigaa muranii kennuun jaalalas ni ibsa keessattuu dargaggeessi tokko dubra jaalateef rigaa yoo kennee si jaaladheeraa jechuu agarsiisa.Kanaaf hawaasni Oromoo qarooma mataa isaatiin kan rigaa ilkaanii kan gargaaramuuf, rigaan ilkaanii kun jireenya hawaasichaa kan ibsu yoo ta'u mukni uumamaan qorichummaa waan qabuuf ilkaan keenya qulqulleessuuf qofa osoo hin taane, fayyummaa afaan keenyaafillee nigargaara.Rigaa heddumminaan kan dhimma itti bahu hawaasa qonnaan bulaa yoo ta'u magaalattis ni gargaaramu.Hawaasa qotee bulaa biratti rigaa kan gargaaramaniif naannoo manaarra fagaatanii waan deemaniif akka hin dheebonneef dheebuu ittisuu danda'a.htt://www.bbc.com

Akka Adam Abdullee (waxabajjii 21, 2011) odeeffannoo waa'ee rigaa kennetti hawaasni Oromoo aanaa keenyaa rigaatti kan dhimma bahanii keessaa inni guddaan jaalala bakka buusuun rigaatti dhimmamu.Ammas amantaa keessattis yeroo soomanaa namni akka hi dhoobonneef kan gargaaruudhajedha.



Suura 16. Rigaa Adee kan qorataan caamsaa 7, 2011 Yeroo inni itti fayyadamaa jiru kaase.

Rigaa kan fayyadamu keessattuu dargaggoota yoo ta'u namoonni kaanis itti dhimma bahu.Garuu kan dargaggeessaa kan adda godhu haala qabannaa isaati.Haalli inni itti qabatu matumtisaayyuu jaalala agarsiisa kunis fiinxee isheetiin ilkaan riga malee, afaan keessa galchee hin qulqulleessu. Kana jechuun ilkaannirratti suuqee dhabbata isayyuu ilkee qarriffaatti jechuudha.Gosti rigaa

ilkaaniitiif Oromoon Walloo ittiin ragatu heeddumminaan rigaa Adeeti.Rigaan Adee gosa mukaa uumamaa ta'ee baay'ee qaqqal'oodha.Dhamdhama mi'aqaba.Ilkaanis ni addeessa.Haalli rigaan Adee kun itti citu rigannaa ilkaaniif oolu taakkuu tokkoon safaruun kutu kun immoo ija amantiitiinis ilaalama.Rigaa Adee yeroo mara kan fayyadaman yoota'u afaan yookin gurrarra godhatanii deemu.jedha ragaa kennaan.

### 4.7. Wantoota Itti Fufinsa Meeshaalee Aadaa Faaya Dhiirotaaf Gufuu Ta'an

Waantotni Qaaccessa meeshaalee aadaa faayaa dhiirotaa irratti rakkooleen akka eenyummaa ofi wallaaluufi dhiibbaan ilaalcha addaa addaa geessisaa jiru hagam ulfaata akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Haalotaafi sochileen yeroo ammaa kana naannoo qorannoo kana keessatti fuulleffatee dalagamaa jiru meeshaalee faaya aadaa balleessuufi tajaajila isaa xiqqeessuu irra darbee gara eenyumaa sabummaatti kan fuulleffate waan ta'eef gara fuulduraatti ciminniifi tokkummaan murteessaa yoo ta'u, tokkummaa dhabuun wal dhaggeeffachuu dhabuun yoo hin jirre gara fuulduraatti meeshaalee faaya aadaa itti fufinsa isaatiif yaaddoo ta'uu qoratichi ni amana.

Dhiironni Oromoo faaya aadaatti faayadaamun miidhaagina isaanii ibsuun cinaatti mirgaa isaanii kan eegsiisu faayidaa mataa isaa kan danda'eedha. Aadaa eenyummmaa saba Oromoo Walloo kan ibsaan keessa aadaan meeshaalee faaya dhiirotaa tokkoo yoo ta'u, sabni kun aadaa bareedaafi boonsaa akka qabu hubatamuuqaba. Oromoon Walloo meeshaalee faaya aadaatti fayyadamun miidhaagina ittin ibsaacha turan yeroo ammaa garuu sababaa dhiibbaa gama siyaasa, amantiifi ammayyummaa wajjiin walqabateen meeshaalee faaya aadaatti dhimma bahun akka aadaa duubatti hafummaatti ilaalamuun garaa fuulduraatti akka itti hinfufneef gufuun tokko tokko nimul'ata. Dabalataan waantotni qaroomina fakkaatee dargaggoota biratti mul'ataa jiru miidiyaalee hawaasummaafi saba himaa garaagaraatiin faca'u meeshaalee aadaa faaya ta'an akka miidhuu danda'u ni amanama.

Akka Mohaammad Abdulaaziz (Caamsaa 17,2011) jedhee ragaa kennetti; aadaafi seenaa hawaasichaa waliin kan wal make seena saba biraa suuta suuta aanichaafi godinicha keessa seensisuun dargaggoonni akka amaleeffatanii,kan isaanii akka dagatan gochaa jiraachuun salphumatti hubachuun ni danda'ama. Kana kan mirkaneessu aadaa hiriyummaa keessatti maqaan dha'amu yoo fudhatame kanneen akka Gaarayyuu akkasumas waanta mormatti faayatan kan akka Kitaabboo,Tamunii,Baarudaafi kanneen biro dhiisanii sibiila roga garaagaraa akka

mormatti dirataan taasifamaa jiraachuun kun gara fuulduraatti waanta aadaa akka bira taramu taasisuu mala kan jedhu hubatameera.

Gosoonni meeshaaleen faayaa aadaa dhiironni ittifayyadaman kanneen akka faaya mataa, tolchannaa dabbasaa, faaya mormaa, dibata aadaafi uffata aadaa jechuun kan qoodaman yoo tahu tokko tokkon isaani tajaajila adda addaaf kan oolu. Dhiironni hedduun garuu fayyadama isaa bal'inaan hin beekan. Beekuu dhabuun kun waantota itti fufinsa meeshaalee aadaa faaya dhiirotaatti gufuu ta'an keessaa akka yaaddootti qoraticha yaadessu ta'uusaati. Dabalataan namoonni ogummaa meeshaalee faaya aadaa tolchaniif deeggarsi gama mootummaatinin akkasumas ilaalcha dogoggoraa gama hawaasaatin isaanirra jiruurraan kan ka'e xiqqaachaa jiru. Kunimmoo gara fuulduraatti meeshaalee faaya aadaa kunneen akka dhabamaniifi yaaddoo ta'a kan jedhu qoratichatti yaaddoo ta'uusaati.

# BOQONNAA SHAN: YAADA CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana keessatti yaada cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaatu meeshaalee funaansa ragaa gosa adda addaatiin funaanamantu cunfamee dhiyaata.Kunis, hojii qorannichaa irratti hundaa'uniifi yaadoota ka'an bu'ureeffachuun kan raawwate ta'a.Kana malees, haaloonni meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa keessa jiru maal akka fakkaatu adeemsa qorannichi keessa darbe cunfaa keessatti ibsama. Itti aansuun argannoofi yaboon qorannichaa duraa dubaan dhiyaatanii jiru.

## 5.1 Cuunfaa

Sabni Oromoo akkuma hawaasa addunyaa biroo aadaa, seenaa, duudhaa fi barsiisfata garagaraa kan qabuu dha. Uummanni kun caasa hidda latiinsa heddu haa qabaatuyyu malee aadaa walfakkaataa kan walii isa irraa adda hin baafne hedduu qaba. Aadaan qabeenya ummatichaa ta'e kunis gosa barnootaa fookloorii kan damee bal'aa qabu kana keessatti kan ilaalamuudha. Haata'umalee gosa barnoota fookloorii keesatti afoolli Ummata Oromoo, meeshaaleen aadaa, Og-afaan, Aartin ummatichaa qorannoodhaan waan biraa gahame hin qabu. Ummanni Oromookan jiruufi jireenya isaa keessatti itti fayyadamu keessaa meeshaaleen aadaa isa tokko. Meeshaaleen aadaa kunis damee fookloorii keessaa tokko yoo ta'u; uummata Oromoo Godinaalee garaa garaa keessatti argaman biratti iddoo olaanaa qaba. Uummanni gosa Oromoo Wallootis Meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa dhaaloonni abbootii isaanii irraa dhaale akka ilmoo isaatti kan jaalatu yeroo dheeraaf haala qaroomina of keessaa hin qabneen gola mana isaa kessatti ol kaa'aa asiin gaheera.

Qorannoon kun Akka walii galaatti meeshaalee aadaa faaya dhiironni Oronni Walloo, Kamisee itti fayyadaman ibsan hedduu kan qabate yoo ta'u kaayyoowwaan tarreeffaman jalatti hunda isaanii ilaaluuf yaaleen jira. Meeshaaleen Aadaa faaya dhiirotaa ilaalchisee uummanni kun duriirraa kaasee kan kunuunfatee asiin kan ga'e yoo ta'u haalli itti fayyadamaafi akkasuma kan dhalootaan dhimma itti bahaa dhaloota barsiisaa asiin ga'aniidha.

Oromoon Walloo durumarraa eegalee akkaataa meeshaalee faaya aadaa itti dhimma bahu qaba. Akkasumaas meshaalee aadaa kanas yeroo fi bakka itti gargaraamu beeka waan ta'eef, akka mata duree kana jala hubachuun danda'ameetti yeroo bakkeewwan ayyaana garaa garaa kan faayamu yoo ta'u; keessattuu bakka laf jaleen jirutti, Yeroo gaarayyuu isaa bira deemu faaya aadaan

miidhagee kan deemuu yoo ta'u, akkasumas yeroo gabaa deeman, guyyaa taphoonni ayyaanaa jiraniifi kabaja ayyaana garaagaraa jiran kan ittin faayamaniidha.

Dabalaataan meeshaaleen aadaa faaya dhiirota Oromoo walloo keessatti haalli itti fayyadaminaaf qaamni itti faayni kin itti faayamu adda bahee kan beekamuudha. Isaan keessaa kan rifeensa Mataatti godhataman kanneen akka faaqqee, hintee yoota'u kanneen mormatti raarraafatanis qabu. Isaan keessaa Tamunii, Baarudii, Garfooyyeefi Kitaabbo isaan muraasa. Itti dabaluun Oromoon Walloo meeshaalee aadaa kan mudhiitti hidhatus bakka qabu addeefameera. Isaan keessaa Gojobafi faayaalee addaa aaddaa kannee akka cammee ni argama.

Walumaa galatti Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas meeshaawwan aadaa faaya dhiirotaa aanaa Dawaa caffaa keessatti argama gosan, maalirra akka hojjetama, qaama kamirratti akka godhataman, akka kennatti eenyu akka isaani kennu, wantoota miidhagina dhiirotaa wajjin walqabataniifi yoomessaa isaanii xiinxaluun ibsuun danda'ameera. Haaluma kanaan, gaaffilee bu'uuraa ka'umsa qorannoo, boqonnaa tokko keessatti ka'an, deebisuuf maloota adeeffannoo garagaraa kan akka, Daawwannaan, Afgaaffii, Marii gareefi maddeen ragaa garaagaraafi meeshaalee funaansa ragaalee adda addaatti dhimma bahuun walitti qabuun danda'ameera. Ragaa argame bu'uura godhachuudhaan meeshaaleen aadaa faaya dhiirotaa Aanaa kanaa baay'ee bal'aafi qorannoo yeroo dheeraa kan gaafatu ta'uu hubachuun danda'ameera.

### 5.2 Argannoo

Qorannoon kun adeemsa garagaraa keessa darbe. Adeemsi qorannoon kun keessa darbe. Adeemsafi rakkoo keessa darbuun immoo dhumarratti firii gaariin akka argamu ta'a. Sababa kanaaf qorataan kun adeemsa kana keessa darbee bu'aa argateera.

- Meeshaaleen Aadaa Faaya dhiirotaa yeroofi bakki tajaajilli isaa irraanfatamuufi meeshaalee ammayaa gabaadha bitamu waliin wal makuun isaa bira ga'ameera.
- Meeshaaleen aadaa faaya dhiirotaa gootummaa/ajjeesaa/ ta'e faaya inni naqate irraa amma inni ajjeese faayicha irraa baruun akka danda'amu, hubatameera.
- Tajaajjilli meeshaaleen faaya aadaa tokkoo tokkoon kabaja, safuu, duudha, hawaasummaa keessatti qaban dhiibbaalee garaa garaa amantiifi kan birootiin dhufan irraa kan ka'e tuffatamuun dhaloota haarawaa biratti hubannoon xiqqaachuu isaa bira ga'amee jira.
- Oromoon Aanaa Kanaa dur dangaa isaa diina irraa ittisuuf ni lola.Yeroo lolaa kanatti akka meeshaaleen qara qaban kallattiin isa hin arganneef malli inni ittiin ufirraa ittiin ittisu keessaa tokko huccuu darbannaa mudhii hanga bobaasaatti maruu ta'uusa argamee jira.
- Haala dibannaafi sifa bareedina qaama isaa tiksuuf dhiironni aanaa kanaa baala biqilootaarraa urgaa qaama isaatiif ta'u tolchachuun isaa argameera.
- Meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa keessaa dhiironni fuudhan  kan hin kaawwanne keessaa tokko baruudii ta'uu isaa hubatameera.

Walumaa galatti qorataan kun Meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa wantoota faaya dhiironni iddoo biraa itti fayyadaman irraa adda ta'e argachuun haala bareedaa ta'een qaama qorannoo kana keessatti gad fageenyaan dhihaatee jira.

### 5.3 Yaboo

Uummanni Oromoo Walloo Uummata eenyummmaafi seenaa isaa guyyaa tokkoof osoo hin dagatiin asiin ga'e keessaa isa tokko. Gama meeshaalee aadaa faaya dhiirotaatiinis eenyummaafi falaasama Oromoo gadi fageenyaan kan ibsan kanaa haala tolaafi hamaa keessattii osoo hin dagatin itti dhimmee rakkoofi gidiraan qaamolee adda addaarraa isaa qunnamaa tureefi gita bittootta mootota darbaniitiin osoo hinjilbiiffatiin dhaloota ammaa kana biraan gaheera. Meeshaaleen faaya aadaa eenyummaa sabaa ibsan kana kunuunsuun dhalootaaf dabarsuun barbaachisaa kan ta'eedha. Kanaafuu, meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa kana tursiisuuf;

- Yeroo ammaan kanatti Sabni Oromoo Walloo meeshaalee faaya aadaa dhiironnii itti fayyadaman eenyummaasaanii kan ibsuu waan ta'eef, sirriitti kunnuunsanii qabachuu qabu.
- Meeshaaleen aadaa kallattii garaagaraatiin faffaca'ee bakkee addaa aaddaa jiru osoo bakka tokkotti walitti qabamee godambaa keessaa kaawamee dhaalootaaf darbee akka dhaloonni irraa baratu taasifamee.
- Namoota meeshaalee aadaa faayaa hojjataniif akkuma duriitti kunnunsiifi kanfaltiin gariin kennameefi kan jedhu yoo ta'u, gama mootummaatiinis gurmeessuun akka dalagaa kootii jedhaanii akka hojjatan osoo jajjabeessanii mishaadha.
- Namoonni gosoota meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa kana beekan, namoota hin beekne osoo barsiisanii, namoonni hiikaafi maalummaa akkasumas, haala itti fayyadama meeshaalee faaya aadaa kana hinbeekne hundi ittifayyadamu hawaasa baldhaa biraan gayuun aadaa kun akka hin dagatamnefi isaa durii yaadachisuun barbaachisaadha.
- Qaamoleen Mootummaa keessaattuu, Biiroon Aadaafi Turizimii Aanaa Dawaa Caffaa, akkasumas kan Godinaa wal tumsuun duudhalee hawaasaa yeroo amma kana dagatamanii dhaloota ammaatiin akka boodatti hafummaatti ilaalaman kanneen akka Gaarayyuu, Laf jalee (taphachisaa), Awwaaniyyoofi kkkf irratti maanguddoota gaafachuun waraabanii dhalootaaf kaa'anii bareedha.

**Wabii**

Abdii Ismaa'il (2015) Xiinxala Meeshaalee Aadaa Oromoo Arsii: Godambaa Siidaa Wareegamtoota Aanoolee Keessatti Argaman.Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Muummee Afaan Oromoofi Hogbarruuf Dhiyaate: Yuuniiversiitii Addis Ababaa, (Kan hin Maxxanfamne)

Abdulsaalaam Kamaal (2004).*Arrittii*.Fooddaa Aadaa Oromoo Walloo:Mootummaa BulchiinsaNaannoo Amaaraattii Mana Maree bulchiinsa Godina Oromiyaa.

Ammee Xayyar (2010) *WAADAMA WALLOO*----------------------------------

AlamaayyooHayileefi kawwaan.(1998).*Seena Oromoo Hanga Jarraa16ffaa*. Biiroo Aadaafi Turizimii: Berhana Selam Printing Enterprise

Asafa Jalata (2007).*Oromia and Ethiopian.*State formation and Ethino-national Confilct.Boulder and Londan: Lyne publisher

Biraanuu Dirribaa(2015).“Qaaccessa Hiika Mallattoolee Ayyaana Irreechaa Dirree Calalaqii Aanaa Midaa Qanyii.”Waraqaa Qorannoo Digirii lammaffaa (MA) Muummee Afaan Oromoofi Hogbarruuf Dhiyaate:Yuuniiversiitii Addis Ababaa, (Kan hin Maxxanfamne)

Caalaa Diroo (2014).Xiinxala Qabiyyee Fakkoommii Meeshaalee Ayyaana WarraOofaa Aanaa Meettaa RoobiiWaraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Muummee Afaan Oromoofi Hogbarruuf Dhiyaate:Yuuniiversiitii Addis Ababaa,(Kan hin Maxxanfamne

Caalaa Soorii (2013). *Irreecha Hora Harsadii.*Oromiyaa: Duukam. Elleni PLC.

Dastaa Dassaalany. (2007).*Bu'ura Qorannoo***.** Addis Ababaa: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Darajjee Darrasaa.(2016).Qaaccessa Ittifayyadama Meeshaalee Aadaa: Faaya DubartootaaIlaallatan: Haala Qabatama Godina Addaa Saba Oromoo Wallo Aanaa Kamisee.Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (Ma) kan hin maxxanfamiin.

David E. Gray. (2004). *Doing Research in the Real World*. London: SAGE publications Ltd.

Dirribii Damusee (2009). *Ilaalcha Oromoo*: Barroo Aadaa,SeenaafiAmantaa Oromoo. Mana Maxxansaa Finfinnee.

___________(2011).*Oromo wisdom in black civilization.Finfinne*:Finfinne printing press.

___________(2012).*Ilaalcha Oromoo:* Barroo Aadaa, Afoolaaf seenaaf Amantaa Oromoo.Mana maxxansaa Finfinnee.

Dorsen,Richard.(1972).*Foklore and Folk Life.An introduction*.Chicago and London:The University of Chicago press.

Dundes A.(1965).*The Study of folklore*.Berkley: Prentice Hall Inc.

Eller, J (2007).Introducing anthropology of religion:Culture to the ultimate.New York:Routledge.

Fayyisaa Adunyaa (2016).Xiinxala Adeemsaafi Fakkoommii Sirna Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Kamisee.Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (Ma) kan hin maxxanfamiin.

Filee Jaallataa (2016).*Beekumtaa OromooI (OromoFoklore)*.Naqamtee:Mana maxxansa raajii.

Fekade Azez (2003) TeachingMaterial Selected and Compiled Reader for Elit Department of Ethiopian Language and Literature MA. (Unpublished)

Guddataa Abeetuu.(2016).Xiinxala Haasbarruu Meeshaalee Ayyaana Warra Giiftii Elemoo.Waraqaa Qorannoo Digirii lammaffaa(MA) Muummee Afaan Oromoofi Hogbarruuf Dhiyaate:Yuuniiversiitii Addis Ababaa,( hin maxx

Hayiluu Hundee.(2016). Xiinxala Adeemsa Sirna Gaa'elaa Oromoo: Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu.Waraqaa Qorannoo Digirii lammaffaa (MA) Muummee Afaan Oromoofi Hogbarruuf Dhiyaate: Yuuniiversiitii Addis Ababaa,( hin maxxanf

Hodder, I. (1991). The *Interpretation of Documents and Material Culture*: InN.K.Denzin and Y.S. Lincoln

Jiinanus Galataa (2010).Meeshaalee Ulfoo Amantii Oromoo Qorannoo Digrii Jalqabaa.Waraqaa Qorannoo Digirii Tokkoffaa Afaan Oromoofi Hogbarruuf Dhiyaate: Yuuniiversiitii Addis Ababaa,(Kan hin Maxxanfamne)

Maruin Harris (2007). *Cultural Anthropology*: 7th Ed. New York: Printed in USA.

Melakneh Mangistu.(2006*).Fundamental of Litrature*.Addis Ababa University.

Muhaammad Jamaal (2015).Qaaccessa Raawwii Sirna Hooda Oromoo Arsii.Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Yuunivarsiitii Addisa Ababa (Qorannoo hinmaxxanfamne

Phillip Paulitschke (1888). *Beitrage Ethnographie Und Anthropologie Der Somal, Oromo* and Harari:Leipzig. Verlag von Eduard Baldmus.

Sim C. Martha (1963). *Living Foklore.*An Introduction to the Study of People and Traditionals: Unah State University Press.

Valsiner J.( 2007). *Culture in Minds and Societies*. Foundations of culturalpsychology. New Delhi:Thousand Oaks, CA: Sage.

Victor.D.(2009) *Research Design and Methods for studying Culculture* .NewYork.

Waterman (1949).*The Journal of African Folklore*: Vol.62.

William B.J.(1985).*The Birhor of India and Some Comments on Band Organization*. Lee R.B. Devore, Chicago: Aldine Publishing.

Wood ward, Ian.(2007).*Understanding Material Culture*. Los Angeles: Sage Publications

Yenee'alem Araddoofi Kaawwan (2001).*Wiirtuu*.Jildii 9 Barruulee Waaltina Afaan Oromoo: Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa.

http://www.obn.et/-/
htt://www.bbc.com

**ሰሎሞን ተሾመ. (2007).** ***ፎክሎር፤ ምንነቱን የጥናታ የትኩረት አቅጣጫ.*** **አዲስ አበባ: ህትመት ፈርኢስት ትሬዲንግ ኃላ.የተ.የግ.ማ.**

**DABALEE ‘A’**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOOTAA,**

**JOORNAALIIZIIMIIFI SABQUNNAMTIITTI**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII**

**Gaaffiiwwan Afgaaffi Dhiirotaa aadaa beekaniif kan dhiyaate.**

Gaaffii afaanii dhiirota akkaataa itti fayyadama meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa ilaallatan haala qabatamaa Godina Addaa Saba Oromoo Walloo Aanaa Dawaa caffaa keessa jiraataniif dhiyaate. Kaayyoon qorannoo kanaa Barnoota Afaan Oromoo Ogbarruufi Fooklooriitiin sagantaa gannaatiin digirii lammaffaa (MA) guuttachuuf mata duree “Qaacceessa Meeshaalee Aadaa: Faaya Dhiirota Oromoo Kamisee Aanaa Dawa Caffaa” jedhu irratti ragaa funaanudhaaf gaaffilee armaan gadii bu’uura godhachuudhaan odeeffannoon isinirraa argamu qorannoo gaggeessu guutuu akka taasisu amanama.Kanaafuu odeeffannoo dhugummaafi qabatamummaa qabu akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

Maqaa _________________Umrii __ Saala_______ Hojii______________ Bakka dhalootaa______________Ganda _____Aanaa________Gosa Ragaa Kennanii________

1. Meeshaalee faaya aadaa jechuun maal jechuudha?
2. Gosoota meeshaalee aadaa faaya dhiirotaa kan beektan maal fa’a? kan beektan naaf himaa?
3. Meeshaaleen faaya aadaa dhiirotaa qaama kam kam irraatti godhatama?
4. Meeshaaleen aadaa faaya dhiironni ittifayyadaman maal irraa hojjatamu? Garee dhiirootaa umrii kamtu dhimma itti baha?
5. Uffanni aadaa akkamittii faayamee uffatama?
6. Dhiironni miidhagina rifeensa isaanii eeguf akkamitti tolchatu? Kutannaan isaan hoo maal jedhama? Dibannaa isaaniitiif waanti isaan fayyadu jiraa?
7. Meeshaaleen faaya aadaa dhiirotaaf faayidaa akkamii qaba?
8. Afoola meeshaalee faaya aadaafi miidhaginaa dhiirotaa waliin walqabatan ni beektu? yoo beektan naaf hima?
9. Haala ittifayyadama meeshaan faaya aadaa dhiirotaa yeroo ammaafi isaa durii gidduu garaagarummaan jiraa? Yoo qabaate garaagarummaa akkamiitu jira?

10. Meeshaaleen aadaa kun faayidaa akkamii qabu jettanii yaaddu?

11. Dhaloonni haaraa faayidaafi yoomessa meeshaaleen faaya aadaa dhiirotaa
Itti tajaajilan beekuu?

12.Yeroo ammaa dhiironni Oromoo Walloo Kamisee kan baadiyaas,ta'ee magaalaa itti fayyadamina isaaniirratti garaa garummaan jira jettuu ? yoo jiraate maaltu jira?

13. Dhiironni miidhagina qaama isaanii eeguuf waanti isaan gargaaramaan jiraa?

14.Meeshaaleen aadaa faayaa dhirootaa Hawaasa sana ibsuu keessaatti gahee akkamii baha jettanii yaaddu?

15.Aadaan Hawaasa Oromoo Aanaa kanaa Akka duriitti itti fufee jiraa? Yoo hin jiru ta'e sabaabni isaa maali jettu?

Galatoomaa !

**DABALEE B**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOOTAA,**

**JOORNAALIIZIIMIIFI SABQUNNAMTIITTI**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII**

**Odeeffannoo Waa'ee Namoota Afgaaffiif Dhiyaaatanii**

| T/L | Maqaa | Saala | Umurii | Ganda | Gahee Hojii | Akaakuu Odeeffannoofi Guyyaa itti kenname |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Adam Abdullee | Dhi | 61 | Waladdii | Q/Bulaa | Waa'ee Rigaa ilkaanii.wax 21/2011 |
| 2 | Abduu Siraaj | Dhi | 50 | Waladdii | Q/Bulaa | Odeeffannoo waa'ee faaya Tamunii Cam 20/2011 kenne |
| 3 | Abduu Gizawu | Dhi | 57 | Walladdii | Q/Bulaa | Gaammee Wax 2/2011 |
| 4 | Huseen Abdallaa | Dhi | 32 | Qalloo | Daldalaa | Yeroo garayyuu bira deeman,Kennaa garayyuu Caamsaa 12/2011 |
| 5 | Ismaa'el Alii | Dhi | 71 | Qalloo | Q/Bulaa | Gosoota Faayaa Qaama isaan irratti godhatan Wax 13/2011 |
| 6 | Kumaa Araarsaa | Dhi | 33 | 03(kamisee | B/A/T/A/D/C | Nyaataaadaa,Faaya mudhii irratti godhatamu guyyaa Bit 23, Wax 12/2011 |
| 7 | Mohammad Sh/Alii | Dhi | 54 | Siitir | Q/Bulaa | Gunfura.Caamsaa 27/2011 odeeffannoo kennaan |
| 8 | Mohammad Abdulaaziz | Dhi | 67 | Siitir | Q/Bulaa | Waantota Itti fufinsa Meeshaaleefaayadhiirotaafgufuu ta'an.Caamsaa 17/2011 odeeffannoo kenne. |
| 9 | Musxafaa Huseen | Dhi | 56 | Siitir | Q/Bulaa | Yeroo Awwaaniyyoon Taphatamu.Cam 24/2011 |
| 10 | Saayid Goofaree | Dhi | 48 | Waladdii | Poolisii | Haala Kutannaa Dabbasaa dhiirotaa,ilaalchisee |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | odeeffannoo Waxabajjii 25/2011kan kenne |
| 11 | SaayidBirruu | Dhi | 65 | Goljaa | Q/Bulaa | Kophee xumurroo.Cam16/2011 |
| 12 | Siraaj Sh/ Abduu | Dhi | 77 | Goljaa | B/s Amantii | FaayidaaGojobaa,Gosoota uffataafi kophee Wax 12,Cam 8/2011 |
| 13 | Shittuu Birrii | Dhi | 51 | 01(kamisee) | Artistii | Faayamataa,Faaya mormaa,Gojoba,Guyyoota Bit 16,Wax14,12/2011 |
| 14 | Umar Tinaamuu | Dhi | 43 | 01(Kamisee) | Artistii | Seeraqeensaqoraa,Guyyaa gabaadeemuu,Dibatadabbasaa ,Gosootafaayaa, Fayidaa gojobaBit,13,Cam,12,Wax,2, 12/2011. |
| 15 | Xooyib Abduramaan | Dhi | 63 | Shaklaa | Q/Bulaa | Darbannaa.Wax 7/2011 |

Gabatee 1 Ragaa Namoota Afgaaffii Irratti Odeeffannoo Kennuun hirmaatan**.**

**DABALEE C**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOOTAA,**

**JOORNAALIIZIIMIIFI SABQUNNAMTIITTI**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII**

Odeeffannoo walii galaa Meeshaalee Aadaa Faaya dhiirotaa Oromoo Walloo Ilaallatan.

| T/L | Maqaa meeshaa | Tajaajila Isaa | Yeroofi akkataa tajaajilaa | Eessatti akka tajaajilaman | Qaama irratti fayamu | Maalirra akka hojjatamu | Eenyutu akka hojjatu | Boca ykn bifa meeshaa aadaa faaya dhiirotaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Faaqqee | Rifeensa ittiin filachuu | Yeroo hunda | Iddoo gabaa, Iddootapha aadaa laf jalee | Mataa | Muka,Shiboo dibaabee | Ogeessa ogummaa harkaaqabu | Quba harka nama fakkaata |
| 2 | Kuula faaqqee | Miidhagi naaf | Yeroo hunda | Iddoo gabaa, Iddootapha aadaa laf jalee | mataa | Kuula,ykn kirrii | Ogeessa ogummaa harkaa qabu | Qaqal’a halluu diima |
| 3 | Hintee | Gootum maa | Yeroo hunda Yeroo lolaa | Iddoo gabaa, Iddootapha aadaa laf jalee | Adda jala | Eegee fardaa, gommaa Kuula diima | Ogeessa ogummaa harkaa qabu | Qaqal’a halluu diima |
| 4 | Baarudii | Waadaa jaalalaati | Yeroo hunda | Iddoo gabaa, Iddootapha aadaa laf jalee | Morma | Ursaasa qawwee | Ogeessa sibiila tumuu qabu | Xixinnoo shifii |
| 5 | Tamunii | Jaalala ibsa | Yeroo hunda | Iddoo gabaa, Iddootapha aadaa laf jalee | Morma | Callee/dooqa, Saantima h/sillasee | Ogeessa sibiila tumuu qabu | Diimaa,boca diyaamandii |
| 6 | Garfooyye | Kennaa jaalalaa Miidhagi naaf | Yeroo hunda | Iddoo gabaa, Iddootapha aadaa laf jalee | Morma | callee | Ogeessa ogummaa harkaa qabu | Bifa garaa garaa danaa killee kan qabuudha. |
| 7 | Kitaabbo | Akka diinnifi ijji-hin arganne | Yeroo hunda | Iddoo gabaa Iddoo lolaa | Morma | Callee,gogaa | Ogeessa gogaatiin | Bifa adii ,diimaa, gogaa boca rog arfee Qaba |
| 8 | Gojoba | Gootum ma | Darbee darbee | Iddoo gabaa Iddoo lolaa | Mudhii | sibila | Ogeessa sibiila tumuun | Boca haaduufi halluu adii |
| 9 | Cammee | Gootum ma | Yeroo hunda | Iddoo gabaa Iddoo lolaa | Mudhii | Gogaa,kirrii | Ogeessa gogaatiin | Qaqal’aa bifa diimaa |
| 10 | Hirma | Masnafa ittiin hidhachuuf | Yeroo hunda | Darbee darbee | Mudhii | Kirrii jajjabaa | Ogeessa huccuu dhahu | Boca qabattoo halluu keelloofi magariisa qaba |
| 11 | Gurroo | Uffannaaf | Yeroo hunda | Iddoo hundatti | Mudhiiol | huccuu | Ogeessa huccuu dhahu | Akka kittaati |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 12 | Hallisa | Uffannaaf | Darbee darbee | Iddoo kabaja | Mudhiiol | gogaa | Ogeessa gogaatiin | Akka kittaati |
| 13 | Masnafa | Uffannaaf | Yeroo hunda | Iddoo maraa | Mudhiigad | Jirbii | Ogeessa huccuu dhahu | Adii bifa banaadha |
| 14 | Darbannaa | Uffannaaf | Darbee darbee | Iddoo gabaa,Iddootapha aadaa,iddoo lolaa, laf jalee | Ofirra buufama | Jirbii | Ogeessa huccuu dhahu | Adii qal'aa dheeraa |
| 15 | Kophee mukaa | Dirannaa dhaaf | Yeroo salataa,yeroo cidhaa | Iddoo salaataa Iddoo cidhaa | Lukatti | mukarraa | Ogeessa kophee bocu | Kophee fakkaata |
| 16 | Kophee xummurro | Dirannaa dhaaf | Yeroo cidha,yeroo salataa | Iddoo salaataa Iddoo cidhaa | lukatti | Gogaarra | Ogeessa kophee bocu | Kopheedha |
| 17 | Rigaa | Qulqullina ilkaaniif | Darbee darbee | Iddoo taphaa Laf jalee Iddoo gabaa | Ilkaanitti | Mukarra | Abbumatu murata | Muka qaqal'oo bif daalacha qabuudha.muka adee |

Gabatee 2 Ibsa Walii Gala Meeshaalee Faaya Aadaa dhiirota Oromoo Walloo.

**Hub.**Meeshaalee Faaya aadaa armaan olitti ibsaman kunnin wantoonni isaanyeroo bari durii qopheessuuf itti fayyadaman keessaa Birriibisii/ halkoo/fi meeti kan jedhamu yoo ta'an yeroo ammaa garuu sibiloota kan akka Almuniyeemifi irra kan hojjetama jiru tahu isaa haa hubatamu.

**DABALEE D**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOOTAA,**

**JOORNAALIIZIIMIIFI SABQUNNAMTIITTI**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII**

**Ibsaa suuralee Qorannoof ka'anii itti hin fudhatamne**




Suura 1 Shootala kan Qorataan caamsaa 12/2011 kaase



Suura 2 Gojoba kan qorataan caamsa 12/2011 kaase.




Suura 4 Kaartaa G/S/O/Kamisee Caamsaa 17/2011 kan qorataan kaasee.

**DABALEE E**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOOTAA,**

**JOORNAALIIZIIMIIFI SABQUNNAMTIITTI**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII**


**Ibsa Suuralee Qorannoo Keessatti Fudhatamaanii**



Suura 5.Hintee kan qorataan caamsaa 12/2011 kaase.



Suura 6.Faaqqee kan qorataan caamsaa 25/2011 kaase



Suura7. Kitaabboo Kan qorataan Caamsa 9/2011(3.48) kaase



Suura 8. Baarudii kan qorataan Caamsaa 12, 2011 qorataan kaase.

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaan koo armaan gaditti eeramee, Waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kan ta'eefi Yuunvarsiitii kamuu keessatti kan hin hojjetamne ta'uu isaa mallattoo kootiin nan mirkaneessa. Wabileen waraqaa qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadames, hunda isaanii wabii keessatti kaa'uu koo nan beeksisa.

Maqaa qorataa: Bareechaa Tasfaayee Caalaa

Mallatoo________________ Guyyaa_________________

AniDr.Xilaahuun Taliilaa baratan _________________________________ waraqaa qorannaa isaa haala seera qorannaa eegeen qopheessu isaafi Ofittisuu (Denfense) muummeef galchuu danda'u isaa ani gorsaan mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Gorsaa________________________

Mallattoo___________________________

Guyyaa_____________________________